SEERA DEEMSA FALMII YAKKAA

GARA AFAAN OROMOOTTI KAN HIIKE:

OBBOO MUHAAMMADXAYYIB NUUREE

(ABBAA SEERAA MANA MURTII OL'AANAA)

FULBAANA,BARA 2016 A.L.I

OROMIYAA

Mirgi abbeentaa hiikkaa Kitaaba kanaa seeraan eegamaadha.

Hayyama nama Kitaaba kana hiikeetiin ala guutummaanis ta’e,gamisaan maxxansuu fi baay’isanii raabsuun seeraan nama gaafachiisa.

Mootummaa Itiyoophiyaatti Seera Deemsa Falmii Yakkaa Labsii Lakkoofsa 185 Bara 1954 Mana Maxxansaa Biraaninnaa Salaamii Kan Haayilasillaasee 1ffaatti Maxxanfame

Kibaatni kun bara mootummaa mootii Haayilasillaasee 1ffaa Itiyoophiyaa bara aangoo isaa waggaa 32ffaatti maxxanfame,irra deebiin bifa haaraan guuramee bara 1962 A.L.I maxxanfame

Gaazexaa Naggaarixaa ji'a ji'aan maxxanfamu mootummaa Itiyoophiyaatti Ministeera Qalamaan kan dhaabbate

Lakkoofsa Saanduqa Poostaa 137

Addis Ababa

Seera Deemsa Falmii Yakkaa bara 1954 A.L.I

LABSII

Mootii Leencaa Haayila Sillaasee 1ffaa,kan Waaqaan muudame Mootummaa Itiyoophiyaa

Seerri Deemsa Falmii Yakkaa kun aangoo mootummaa hooggansa keenyaatiin akka qophaa'u goonee seeraa fi qajeelfama seeraa Manneen Marii keenya fudhataniif;

Heera mootummaa keenya fooyya'e bu'uura keewwata 34 fi 88 tiin Manni Marii keenya irratti mari'atan ilaallee kan itti aanee jiru labsineerra.

(1) Labsiin kun Labsii Seera Deemsa Falmii Yakkaa 1954A.L.I jedhamee ibsamuu ni danda'a.
(2) Labsiin 1954 A.L.I kun Labsii Seera Deemsa Falmii Yakkaa jildii maxxansa addaa Lakkoofsa 1/1954 A.L.I Gaazeexaa Naggaarixaa irratti maxxanfamee erga jedhe ji'a sadi booda hojiirra kan oolu ta'a.

Tsahaafi Teazaz Akililuu Habte Wald Muummicha Ministeeraa fi Ministeera Qalamaa

Onkolooleessa 23,bara 1954 A.L.I

Addis Ababa

BAAFATA **Fuula**

Tumaalee Jalqabaa----------19

Keewwata 1.Daangaa raawwatiinsaa----------19

‘ 2.Yeroo itti raawwatamu----------19

‘ 3.Hiika jechootaa----------19

KITAABA TOKKOFFAA

Aangoo Manneen Murtii,Waajjira Haqaa fi Poolisii

Boqonnaa Tokko:**Aangoo Manneen Murtii**----------20

Keewwata 4.Waa’ee aangoo dhimma yakkaa ilaallatu----------20

‘ 5.Waa’ee namoota himatamanii----------20

‘ 6.Daangaaaangoo----------20

‘ 7.Aangoo ol’iyyannoo----------20

Boqonnaa Lama:**Waa’ee Waajjira Haqaa fi Poolisii**

Keewwata 8.Aangoo Waajjira Haqaa----------20

‘ 9.Dirqamoota/hojii Poolisii----------20

‘ 10.Poolisii Abbaa Alangaa----------21

KITAABA LAMMAFFAA

Adeemsa Himannoo fi Qorannoo

MATA DUREE I:**Adeemsa Himannoo fi Qorannaan Jalqabamu**

Boqonnaa Tokko

Akkaataa Sirni Deemsaa Himannoo fi Qorannoon Kun Jalqabamu

Kutaa Tokko

Himannaa fi Iyyata Dhiyeessuu

Keewwata 11.Waa'ee himannaa yakkaa akka waliigalaatti----------21

‘ 12.Eeruu kennaan osoo hin beekamin himannaa yakkaa dhiyaatu----------21

‘ 13.Dhimma iyyannoo dhuunfaa dhiyeessuu qofaan nama adabsiisu----------21

‘ 14.Adeemsa himannaa yakkaa yookiin iyyata dhuunfaa dhiyeessuu----------21

‘ 15.Himannaa yakkaa yookiin iyyannoo dhuunfaa nama hin beekamne irratti dhiyaatu-------22

‘ 16.Abbaa aangoo himannaa yakkaa yookaan iyyata dhuunfaa fuudhuuf aangoo qabu--------22

‘ 17.Himannaa yakkaa yookiin iyyata dhuunfaa qaama aangoo hin qabnetti dhiyaate----------22

‘ 18.Himannaa yakkaa sobaa yookiin iyyata dhuunfaa sobaa----------22

Kutaa Lama

Jalqabbii Himannaa Yakka Harkaa fi Harkaa

Keewwata 19.Yakkoota harkaa fi harkaa jedhaman----------22

‘ 20.Haalota walfakkaatoo----------23

‘ 21.Adeemsa himannaa fi qabiinsa yakkoota harkaaf harkaa jalqabamu wal qabatee bu'aa-----23

Boqonnaa Lama

Qorannoo Poolisii

Keewwata 22.Qajeeltoo----------23

‘ 23.Dirqama poolisii qorannoo gaggeessuu----------23

‘ 24.Waa'ee odeeffannoo galmeessuu----------23

‘ 25.Nama himatameef yookiin shakkameef waamicha taasisuu----------23

‘ 26.Waa'ee qabiinsaa----------24

‘ 27.Jecha fuudhuu----------24

‘ 28.Waraqaa wabummaa irratti mallatteessisuun gadi lakkisuu----------24

‘ 29.Himatamaan erga qabameen booda adeemsa raawwatamuu qabu----------24

Keewwata 30.Qorannoo ragaa Poolisiin taasisu----------25

‘ 31.Jecha ragaa akka kennu dirqamsiisuu dhiisuu----------25

‘ 32.Waa’ee sakatta’iinsaa fi qabiinsaa----------25

‘ 33.Ajaja sakatta’iinsaa kennuu----------26

‘ 34.Qorannoo Haakimaa----------26

‘ 35.Aangoo Mana Murtii jecha dubbatamu fi jecha amantaa kennamu galmeessuuf qabu-------26

‘ 36.Galmee qorannoo guyyuu----------27

‘ 37.Gabaasa poolisiin dhiyeessu----------27

‘ 38.Abbaan alangaa akkuma gabaasni qorannoo isa dhaqqabeen wantoota gochuu qabu--------27

‘ 39.Galmee qorannoo poolisii cufuu----------28

Boqonnaa Sadi

Waa’ee Himannaa Dhiheessuu

Keewwata 40.Dirqama himannaa dhiheessuu----------28

‘ 41.Haala Shakkisiisaa----------28

‘ 42.Haalota himannaan hin dhiyaanne----------28

‘ 43.Adeemsa himannaan hin dhiyaatu jedhamu(foormii)----------29

‘ 44.Bu’aa himannaan hin dhiyaatu jedhamu----------29

‘ 45.Foormii iyyannaa dhiyaatuu fi murtii kennamu----------29

‘ 46.Itti gaafatamummaa himataan dhuunfaa qabu----------29

‘ 47.Namoota iyyannoo dhuunfaa dhiyeeffachuuf mirgi eeggameef----------30

‘ 48.Abbaan alangaa hanga himannaa yakkaa hundeessutti himanni iyyannoo dhuunfaan dhiyaate akka dhaabbatu taasisuu----------30

MATA DUREE II:**Qorannoon Hanga Gaggeeffamutti Of Eeggannoo Taasifamu**

Boqonnaa Tokko

Waa'ee Qabiinsaa

Kutaa Tokko:Ajaja Mana Murtii Malee Qabamuu Dhabuu

Keewwata 49.Qajeeltoo----------30

‘ 50.Yakki harkaa fi harkaa yeroo raawwatamu ajaja Mana Murtii malee qabuu----------30

‘ 51.Ajaja Mana Murtii malee poolisiin shakkamaa qabuu danda'u----------30

Kutaa Lama:Ajaja Mana Murtiitiin Qabuu

Keewwata 52.Qajeeltoo----------31

‘ 53.Ajaja qabiinsaa kennuu----------31

‘ 54.Ajajni qabiinsaa yoom akka kennamu----------31

‘ 55.Haalli ariifachiisaan yoo mudatu ajaja qabiinsaa argachuuf gaaffii gaafatamu----------32

Kutaa Sadi:Tumaalee Waliigalaa

Keewwata 56.Haala qabiinsaa----------32

‘ 57.Qabuuf deeggarsi barbaachisaa yeroo ta'u ----------32

‘ 58.Nama qabame harkaan gahuu----------32

‘ 59.Mana turtii(too'annaa jala) turuu----------32

Boqonnaa Lama

Qorannoof Iddoo Mana Turmaataa Tursiisuuf Yeroo Beellama Dabalataa Eeyyamamu

Keewwata 60.Yeroo beellama dabalataa qorannoof ta'u hayyamamu ----------33

‘ 61.Namni iddoo turtii/too'annoo jala jiru abukaatoo dhuunfaa isaa arguuf mirga qaba----------33

‘ 62.Wabii ta'u barbaaduu ----------33

Boqonnaa Sadi

Wabii

Kutaa Tokko

Wabummaa Waraqaa Irratti Mallatteessee Gadi Lakkifamuu

Keewwata 63.Qajeeltoo----------33

‘ 64.Waraqaa wabummaa irratti mallatteessee bahuuf iyyata dhiyeeffatu----------34

‘ 65.Ajaja qabiinsaa Mana Murtiitiin kennamu irratti mirgi wabii eegamu----------34

‘ 66.Shakkamaan/himatamaan iyyata mirga wabiitiin bahuuf iyyate irratti murtii kennamu------34

‘ 67.Mirga wabiitiin akka hin baane dhoorguu----------34

‘ 68.Mirga wabiitiin akka bahu hayyamuu----------34

‘ 69.Hamma wabii murteessuu----------35

‘ 70.Dirqamoota wabii----------35

‘ 71.Hamma turtii dirqama wabii----------35

‘ 72.Waa’ee gadi lakkifamuu----------35

‘ 73.Dogoggora yookiin gowwoomsuu----------35

‘ 74.Waan haaraa----------36

‘ 75.Iyyanni mirga wabii kufaa yoo ta’e Mana Murtii ol’iyyata dhagahutti ol’iyyannoo dhiyeeffachuu----------36

Kutaa Lama

Bu’aa Mirga Wabiitiin Bahuun Hordofsiisu

Keewwata 76.Mana Murtiitti dhiyaachuu dhabuu----------36

‘ 77.Shakkamaan/himatamaan mirga wabiitiin bahe ni bada jedhamee yoo shakkame----------36

‘ 78.Wabummaa irraa kaasuu----------36

‘ 79.Wabummaaf qabame dhaaluu----------37

KITAABA SADAFFAA

Mana Murtii Qorannoo Himannaan Duraa Taasisuu fi Himanni Mana Murtiitti Akka Dhagahamu Gochuu

Keewwata 80.Qajeeltoo----------37

‘ 81.Mana Murtii aangoo qabu----------37

Keewwata 82.Adeemsa raawwatamu----------38

‘ 83.Akkaataa qorannoo himannaan duraa jalqabamu----------38

‘ 84.Ragaa abbaa alangaa fuudhuu----------38

‘ 85.Shakkamaan/himatamaan jecha kennuuf eeyyamaa akka ta’e gaafachuu----------38

‘ 86.Jecha shakkamaan/himatamaan kennu----------38

‘ 87.Ragoota dabalataa----------39

‘ 88.Ragaa galmeessuu----------39

‘ 89.Dhimmichi akka dhagahamu Mana Murtiitiif dhiyaachuu----------39

‘ 90.Waraqaa wabummaa mataa ofii ragoonni irratti mallatteessan----------39

‘ 91.Galmee Kutaa Ofisara Seeraatti ergamu----------39

‘ 92.Ibsa tokkoon tokkoo Galmee keessatti argamu----------39

‘ 93.Shakkamaan/himatamaan iddoo Mana turmaataa akka turu taasifamu----------40

KITAABA AFRAFFAA

Himannaa Mana Murtiitti Dhagahuu

MATA DUREE I

Boqonnaa Tokko

Tumaalee Waliigalaa

Keewwata 94.Sababoota guyyaan beellamaa kennamu----------40

‘ 95.Beellama haaraa fi xayalaa waamichaa----------41

‘ 96.Bu’aa beellamaa----------41

‘ 97.Odeeffannoo Ciraa----------42

‘ 98.Qabiyyee Galmee keessa jiraachuu qaban----------42

Boqonnaa Lama

Iddoo Dhimmichi Dhagahamu

Keewwata 99.Bakka idilee dhimmichi ilaalamu----------43

‘ 100.Iddoo himatamaan gocha yakkaa raawwate yookiin bakka bu’aan yakkaa beekametti himannaa hundeessuu fi dhagahamuu----------43

‘ 101.Yakka tokko waliin walitti hidhata qabaateef qofa gocha akka yakka tokkootti lakkaa’amu iddoo himanni ilaalamu----------43

‘ 102.Bakka yakki raawwatame hin beekamne yoo ta’e,iddoo himanni ilaalamu----------43

‘ 103.Himatamaan karaa deemaa yakka yoo raawwate----------43

‘ 104.Doonii yookiin Xayyaara Itiyoophiyaa irratti bulchiinsa Itoophiyaan alatti yakka raawwatame iddoo dhimmichi ilaalamu----------43

‘ 105.Moggaasuuf Mana Murtii aangoo qabu----------44

‘ 106.Gaaffii dhimmi tokko gara iddoo biraatti darbee akka ilaalamu jedhamee gaafatamu-------44

‘ 107.Abbaan alangaa iddoo dhimmichi ilaalamu qajeelchuu----------44

Boqonnaa Sadi

Waa’ee Iyyata Himannaa

Keewwata 108.Qajeeltoo----------44

‘ 109.Iyyata himannaa qopheessuu,dhiheessuu fi himatamaaf kennuu----------45

‘ 110.Himannaa Mana Murtii aangoo hin qabnetti dogongoraan dhiheessuu----------45

‘ 111.Qabiyyee(gosa) himannaa fi akkaataa(foormii) himannaan qophaa’u----------45

‘ 112.Haala ibsa tarree yakkichaa----------46

‘ 113.Gosti yakkaa raawwatame shakkisiisaa yoo ta’e----------46

‘ 114.Yakkoonni adabbii cimsan yoo raawwataman akkaataa himannaan hundaa’uu fi adeemsa isaa----------46

‘ 115.Nama yakkaan himatame miiltoo yaalii yakkichaa taasisuun yookiin gargaaraa taasisuun

yookaan kakaasuun balleessaa gochuu----------46
Keewwata 116.Himanni tokkoo ol yeroo ta'e----------47
‘ 117.Himannaawwan iddoo tokko dhiyaatu----------47
‘ 118.Bu'aa dogoggoraa----------47
‘ 119.Himannaa jijjiiruu yookiin himannaa irratti dabaluu----------47
‘ 120.Bu'aa himannaa jijjiiruu yookaan himannaa irratti dabaluu hordofsiisu----------48
‘ 121.Ragoota irra deebi'anii waamuu----------48
‘ 122.Himannaa kaasuu----------48

Boqonnaa Afur

Himannaa Dhagahuu Jalqabuu

Kutaa Tokko

Himannaa Irratti Falmii Gaggeessuu

Keewwata 123.Guyyaa himanni dhagahamu murteessuu----------49
‘ 124.Ragootaaf waamicha taasisuu----------49
‘ 125.Ajaja qabiinsaa Manni Murtii kennu----------49
‘ 126.Himannaa dhagahuu jalqabuu----------49
‘ 127.Dhihaatinsa himatamaa----------49
‘ 128.Eenyummaa himatamaa adda baasuu----------50
‘ 129.Himannaa dubbisuu----------50
‘ 130.Himannaa irratti mormii sadarkaa duraa kaasuu----------50
‘ 131.Mormii sadarkaa duraa irratti jala murtii/murtii kennuu----------50
‘ 132.Jecha amantaa fi waakkii gaafachuu----------51
‘ 133.Balleessaa hin qabu jechuun waakkachuu----------51
‘ 134.Jecha amantaa balleessaan qaba jedhamee kannamu----------51

Keewwata 135.Himatamaan jecha amantaa fi waakkii fooyyeessuu----------51

Kutaa Lama

Ragaa fi Murtii

Keewwata 136.Haasa'a baniinsaa taasisuu fi ragoota abbaa alangaatiif waamicha gochuu----------52

- 137.Akkaataa gaaffiileen gaaffii duraa keessatti gaafataman----------52
- 138.Himatamaa balleessaa duraanii----------52
- 139.Gaaffii keessa deebii----------52
- 140.Gaaffii qaxxaamuraa gaafachuu dhabuu----------52
- 141.Abbaan alangaa himannaa isaa yoo hin hubachiifne himatamaa bilisaan gaggeessuu-------53
- 142.Ragaa ittisaa jalqabuu----------53
- 143.Ragoolee dabalataa----------53
- 144.Jechi ragootaa qorannoo himannaan duraa irratti kennan akka ragaatti dhiyaachuu danda'uu----------53
- 145.Yeroo qorannoon gaggeeffamu jechi poolisii biratti kenname akka ragaatti dhiyaachuu danda'uu----------54
- 146.Ragoota irratti mormii kaasuu----------54
- 147.Jecha ragootaa galmee irratti galmeessuu----------54
- 148.Yaada xumuraa kennuu----------54
- 149.Murtii fi adabbii----------54

Boqonnaa Shan

Iyyata himannoo Himataan Dhuunfaa Dhiheessu

Keewwata 150.Iyyannoo dhuunfaa fi himannaa dhiyeessuu----------55

- 151.Falmitoota araarsuuf yaalii taasifamu----------55
- 152.Baasiif wabii taasifamu----------55

Keewwata 153.Falmii dhagahuu fi murtii kennuu----------56

Boqonnaa Jaha

Nama Yakki Irratti Raawwatamee Miidhame

Keewwata 154.Qajeeltoo----------56

- 155.Iyyata haquu/kufaa taasisuu----------56
- 156.Iyyata eeyyamanii fudhachuu----------57
- 157.Namni miidhame himannaa keessaa bahuu----------57
- 158.Himatamaa bilisa gochuu yookiin gadi lakkisuu----------57
- 159.Ajaja beenyaa murteessuun kennamu----------57

MATA DUREE II

Adeemsa Addaa

Boqonnaa Tokko

Himatamaan Yoo Hin Jirre Adeemsa Raawwatamu

Keewwata 160.Qajeeltoo----------58

Kutaa Tokko

Abbaan Alangaa Himannaa Dhiheessee Himatamaan Mana Murtii Osoo Hin Dhiyaatin Yoo Hafe

Keewwata 161.Haala bakka himatamaan hin jirretti dhimmichi ilaalamu----------58

- 162.Waraqaa waamichaa----------59
- 163.Dhimmicha dhagahuu fi murtii kennuu----------59
- 164.Murtii kufaa gochuu/dhimmichi duubatti deebi'amee ilaalamu----------59

Kutaa Lama

Himataan Dhuunfaa Mana Murtii Dhihaachuu Dhabuu

Keewwata 165.Himataan dhuunfaa dhiyaachuu dhabuu----------59

- 166.Himatamaan dhiyaachuu dhabuu----------60

Boqonnaa Lama

Adeemsa Yakka Dambii Darbuu

Keewwata 167.Himatamaaf xalayaa waamichaa erguu----------60

‘ 168.Namni yakka dambii darbuun himatame balleessaa ta’uu isaa barreeffamaan amanuu danda’a----------60

‘ 169.Adeemsaa fi murtii----------60

‘ 170.Himatamaan yakka dambii darbuu raawwatee himatamee Mana Murtii dhiyaate adeemsa dhimmichaa----------60

Boqonnaa Sadi

Adeemsa Himannaa Yakkaa Dargaggoo Gaa’ela Hin Geenye

Keewwata 171.Qajeeltoo----------61

‘ 172.Adeemsa himannaa yakkaa dhiheessuu----------61

‘ 173.Guddisaa nama dargaggoo gaa’ila hin geenyee gara Mana Murtii waamuu----------61

‘ 174.Dargaggoo gaa’ela hin geenye abukaatoo akka argatu taasisuu----------61

‘ 175.Dargaggoo gaa’ila hin geenne kutaa dhaddachaatii akka bahu gochuu----------62

‘ 176.Dhimmicha dhagahuu----------62

‘ 177.Murtii----------62

‘ 178.Ajaja maatii fi guddisaa irratti kennamu----------63

‘ 179.Yeroo tokko tokko iddoo dargaggoo gaa’ela hin geenye guddatu Manni Murtii yoo murteesse maatiin/namoonni itti gaafatamoo ta’an durgoo/baasiidanda’uu----------63

‘ 180.Ajaja dargaggoo gaa’ela hin geenye irratti kenname jijjiiruu yookiin fooyyeessuu----------63

KITAABA SHANAFFAA

Ol’iyyannoo fi Himatamaan Murtii Bakka Inni Hin Jirretti Kenname Diigsisuuf Iyyata Dhiheessu

MATA DUREE TOKKO

Ol'iyyannoo

Keewwata 181.Qajeeltoo----------63

‘ 182.Mana Murtii ol'iyyannoo dhagahuuf aangoo qabu----------64

‘ 183.Iyyannoo dhaddacha mootii Impaayeraa biratti dhiyaatu----------64

‘ 184.Ajaja irratti ol'iyyannoon kan hin jirre ta'uu----------64

‘ 185.Murtii balleessummaa kenname yookiin adabbii irratti ol'iyyannoo gaafachuu----------64

‘ 186.Miidhamaan beenyaa gaafate irratti ol'iyyannoo dhiyeessuu----------65

‘ 187.Ol'iyyannoo beeksisuu fi iyyata ol'iyyannoo----------65

‘ 188.Murtiin akka hin raawwatamne dhoorkuu----------65

‘ 189.Qabiyyee iyyata ol'iyyannoo----------66

‘ 190.Mana Murtii ol'iyyannoo dhagahuuf Galmee iyyata ol'iyyannoo,odeeffannoo fi ciraa ergamu----------66

‘ 191.Yeroon ol'iyyannoo darbeen booda ol'iyyannoo dhiyeessuuf eeyyama argachuuf iyyata dhiyaatu----------66

‘ 192.Dhimmicha dhagahuu----------67

‘ 193.Yeroo ol'iyyannoon dhagahamu falmitoota keessaa gareen tokko osoo hin dhiyaatin yoo hafe----------67

‘ 194.Ragaa dabalataa----------67

‘ 195.Aangoo Mana Murtii Ol'iyyannoo dhagahu----------67

‘ 196.Namoota murtiin irratti kenname keessaa namni tokko ol'iyyannoo yoo dhiyeesse---------68

MATA DUREE LAMA

Murtii Bakka Himatamaan Hin Jirretti Kenname Kuffisuuf Iyyata Dhiyaatu

Keewwata 197.Mana Murtii aangoo qabu----------68

‘ 198.Akkaataa fi yeroo iyyanni dhiyaatu----------68

Keewwata 199.Sababoota iyyata fudhachuuf hayyamamu----------68

‘ 200.Iyyanni yoo dhiyaatu adeemsa raawwatamu----------69

‘ 201.Dhimmicha dhagahuu----------69

‘ 202.Murtii----------69

KITAABA JAHAFFAA

Adabbii Raawwachiisuu

Boqonnaa Tokko

Tumaalee Waliigalaa

Keewwata 203.Qajeeltoo----------69

‘ 204.Nama murtii du’aa irratti kenname ajaja kennamu----------69

‘ 205.Nama murtii bilisummaa dhuunfaa akka dhabuuf kenname ajaja kennamu----------70

‘ 206.Wantoota tokko tokko yeroon adabbii akka darbu gochuu kan danda’amu ta’uu----------70

‘ 207.Nama murtii tumaa/garafuu kenname irratti ajaja kennamu----------70

‘ 208.Namoota yakkichaaf itti gaafatamoo hin taaneef ajaja kennamu----------70

‘ 209.Adabbii maallaqaa galchuu----------70

‘ 210.Akkaataa baasiif kisaaraa fi beenyaan kanfalamu----------71

‘ 211.Qabeenya dhaaluu----------71

‘ 212.Qabeenya qabsiisuu----------71

‘ 213.Dargaggoo gaa’ela hin geenye ilaalchisee ajaja kennamu----------72

‘ 214.Waa’ee hojii dirqamaa,adabbii dabalataa fi of eeggannoo fudhatamu----------72

‘ 215.Ajaja murtii raawwachiisuu galmee keessatti barreessuu----------72

Boqonnaa Lama

Waa’ee Ajajoota Adabbii Kennaman Jijjiiruu

Keewwata 216.Qajeeltoo----------72

Keewwata 217.Adeemsaa fi murtii----------73

Boqonnaa Sadi

Waa'ee Moggaasuu

Keewwata 218.Iyyata moggaafamuuf dhiyeeffatamu----------73

‘ 219.Adeemsaa fi murtii----------74

KITAABA TORBAFFAA

Dhimma Yakkaa Irratti Baasiif Kisaaraa Kanfalamu

Keewwata 220.Himannaa yakkaa abbaan alangaa dhiyeessuuf baasiif kisaaraa----------74

‘ 221.Himannaa iyyannoo dhuunfaaf baasiif kisaaraa----------74

‘ 222.Garee miidhame----------75

KITAABA SADDEETAFFAA

Abbootiin Seeraa Axibiyaa(Iddoo) Aangoo Abbaa Seerummaa Sirna Gabaabaan Ilaalan

Keewwata 223.Aangoo Abbaa Seerummaa----------75

‘ 224.Ol'iyyannoo----------75

Gabatee 1ffaa:Bakka himanni dhagahamu----------77-96

Gabatee 2ffaa:Foormiiwwan himannaa----------97-103

Gabatee 3ffaa:Foormiiwwan----------104-110

SEERA DEEMSA FALMII YAKKAA

Tumaalee Jalqabaa

Keewwata 1.Daangaa raawwatiinsaa.

(1) Tumaan kan biraa faallaa ta'e ifaan tumame yoo jiraate malee,tumaaleen kitaaba seeraa kana keessatti tumaman nama kamiifuu walqixa raawwatiinsa ni qabaata.
(2) Tumaan biraa faallaa ta'e ifaan tumame yoo jiraate malee,tumaaleen kitaaba seeraa kana keessatti tumaman dhimmoota Mana Murtii aangoo qabuuf yookiin Abbaa Alangaatiif yookiin Poolisiif dhiyaatan hunda irratti raawwatiinsa ni qabaata.

Keewwata 2.Yeroo itti raawwatamu.

(1) Tumaaleen kitaaba seeraa kana keessatti tumaman guyyaa hojii irra oolan irraa eegalee dhimmoota jalqabanii fi himannaa falmiirra jiran hunda irratti raawwatiinsa ni qabaata.
(2) Manni Murtii himannaa kamiyyuu dhagahuu jalqabe seera kana keessatti kan hin tuqamne yoo ta'e,Mana Murtii himannaa ilaaluuf aangoo qabu dhimmicha jalqabe sun bu'uura seera kanaatiin xumuruu qaba.

Keewwata 3.Hiika jechootaa.

Seera kana keessatti jechoonni itti aananii jiran akka armaan gaditti ilaalamaniin hiikamaniiru:

'**Mana Murtii'** jechuun Mana Murtii seeraan hundaa'e jechuudha.

'**Seera**' jechuun Labsiiwwan,tumaalee fi ajajoota seerota hordofanii bahan kan dabalateedha.

'**Ministeera**' jechuun Ministeera Haqaa jechuudha.

'**Abbaa Alangaa Waliigalaa fi Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa'** jechuun bu'uura Labsii Abbootii Alangaa Lakk.123 bara 1952 baheetiin muudaman jechuudha.

'**Abbaa Alangaa'** jechuun Abbaa Alangaa bu'uura Labsii Abbootii Alangaa Lakk.123 bara 1952 baheetiin Abbaa Alangaa muudame jechuudha.

'**Kan tumame'** jechuunseera kanaatiin kan tumaman yookiin beeksisoota kutaa seeraa bu'uura seeraatiin bahan jechuudha.

'**Ofisarri Seeraa'** jechuun itti aanaa ofisara seeraa fi gargaaraa isaa yookiin barreessaa Mana murtii dabalatee jechuudha.

'**Ijoollee gaa'ela hin geenye'** jechuun nama umrii waggaa 9 hanga waggaa 15 jidduu ta'e jechuudha.

KITAABA TOKKOFFAA

Aangoo Manneen Murtii,Waajjira Haqaa fi Poolisii

Boqonnaa Tokko:Aangoo Manneen Murtii

Keewwata 4.Waa'ee aangoo dhimma yakkaa ilaallatu.

(1) Manneen Murtiin maqaan isaanii kitaaba kana Gabatee tokkoffaa(First Schedule) naqaa irraan gadee sadaffaa(third column) irratti ibsaman yakkoota naqaa irraan gadee tokkoffaa fi lammaffaa jalatti caqafaman ofitti fuudhanii ilaaluu fi adabbii seeraan ajajame murteessuuf aangoo qabu.
(2) Ministeerri ajaja Gaazeexaa Naggaarixaatiin bahan gabatee tokkoffaa jijjiiruuf yookiin fooyyeessuuf ni danda'a.

Keewwata 5.Waa'ee namoota himatamanii.

(1) Akka seera adaba yakkaa keewwata 53 jalatti tumametti ijoollee gaa'ila hin geenye umrii waggaa 9 hanga waggaa 15 ta'an nama gaa'ila gahe waliin yakkaan yoo himatame dhimmichi wajjiin ilaalamuu hin danda'u.
(2) Yakka aangoo Mana Murtii Waraanaatiin kan ilaalamu yoo ta'e malee,miseensi waraanaa fi namni siivilii bakka tokko himatamuu danda'u.

Keewwata 6.Daangaa aangoo.

Manneen Murtii bu'uura keewwata 99-107 jalatti ibsameen daangaa aangoo kennameef aangoo abbaa seerummaa ni qabaatu.

Keewwata 7.Aangoo ol'iyyannoo.

Manneen Murtii bu'uura keewwata 182 jalatti ibsameen ol'iyyannoo ilaaluuf aangoo ni qabaatu.

Boqonnaa Lama:Waa'ee Waajjira Haqaa fi Poolisii

Keewwata 8.Aangoo Waajjira Haqaa.

(1) Abbaa Alangaa Waliigalaa,Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa fi Abbootiin Alangaa hojiiwwan kitaaba seeraa kanaan kennaman raawwachuuf itti gaafatamummaa qabu.
(2) Waajjirri Haqaa yeroo hojii isaa raawwatu ajaja barbaachisaa ta'ee fi qajeelfamapoolisiif kennuu,fi poolisoonni dirqama isaaniif kenname akkaataa seeraatiin raawwachuu mirkaneessuu qabu.

Keewwata 9.Dirqamoota/hojii Poolisii.

Poolisiin bu'uura seera kanaatiin:

a) Nageenya eeguu fi yakki akka hin raawwatamne ittisuu;

b) Yakka raawwatame qoratee baasuu;
c) Yakkamtoota qabuu;fi
d) Miseensi poolisii Abbaa Alangaa ta'ee yoo muudame wanta yakkaa ol'aantummaa seeraa kabachiisuun Waajjira Haqaa deeggaruu qabu.

Keewwata 10.Poolisii Abbaa Alangaa

Miseensi PoolisiiAbbaa Alangaa ta'ee yoo muudame ajajaWaajjira Haqaa ni fudhata/ni raawwata.

KITAABA LAMMAFFAA

Adeemsa Himannoo fi Qorannoo

MATA DUREE I:Adeemsa Himannoo fi Qorannaan Jalqabamu

Boqonnaa Tokko

Akkaataa Sirni Deemsaa Himannoo fi Qorannoon Kun Jalqabamu

Kutaa Tokko

Himannaa fi Iyyata Dhiyeessuu

Keewwata 11.Waa'ee himannaa yakkaa akka waliigalaatti.

(1) Namni kamiyyuu yakki kamiyyuu yeroo raawwatamu arge yookiin kan hin argine yoo ta'es,himanni yakkaa akka dhiyaatu yakkicha beeksisuuf mirga qaba.
(2) Namni kamiyyuu seera adaba yakkaa keessatti bu'uura Lakkoofsa 267,344 fi 438 jalatti ibsaman yakkoota akkanaa raawwataman beeksisuuf dirqama qaba.

Keewwata 12.Eeruu kennaan osoo hin beekamin himannaa yakkaa dhiyaatu.

Eeruu kennaa osoo hin beekamne yakki raawwatame jedhamee dhiyaate seera cimaa kan cabse ta'uu ibsu ta'ee yakki raawwatameef haala naannootiin kan deeggaramee fi kan amanamu fakkaatee kan argame yoo ta'e,bu'uura keewwata 22 fi itti aananii jiraniin dhugaa baasuuf yookiin himannaa dhiyaate mirkaneessuuf poolisiin aangoo qabu dhimmicha ni qorata.

Keewwata 13.Dhimma iyyannoo dhuunfaa dhiyeessuu qofaan nama adabsiisu.

Miidhamaan yookiin namoonni miidhamaa irraa mirga argatan yakkoota iyyannoo dhuunfaa dhiyeessuu qofaan bu'uura seeraatiin himachiisanii fi adabsiisan yoo ta'an seera adaba yakkaa keessatti tumaalee keewwata 217-222 fi 721 caqafaman raawwatamoo ni ta'u.

Keewwata 14.Adeemsa himannaa yakkaa yookiin iyyata dhuunfaa dhiyeessuu

(1) Himanni yakkaa kamiyyuu(keewwanni 11) yookiin iyyannoon dhuunfaa(keewwanni 13) namni dhiyaateef barreeffamaan erga fudhateen booda nama iyyata himannaa dhiyeesseef dubbifameefi guyyaa barreessee mallatteessuu qaba.
(2) Akkaataa seera adaba yakkaa keewwata 219 ibsameen himannaa yakkaa yookiin iyyannoo dhuunfaa kan dhiyeessan namoota baay'ee yoo ta'an,hundi isaanii himannaa yakkaa yookiin iyyannoo dhuunfaa irratti mallatteessuu qabu.

Keewwata 15.Himannaa yakkaa yookiin iyyannoo dhuunfaa nama hin beekamne irratti dhiyaatu.

Himannaa yakkaa yookiin iyyannoo dhuunfaa namni dhiyeesse yakkamaa adda baasee beekuu hin dandeenye yoo ta'e,yakkamaa adda baasanii beeksisan mallattoolee adda addaa ibsa gahaa waliin kennuu qaba.

Keewwata 16.Abbaa aangoo himannaa yakkaa yookaan iyyata dhuunfaa fuudhuuf mirga/aangoo qabu.

(1) Himanni yakkaa kamiyyuu(keewwanni 11) yookiin iyyannoon dhuunfaa(keewwanni 13) poolisiif yookiin abbaa alangaatiif dhiyaachuu danda'a.Himanni yakkaa yookiin iyyanni dhuunfaa ijoollee gaa'ela hin geenye irratti dhiyaatu bu'uura 172 tiin dhihaachuu qaba.
(2) Himanni yakkaa yookiin iyyannoon dhuunfaa abbaa alangaatiif yoo dhiyaate bu'uura tumaalee 22 fi itti aananii jiraniitiin yakki jedhame akka qoratamu abbaan alangaa poolisii aangoo qabuuf dabarsuu qaba.

Keewwata 17.Himannaa yakkaa yookiin iyyata dhuunfaa qaama aangoo hin qabnetti dhiyaate.

Himanni yakkaa yookiin iyyannoon dhuunfaa poolisiif yookiin abbaa alangaatiif dhiyaachuu hafee nama tokkoof yookiin abbaa aangoo biraatiif yookiin dhimmicha kana fuudhuuf poolisii aangoo hin qabnetti yookiin abbaa alangaa aangoo hin qabnetti kan dhiyaate yoo ta'e,namni sun,abbaan aangoo yookiin abbaan alangaa osoo hin turin dafee dhimma himannaa yakkaa yookiin iyyannoo dhuunfaa kana qaama ilaallatu poolisii aangoo qabuuf yookiin abbaa alangaatiif erguu qaba.

Keewwata 18.Himannaa yakkaa sobaa yookiin iyyata dhuunfaa sobaa.

Namni kamiyyuu himannaa yakkaa sobaa yookiin iyyata dhuunfaa sobaa dhiyeesse bu'uura seera adaba yakkaa keewwata 441 fi 580 tiin adabama.

Kutaa Lama

Jalqabbii Himannaa Yakka Harkaa fi Harkaa

Keewwata 19.Yakkoota harkaa fi harkaa jedhaman.

(1) Yakki tokko yakka harkaa fi harkaati kan jedhamu raawwataan yakkaa yakka yeroo hojjatu yoo qabame yookiin yakka hojjachuuf osoo yaalu yookiin hojii yakkaa akkuma raawwateen battalumatti kan qabame yoo ta'eedha.

(2) Raawwataan yakkaa hojii yakkaa raawwateen booda battalumatti osoo dheessu ragoonni yookiin ummanni hordofaa yoo qabe yookiin iyyi aariin guutame dhagahama yoo ta'e yakkichi yakka harkaaf harkaa fakkaatutti lakkaa'ama.

Keewwata 20.Haalota walfakkaataa.

Yakki tokko yakka harkaa fi harkaati jedhamee akkaataa keewwata 19 tiin tuquun kan danda'amu:

a) Iddoo yakki raawwatame battalumatti poolisiin kan waamame yoo ta'e yookiin
b) Yakka yeroo raawwatu yookiin akkuma yakka raawwateen iddoo yakki raawwatame irratti iyyi nu dhaqqabaa kan dhagahamu yoo ta'eedha.

Keewwata 21.Adeemsa himannaa fi qabiinsa yakkoota harkaaf harkaa jalqabamu wal qabatee bu'aa isaa.

(1) Yakkoota keewwata 19 fi 20 jalatti ibsaman yakki iyyannoon dhuunfaa utuu hin dhiyaatin himannaa hundeessuun kan hin danda'amne yoo ta'e malee,himannaa yakkaa yookiin iyyannoo dhuunfaa dhiyeessuu osoo barbaachisin himannaa dhiyeessuun ni danda'ama.
(2) Haalli akkanaa yeroo mudate ajajni qabiinsaa Mana Murtii osoo hin jiraatin bu'uura keewwata 49 fi itti aananii jiraniitiin yakkamaa qabuun ni danda'ama.

Boqonnaa Lama

Qorannoo Poolisii

Keewwata 22.Qajeeltoo.

(1) Poolisiin yakki raawwatamuu yoo beeke yookiin shakkiin yoo hubate hunda bu'uura tumaalee boqonnaa kana keessatti ibsamaniin qorannoo ni taasisa.
(2) Yakka ijoollee gaa'ela hin geenne raawwatan qorannoon ajaja Mana Murtiitiin bu'uura keewwata 172(2) tiin raawwatamuu qaba.

Keewwata 23.Dirqama poolisii qorannoo gaggeessuu.

Qorataan poolisii himannaa yakkaa dhiyaate yookiin iyyannoo dhuunfaa yookiin odeeffannoo shakkisiisaadha jedhee yoo yaades qorataan poolisii bu'uura tumaalee boqonnaa kana keessatti ibsamaniin qorannoo raawwachuuf dirqama qaba.

Keewwata 24.Waa'ee odeeffannoo galmeessuu.

Himannaa yakkaa isaaf dhiyaate yookiin iyyannoo dhuunfaa keewwata 14 jalatti caqafaman erga galmeesseen booda qorataan poolisii wantoota yakka ilaallatan hunda guyyaa,bara,maqaa raawwataa yakkichaa yookiin waraqaa eenyummaa,maqaa fi teessoo ragoota ijoo,akkasumas ragaa biraa argamu hunda nama himannaa yakkaa yookiin iyyannoo dhuunfaa dhiyeesse gaafatee galmeessuu qaba.

Keewwata 25.Nama himatameef yookiin shakkameef waamicha taasisuu

Namni tokko yakka raawwateera jedhee sababa haalota argaman hundaan yoo amane qorataan poolisii namni jedhame sun isa biratti dhiyaatee akka gaafatamu ajaja poolisii biratti akka dhiyaattu jedhu bifa barreeffamaatiin waamuu ni danda'a.

Keewwata 26.Waa'ee qabiinsaa.

(1) Namni himatame yookiin shakkame kan hin qabamne yoo ta'ee fi yakkichi bu'uura seeraatiin kan ajaju yoo ta'e yookiin bu'uura keewwata 25 tiin namni waamame kan hin dhiyaanne yoo ta'e,akka qabamu qorataan poolisii of eeggannoo barbaachisaa ta'an hunda gochuu qaba.
(2) Ajajni qabiinsaa Mana Murtiitii utuu hin kennamin namicha qabuun kan hin danda'amne yoo ta'e,qorataan poolisii bu'uura keewwata 53 jalatti ibsameen ajajni qabiinsaa akka kennamu Mana Murtichaa gaafachuu ni danda'a.

Keewwata 27.Jecha fuudhuu.

(1) Namni kamiyyuu bu'uura keewwata 25 tiin akka dhiyaatuuf waamame yookiin bu'uura keewwata 26,50 yookiin 51 tiin qabamee dhiyaate eenyummaa fi teessoon erga qulqullaa'een booda himannaa yakkaa yookiin iyyannoo dhuunfaa isarratti dhiyaate jecha akka kennu ni gaafatama.
(2) Namichi deebii akka kennu dirqamsiisuun hin danda'amu.Garuu,deebii kennuu fedhii isaatiin bilisaan kennuuf mirga akka qabuu fi jechi fedhiin kenname kamiyyuu akka ragaatti dhiyaachuu danda'u ta'uu poolisiin gaafatu sun gaafatamaa(shakkamaa) tti himuu qaba.
(3) Jechi kenname kamiyyuu galmaa'uu qaba.
(4) Namni qabame jecha kennu sun Afaan galmaa'u sirriitti kan hin galleef yoo ta'e,hiiktuu Afaanii dandeettii qabu ni ramadamaafi.Namni Afaan hiiku gaaffii gaafatamee fi deebii kenname sirrii ta'uu ni mirkaneessa.

Keewwata 28.Waraqaa wabummaa irratti mallatteessisuun gadi lakkisuu.

(1) Yakki raawwatame yookiin iyyatame hidhaa cimaan yookiin kana fakkaatuun adabbii biraatiin kan hin adabsiisne yoo ta'e yookiin yakki raawwatame ta'uu yookiin himatamaa akka dhiyaatuuf waamame yookiin qabameen yakki iyyatame raawwatamuu shakkisiisaa yoo ta'e,himatamaan wabii mataa ofii qarshii qabsiisuu fi waraqaa yookiin dabalataan qarshii kanaaf wabii ta'u waamuu fi waraqaa mallatteessisuun iddoo,guyyaa fi sa'aatii jedhametti akka dhiyaatu murteessuun qorataan poolisii himatamaa gadi lakkisuu ni danda'a.
(2) Himatamaan bu'uura keewwata kanaatiin wabii mataa ofiitiin yoo gadi hin lakkifamne,bu'uura keewwata 64 tiin mirga wabii Mana Murtiitti gaafachuu ni danda'a.

Keewwata 29.Himatamaan erga qabameen booda adeemsa raawwatamuu qabu.

(1) Himatamaan poolisaan yoo qabame yookiin bu'uura keewwata 58 jalatti ibsameen nama dhuunfaa biraatiin qabamee poolisiif kan kenname yoo ta'e,guyyaa qabame irraa kaasee yeroo sa'aatii 48 hin caalle keessatti yookiin haalota iddoo itti argamuu fi hamma qunnamtii miidiyaa

mijatuun(hayyamuun) ariitii danda'ameen poolisiin nama qabame sana Mana Murtii baay'ee dhihoo ta'e biratti dhiyeessuu qaba.Nama qabame Mana Murtii geessuuf yeroo deemsa irratti fudhatu yaada keessa hin galu.

(2) Manni Murtii himatamaan isaan biratti dhiyaate bu'uura keewwata 59 tiin ajaja barbaachisaa ta'ee mul'ate kamiyyuu kennuu ni danda'a.

Keewwata 30.Qorannoo ragaa Poolisiin taasisu.

(1) Barbaachisaa ta'ee yoo argame qorataan poolisii waa'ee yakka raawwatame yookiin yakka hojjatame ilaalchisee ragaa rogummaa qabu kamiiyyuu nama ragaa akkanaa kennuu danda'u kamiyyuu waamee qorachuu ni danda'a.
(2) Namni dhiyaate gaaffiilee isaaf dhiyaate hunda deebii dhugaa kennuu qaba.Gaaffii gaafatameef deebii kennuun yakkaan isa himachiisuu danda'u yoo ta'e deebii hin kennu jechuu danda'a.
(3) Jechi namichi kennu kamiiyyuu galmaa'uu qaba.

Keewwata 31.Jecha ragaa akka kennu dirqamsiisuu dhiisuu.

(1) Poolisiin yookiin namni aangoo qabu jecha ragummaa yeroo fuudhu gaafatamaa dirqamsiisuu yookiin waadaa galuu/amansiisuu yookiin akka dirqamu gochuu jecha bal'aa kennuun hojii humnaa,sodaachisuu yookiin kanneen biroo tooftaa seeraan ala ta'an raawwachuun yookiin gochuun yookiin fayyadamuu hin danda'u.
(2) Namni gaafatamu sun dhimma qorannoo ilaallatu eeyyamamaa,fedhii isaatiin dubbachuuf qophaa'aa ta'ee jecha akka kennu yookiin jechi akka galmaa'u yoo gaafatamu poolisiin yookiin namni biraa kamiyyuu tooftaa kamiiyyuu gochuun dhoorkuu yookiin daangeessuu hin danda'u.

Keewwata 32.Waa'ee sakatta'iinsaa fi qabiinsaa.

Qorataan poolisii kamiyyuu yookiin miseensi poolisii bu'uura armaan gaditti ibsame kanaan Mana namaa sakatta'uu yookiin meeshaa qabuu ni danda'a:

(1) Dhimma yakkaa himatame yookiin yakka raawwateera jedhamee shakkame wanta ragaa rogummaa kan qabu namummaa/qaama isaatti dhokseera jedhu sababni gahaa yoo jiraate malee nama qabame sakatta'uun hin danda'amu.Sakatta'iinsi kan taasifamu nama qabame waliin saala walfakkaataa nama qabuunidha.
(2) Qorataan poolisii kamiyyuu yookiin miseensi poolisii gosa ajaja sakatta'iinsaa Mana Murtiitiin kenname gabatee sadaffaatti ibsame yoo qabaate malee Mana sakatta'uu hin danda'u.Yoo ta'es,ajaja sakatta'iinsaa osoo hin qabatin sakatta'iinsi kan hayyamamu:

a) Yakkamaa harkaaf harkaa hordofaa fi Mana keessa osoo galu yookiin waan gocha yakkaa raawwate Mana keessa kan kaa'e yoo ta'e yookiin
b) Yakka waggaa sadi ol adabsiisuu danda'u bu'uura kitaaba kana keewwata 14 tiin himannaa yakkaa yookiin iyyannoo dhuunfaa dhiyaate yakka jedhameef wanta ragaa ta'u,waan gochi yakkaa raawwatame iddoo tokko dhokfame yookiin kan kaa'ame ta'uu bu'uura qorataa poolisiif yookiin

miseensa poolisiif itti himameen sababa maluun shakkisiisaa yoo ta'ee fi ajaja sakatta'iinsaa hanga fudhatu wanti yakki raawwatame jedhame bakka jiru irraa ni fudhatama jedhamee sababa gahaan kan amaname yoo ta'eedha.

Keewwata 33.Ajaja sakatta'iinsaa kennuu.

(1) Manni Murtii kamiyyuu ajaja sakatta'iinsaa kennuu ni danda'a.Manni Murtichaa kaayyoo haqaatiif yookiin qorannoo kamiiyyuu yookiin himannaa dhagahuuf yookiin bu'uura kitaaba seeraa kanaatiin adeemsa biraa ajajicha kennuuf fayyadu ta'uu yoo hubate malee ajaja sakatta'iinsaa kennuu hin danda'u.
(2) Ajajni sakatta'iinsaa kamiiyyuu waan sakatta'amuu fi meeshaa qabamu ibsuu qaba.Ajaja sakatta'iinsaa keessatti waan ibsameen alatti qorataan poolisii yookiin miseensi poolisii meeshaa biraa qabuu hin danda'u.
(3) Qorataan poolisii yookiin miseensi poolisii yeroo meeshaa qabu meeshaa qabe sana ibsa gahaa waliin galmeessuu qaba.Yoo danda'ame nama dhimmicha irraa bilisa ta'een ibsi meeshaa(list of the property) dhugaa fi sirrii ta'uu akka mirkaneessuu fi akka irratti mallatteessu gochuun barbaachisaadha.Odeeffannoon meeshaa qabame(exhibit) himannaa dhagahuuf barbaachisaa ta'e Mana Murtichaatiif hanga kennamutti iddoo gaarii of eeggannoo qabutti kaa'amuu qaba.Meeshaan hin barbaachisne kamiyyuu garuu nagahee fudhachuun nama meeshichi irraa fudhatameef kan deebi'u ta'a.
(4) Qorataan poolisii yookiin miseensi poolisii yeroo sakatta'iinsa taasisu humna barbaachisaa raawwachuuf danda'u qofa akkasumas Mana keessa seenuuf kan dhoorgame yoo ta'e humna malu fayyadamee seenuu ni danda'a.
(5) Addatti Mana Murtiitiin yoo ajajame malee sakatta'iinsikan taasifamu ganama sa'aatii kudha lama irraa jalqabee hanga galgala sa'aatii kudha lamaa qofattiidha.

Keewwata 34.Qorannoo Haakimaa.

(1) Seera hariiroo hawaasaa keewwata 20 jalatti tumame yoo jiraates,qorataan poolisii yookiin miseensi poolisii himatamaan yakka ittiin himatame ilaalee himatamaan haakimaan qoratamuun barbaachisaa ta'uu yoo hubate haakimni eeyyama qabu qorannoo akka taasisuu fi qorannoo yookiin bu'aa isaa haakimichi barreeffamaan akka beeksisu ajajuu ni danda'a.Qorannoon keewwata kana jalatti ibsame dhiiga fuudhanii qorachuus ni dabalata.
(2) Qorataan poolisii hayyama nama yakki irratti raawwatameen yookiin miidhamaan dandeettii kan hin qabne yoo ta'e maatii yookiin guddisaa waliin walii galuun yeroo qorannoon yakkaa taasifamu qorannoon haakimaa kan barbaachisu fakkaatee yoo mul'ate haakimni qorannoo yaalaa taasisuuf hayyama qabu qorannoo yaalaa akka taasisu ajajuu ni danda'a.Bu'aa qorannoo yaalaas haakimichi barreeffamaan akka kennu gochuu qaba.

Keewwata 35.Aangoo Mana Murtii jecha dubbatamu fi jecha amantaa kennamu galmeessuuf qabu.

(1) Manni Murtii kamiyyuu adeemsa qorannoo himannaan duraa yookiin yakkicha himannaa dhagahuu jalqabuun dura jecha dubbatamu fi jecha amantaa kennamu kamiyyuu yeroo kamuu galmeessuuf danda'a.
(2) Manni Murtii nama jecha fi jecha amantaa kenne osoo hin gaafatinii fi fedhii isaatiin eeyyamamaa ta'ee bilisaan jecha kennuu osoo hin mirkaneeffatin jecha kenname yookiin jecha amantaa kenname galmeessuu hin danda'u.Haala kanaan gaafachuu fi mirkaneeffachuus galmee irratti barreessuu qaba.
(3) Manni Murtichaa jecha kenname yookiin jecha amantaa osoo hin hir'isin guutuun isaa barreeffama galmaa'a.Barreeffamichis jecha yookiin jecha amantaa nama kenneef dubbifameefi booda irratti mallatteessa.Guyyaallee ni barreessa.Jecha kenname irratti pirezidaantiin Mana Murtichaas ni mallatteessa.
(4) Himannaa kan qoratu yookiin himannaa kan dhagahu Mana Murtii biraa yeroo ta'e,Mana Murtii sanattii fi Abbaa Alangaatiif garagalchi Galmee ergamuu qaba.

Keewwata 36.Galmee qorannoo guyyuu.

(1) Bu'uura Boqonnaa kana keessatti ibsameen poolisiin qorannaa gaggeessu kamiyyuu adeemsa qorannoo guyyaa guyyaan taasifamu akkaataa armaan gaditti ibsameen galmee qorannaa guyyuu keessa:
    a) Guyyaa qorannoon jalqabamee fi raawwatame;
    b) Tarkaanfii yeroo qorannaan gaggeeffamu fudhatame kamiyyuu;
    c) Haalota qorannoon argame;
    d) Gosoota ragaa sassaabame hunda ibsuu qaba.
(2) Akkasumas ajaja Mana Murtii yookiin abbaa alangaa tokko yeroo qorannoo ergameefi fudhate kamiyyuu galmee qorannoo guyyuu kana keessatti barreessuu qaba.

Keewwata 37.Gabaasa poolisiin dhiyeessu.

1) Bu'uura Boqonnaa kana keessatti caqafameetiin yeroo qorannoon poolisii kamiyyuu barbaachisu osoo hin turin raawwatamuu qaba.
2) Qorannoon akkuma xumurameen battalumatti poolisiin qorannoo gaggeesse akkaataa itti aanee ibsameetiin gabaasa tokko Abbaa Alangaatiif erguu qaba:

a) Maqaa falmitootaa;
b) Waa'ee gosa iyyannoo dhiyaatee fi maqaa namoota haala dhimmichaa ni beeku jedhaman;
c) Gosa ragootaa sassaabaman.

(3) Akkasumas gabaasichi eegumsa taasifame yookiin waan kanaan addaa godhame hunda ibsuu qaba.

Keewwata 38.Abbaan alangaa akkuma gabaasni qorannoo isa dhaqqabeen wantoota gochuu qabu.

Bu'uura keewwata 37 tiin gabaasni poolisii abbaa alangaatiif dhaqqabee abbaan alangaa:

a) Bu'uura keewwata 109-122 tiin himannaa qopheessee himatamaa irratti himannaa dhiyeessuu; yookiin
b) Bu'uura keewwata 80-93 tiin dhimmicha irratti qorannoon himannaan duraa akka gaggeeffamu ajajuu; yookiin
c) Qorannoon ragaa dabalataa akka gaggeeffamu ajajuu; yookiin
d) Bu'uura keewwata 42 tiin dhimmichi hin himachiisu jechuu ni danda'a.

Keewwata 39.Galmee qorannoo poolisii cufuu.

(1) Abbaan alangaa galmee qorannoo poolisii kan cufu:
a) Himatamaan yoo du'e;yookiin
b) Himatamaan nama umrii waggaa sagal gadii yoo ta'e;yookiin
c) Seera idil addunyaa(diplomatic immunity) tiin himatamaan kan hin himatamne yoo ta'e yookiin mirgi seeraan kan kennameef waan ta'eef seera addaa kamiyyuutiin kan hin himachiifne yoo ta'eedha.

(2) Bu'uura keewwata kanaatiin himanni yoo cufame tumaalee 43-45jiran raawwatamoo hin ta'an.
(3) Himanni yoo cufame abbaan alangaa garagalcha murtii cufe abbaa alangaa waliigalaatiif,namni iyyannoo dhuunfaa dhiyeeffate yoo jiraates fi poolisii qorannoo gaggeesseef erguu qaba.

Boqonnaa Sadi

Waa'ee Himannaa Dhiheessuu

Keewwata 40.Dirqama himannaa dhiheessuu.

(1) Abbaan alangaa himatamaa irratti himannaa dhiyeessuuf sababni gahaan jiraachuu yoo hubate keewwata 42 jalatti ibsame akkuma eegametti ta'ee,bu'uura tumaalee Boqonnaa kana keessatti ibsameetiin himannaa dhiyeessuu qaba.
(2) Bu'uura keewwata 172 jalatti ibsameetiin Manni Murtii yoo ajaje malee ijoollee gaa'ila hin geenye irratti abbaan alangaa himannaa dhiyeessuu hin danda'u.

Keewwata 41.Haala Shakkisiisaa.

Himannaa dhiyeessuuf haalli shakkisiisaa yeroo mudatu,abbaan alangaa qajeelfamni akka kennamuuf dhimmicha abbaa alangaa waliigalaatiif ni dabarsa.

Keewwata 42.Haalota himannaan hin dhiyaanne.

(1) Himannaa dhiyeessuun kan hin danda'amne:
a) Balleessaa gochuuf odeeffannoon/ragaa gahaa ta'e kan hin jirre ta'uu abbaan alangaa yoo hubate;yookiin

b) Nama himatame argachuuf kan hin danda'amne yookiin bakka inni hin jirretti himanni ilaalamuu kan hin dandeenye yoo ta'e;yookiin
c) Himannaa dhiyeessuuf darbiinsa yerootiin kan daanga'e yookiin yakki raawwatame baraarsaan yookiin labsiin dhiifamaa godhameefi yoo ta'e;yookiin
d) Ministeerri faayidaa ummataatiif jecha himanni akka hin dhiyaanne jedhee ajaja mallatteessee abbaa alangaa kan ajaje yoo ta'eedha.

(2) Kanniin armaan olitti ibsameen ala abbaan alangaa haala biraa kamiiniyyuu himannaa hin dhiyeessu jechuu hin danda'u.
(3) Abbaan alangaa waa'ee dhimma dantaa mootummaa himannaa akka dhiyeessu Ministerri yoo ajaje himannaa ni dhiyeessa.

Keewwata 43.Adeemsa himannaan hin dhiyaatu jedhamu(foormii).

(1) Bu'uura keewwata 42 tiin murtiin himanni hin dhiyaatu jedhame barreeffamaan ta'uu fi sababa himanni hin dhiyaatu jedhameef ibsamuu qaba.
(2) Garagalchi murtii kanaas akkaataa keewwata 47 jalatti ibsameen nama maluu fi poolisii qorannoo gaggeesseef erguu qaba.

Keewwata 44.Bu'aa himannaan hin dhiyaatu jedhamu.

(1) Iyyannoo dhuunfaa dhiyeessuu qofaan yakka adabsiisu bu'uura keewwata 42(1)(a) tiin abbaan alangaa murtii himanni hin dhiyaatu jedhee kan kenne yoo ta'e,akkaataa keewwata 47 jalatti caqafameen nama maluuf himannaa dhuunfaa akka dhiyeessu barreeffamaan ni eeyyamaafi.Garagalchi murtii kanaas Mana Murtii himannaa ofitti fuudhee ilaaluuf aangoo qabutti ergamuu qaba.
(2) Iyyannoo dhuunfaa dhiyeessuun osoo hin barbaachisin yakka adabsiisu bu'uura keewwata 42(1)(a) jalatti ibsameen abbaan alangaa himanni hin dhiyaatu jedhee murtii kenne yoo ta'e,akkaataa keewwata 47 jalatti caqafameen namni maluuf yeroo murtii abbaa alangaa fudhate irraa kaasee guyyoota soddoma keessatti abbaan alangaa himannaa akka dhiyeessu ajajni akka kennamu gaafachuuf ni danda'a.

Keewwata 45.Foormii iyyannaa dhiyaatuu fi murtii kennamu.

(1) Himanni dhiyaatee osoo jiraate Manni Murtii aangoo qabu dhimmicha ofitti fuudhee ilaalee murtii kenneera osoo ta'e,Mana Murtii ol'iyyannoo dhagahuuf ol'iyyannoo dhiyeessuuf ture bu'uura keewwata 44(2) tiin iyyannoo dhiyeessuu qaba.
(2) Manni Murtichaa bu'uura keewwata 42(1)(a) tiin abbaan alangaa himanni akka hin dhiyaanne jedhee murtii kennee fi sababa erga madaaleen booda murtii abbaan alangaa kenne cimsuu yookiin himanni akka dhiyaatu ajajuu ni danda'a.

Keewwata 46.Itti gaafatamummaa himataan dhuunfaa qabu.

Bu'uura keewwata 44(1) tiin himata dhuunfaa akka dhiyeessuuf himataan dhuunfaa hayyamameef kan falmu itti gaafatamummaa mataa ofii isaa fi kisaaraa isaatiini.

Keewwata 47.Namoota iyyannoo dhuunfaa dhiyeeffachuuf mirgi eeggameef.

Namoota armaan gaditti ibsaman yoo ta'an malee namni kamiyyuu himata dhuunfaa dhiyeessuu hin danda'an:

a) Nama miidhame yookiin bakka bu'aan seeraa isaa;yookiin
b) Abbaan manaa haadha manaa isaatiif yookiin haati manaa abbaa manaa isheetiif;yookiin
c) Nama dandeettii hin qabneef bakka bu'aa seeraa;yookiin
d) Bakka bu'aan Waldaa seeraan mirgi namummaa kennameef.

Keewwata 48.Abbaan alangaa hanga himannaa yakkaa hundeessutti himanni iyyannoo dhuunfaan dhiyaate akka dhaabbatu taasisuu.

Yakka himata dhuunfaa dhiyaate caalaa yakki ol ka'aa/cimaan raawwatamuu ragaa himataan dhuunfaa dhiyeesse ibse yoo ta'e;abbaan alangaa himannaa haaraa hanga dhiyeessutti himannaan dhuunfaa akka dhaabbatu Mana Murtichaa gaafachuu ni danda'a.Bu'uuruma kanaan Manni Murtii himannicha dhaabuu qaba.

MATA DUREE II:**Qorannoon Hanga Gaggeeffamutti Of Eeggannoo Taasifamu**

Boqonnaa Tokko

Waa'ee Qabiinsaa

Kutaa Tokko:Ajaja Mana Murtii Malee Qabamuu Dhabuu

Keewwata 49.Qajeeltoo.

Tumaan faallaa biraa ifa ta'e yoo jiraate malee,nama kamiyyuu yoo ta'e ajaja Mana Murtii malee,qabamuu yookiin ajaja Mana Murtii malee too'annaa jala akka turu gochuun hin danda'amu.Ajaja qabiinsaa Mana Murtii malee nama qabuun bu'uura haalota kutaa kana keessatti ibsamaniin qofaadha.

Keewwata 50.Yakki harkaa fi harkaa yeroo raawwatamu ajaja Mana Murtii malee qabuu.

Namni kamiyyuu yookiin miseensi poolisii bu'uura kitaaba kana keewwata 19 fi 20 ibsamaniin yakka harkaaf harkaa hidhaa salphaa ji'a sadi gadi hin taaneen adabsiisu yoo raawwatame ajaja Mana Murtii malee raawwataa yakkichaa qabuu ni danda'a.

Keewwata 51.Ajaja Mana Murtii malee poolisiin shakkamaa qabuu danda'u.

1) Miseensi poolisii kamiyyuu ajaja Mana Murtii malee nama kamiyyuu qabuu/too'achuu kan danda'u:

a) Nama yakka hidhaa waggaa tokko gadi hin taaneen adabsiisu raawwachuuf qophaa'e ta'uu yookiin nama yakkicha raawwateera jedhee sababa gahaan shakke;
b) Nama nageenya ummataa booreessuu irratti argamu;
c) Miseensi poolisii yeroo dirqama hojii isaa raawwatutti nama faallaa agarsiisuun kan dhoorke/danqe yookiin nama seeraan hidhame jalaa miliqe yookiin miliquuf yaalu;
d) Nama eegumsa/too'annoo poolisii jalaa miliqu yookiin miliqee deeme ta'uu sababa gahaan shakke;
e) Waraana/Raayyaa Ittisa Biyyaa irraa yookiin humna poolisii irraa nama ganee deeme ta'uu sababa gahaan shakke;
f) Meeshaa Manaa seerri hin eeyyamne qabatee argame yookiin kaayyoo hojii tokkootiif ala nama meeshaa Mana cabsuu danda'u qabatee argame;
g) Meeshaa seerri hin hayyamne meeshaa hatame qabatee argame ta'uu sababa gahaan kan shakku ta'ee yookiin gama biraatiin nama yakka raawwachuun meeshaa argate qabatee argame;
h) Seera adaba yakkaa keewwata 471 jalatti ibsameen hojii hiiktummaa balaafamaa/kashalabbee beekamaata'uu sababa gahaan nama shakke.

2) Aanga'oota hojjattoota mootummaa ajaja Mana Murtii malee nama qabuuf aangoo seera biraa addaatiin isaaniif kenname akkuma eegamettiidha.

Kutaa Lama:Ajaja Mana Murtiitiin Qabuu.

Keewwata 52.Qajeeltoo.

1) Namichi qabamuun dura ajajni qabiinsaa Mana Murtii akka kennamu seerri kan eeyyamu yoo ta'u,tumaaleen kan itti aanii jiran raawwatamoo ni ta'u.
2) Ajajni qabiinsaa Manni Murtii kennu gosa ajajaa seera kana Gabatee sadaffaa jalatti qophaa'e ta'uu qaba.
3) Ajajni qabiinsaa Mana Murtichaa hanga raawwatamu yookiin Manni Murtii ajajicha kenne hangahaqamutti,Abbaan Seeraa ajajicha kenne yoo du'es,hojii yoo gadi lakkises yookiin yoo jijjiirames ajajni jedhame gatii kan qabu ta'ee tura.

Keewwata 53.Ajaja qabiinsaa kennuu.

(1) Qorataan poolisii kamiyyuu gaaffii yeroo dhiyeessu Mana Murtii kamiyyuu yoo ta'e ajaja qabiinsaa ni kenna.Ajajni qabiinsaa kan kennamesun gara teessoo ajajaa poolisii bulchiinsa muummee kennametti dhaqqabuu qaba.
(2) Ajajni qabiinsaa guyyaa fi sa'aatii kamiyyuu kennamuu ni danda'a.
(3) Namni akka qabamu ajajni karaa Mana Murtiitiin kenname bulchiinsa mootii mootummaa iddoo kamiyyuu,miseensa poolisii kamiyyuutiin raawwatamuu qaba.

Keewwata 54.Ajajni qabiinsaa yoom akka kennamu.

Nama gara Mana Murtii dhiyeessuuf karaa biraatiin kan hin danda'amne yeroo ta'ee fi dhiyaachuun gonkumaa barbaachisaa yoo ta'e ajani qabiinsaa ni kennama.

Keewwata 55.Haalli ariifachiisaan yoo mudatu ajaja qabiinsaa argachuuf gaaffii gaafatamu.

(1) Haalli ariifachiisaan yeroo mudatu qorataan poolisii bilbilaan yookiin telegiraamaan ajajni qabiinsaa akka kennamuuf gaafachuu ni danda'a.
(2) Haalli akkanaa mudachuu iyyata Mana Murtiitiif sa'aatii 24 keessatti barreeffamaan mirkaneessuu qaba.

Kutaa Sadi:Tumaalee Waliigalaa

Keewwata 56.Haala qabiinsaa.

(1) Poolisiin nama qabu eenyummaa(namni qabamu isa ta'uu) dursee mirkaneessuu qaba.
(2) Ajajni qabiinsaa Mana Murtii irraa kennameera yoo ta'e,poolisiin akka qabuuf ajajame nama qabuuf dubbisuufi qaba.Namni qabamu sun ajajicha kan gaafate yoo ta'e mul'isuufi qaba.
(3) Nama qabamu sana jechaan yookiin harka kennuun akka qabamu kan walii hin galle yoo ta'e,poolisichi namicha tuquun yookiin harkaan qabuun too'annoo jala oolchuu ni danda'a.
(4) Namni qabamu sun hin qabamu jedhee humnaan yoo ittise yookiin miliquuf kan yaale yoo ta'e,poolisiin haalli hayyamuun tooftaa madaalawaa hunda fayyadamee nama sana qabuu ni danda'a.
(5) Tumaan keewwata kanaa ajaja qabiinsaa Manni Murtii yaada mataa ofiitiin kennu(bench warrant) irrattis raawwatiinsa qaba.

Keewwata 57.Qabuuf deeggarsi barbaachisaa yeroo ta'u.

Nama kamiyyuu yoo ta'e ajaja qabiinsaa Mana Murtiitiin yookiin ajaja qabiinsaa Mana Murtii malee nama qabuuf poolisiin deeggarsa yoo gaafate isa irratti balaan kan hin dhaqqabne yoo ta'e(seera adaba yakkaa keewwata 761) deeggarsa kennuuf dirqama qaba.

Keewwata 58.Nama qabame harkaan gahuu.

(1) Nama qabame sana yeroo kan barbaachisu ol osoo hin turin namni isa qabe Waajjira Poolisii dhihoo jirutti battalumatti harkaan gahuu qaba.
(2) Namni shakkamaa sana qabe shakkamaan yakka osoo raawwatu kan arge yoo ta'e bu'uura keewwata 30 jalatti ibsameetiin jechas kennuu qaba.

Keewwata 59.Mana turtii(too'annaa jala)turuu.

(1) Bu'uura keewwata 29 jalatti ibsameen namni qabamee Mana Murtii yoo dhiyaate,Manni Murtichaa namni sun/shakkamaan too'annaa jala akka turu yookiin waraqaa wabii mallatteessee wabiin too'annaa jalaa akka bahu jedhee murteessuu qaba.

(2) Poolisiin qorannoo kan hin xumurre yoo ta'e,qorataan poolisii yeroon qorannoo gaggeessuuf ta'u yeroon beellamaa gahaan akka kennamu shakkamaan too'annaa jala akka turu Mana Murtii gaafachuu danda'a.
(3) Shakkamaan too'annaa jala akka turuuf yeroon beellama dabalataa kennamu barreeffamaan ta'uu qaba.Yeroon beellamaa tokkoon tokkoon kennamu guyyaa kudha afur(14) caaluu hin danda'u.

Boqonnaa Lama

Qorannoof Iddoo Mana Turmaataa Tursiisuuf Yeroo Beellama Dabalataa Eeyyamamu

Keewwata 60.Yeroo beellama dabalataa qorannoof ta'u hayyamamu.

Namni qabame kamiyyuu Mana hidhaa keessatti akkaataa/haalota seerri tumeetiin too'annaa jala tura.

Keewwata 61.Namni iddoo turtii/too'annoo jala jiru abukaatoo dhuunfaa isaa arguuf mirga qaba.

Namni qabame yookiin namni qorannoof too'annaa jala jiru kamiyyuu abukaatoo waamsifatee waliin dubbachuuf/mari'achuufni hayyamamaaf.Akkasumas barreeffachuuf meeshaa fayyadamu kan gaafate yoo ta'e ni kennamaaf.

Keewwata 62.Wabii ta'u barbaaduu.

Namni qabamee too'annaa jala jiru kamiyyuu mirga wabiitiin kan bahu yoo ta'e,wabii barbaadatee akka argatuuf deeggarsi ni godhamaafi.

Boqonnaa Sadi

Wabii

Kutaa Tokko

Wabummaa Waraqaa Irratti Mallattaa'u

Keewwata 63.Qajeeltoo.

(1) Namni qabamee too'annaa jala jiru kamiyyuu yakki ittiin himatame adabbii du'aatiin hin adabsiisne yoo ta'e;yookiin hidhaa cimaa waggaa 15 yookiin isaa ol kan hin adabsiisne yoo ta'ee;fi miidhamaan sababa miidhaa kanaan kan hin duune yookiin du'uu kan hin dandeenne yoo ta'e;waraqaa wabummaa irratti mallatteessisee mirga wabiitiin gadi lakkisuu danda'a.
(2) Waraqaa wabummaa wabiin yookiin wabii malee mallatteessisuun namni gadi lakkifamu yeroo barbaadamu deebi'ee akka dhiyaatu kan taasisu wabii gahaa ta'uu Manni Murtii yoo hubate malee,nama qabamee too'annaa jala jiru waraqaa wabummaa irratti mallatteessisuun gadi lakkisuun hin danda'amu.
(3) Tumaan seeraa kun jiraatus keewwata 67 jalatti tumame akkuma eegamettiidha.

Keewwata 64.Waraqaa wabummaa irratti mallatteessee bahuuf iyyata dhiyeeffatu.

(1) Yeroo kamiyyuu yoo ta'es namni too'annaa jala jiru mirga wabiitiin akka gadi lakkifamuuf gaafachuu ni danda'a.
(2) Iyyata barreeffamaan taasisee irratti mallatteessuu qaba.Sababa iyyata dhiyeeffateef gabaabsee ibsuu fi haala wabii dhiyeeffachuu danda'u caqasuu qaba.
(3) Iyyata mirga wabiitiin akka gadi lakkifamuuf dhiyeeffate Manni Murtii kamiyyuu hayyamuu ni danda'a.

Keewwata 65.Ajaja qabiinsaa Mana Murtiitiin kennamu irratti mirgi wabii eegamu.

1. Manni Murtii kamiyyuu ajaja qabiinsaa yeroo kennu,waraqaa ajaja qabiinsaa irratti bu'uura wabummaa Manni Murtichaa ajajeen namni qabame kan raawwate yoo ta'e,ajaja qabiinsaa akka raawwachiisuuf poolisii ajajame waraqaa wabummaa irratti erga mallatteessiseen booda namni qabame sun too'annaa jalaa gadi lakkifamuu qaba jedhee ajajuu ni danda'a.
2. Waraqaa ajajni kenname irratti barraa'uu kan qabu:
    a) Hamma qarshii wabii fi wabii namootaa,yoo jiraatan;
    b) Guyyaa namni gadi lakkifamu sun Mana Murtii dhiyaachuu qabu ibsuu qabu.
3. Ajaja qabiinsaa irratti bu'uura keewwata kanaatiin dirqama waraqaa wabummaa erga raawwateen booda poolisiin ajaja qabiinsaa akka raawwachiisuuf ajajame nama qabame too'annaa jalaa gadi lakkisuu fi waraqaa wabummaa Mana Murtiitiif kennuu qaba.

Keewwata 66.Shakkamaan/himatamaan iyyata mirga wabiitiin bahuuf iyyate irratti murtii kennamu.

Manni Murtii kamiyyuu iyyanni mirga wabii yoo dhiyaate osoo hin turin ilaaluu qaba.Dhimma kana irratti abbaan alangaa yookiin yoo inni hin jirre ta'e qorataan poolisii yaada akka kennu ni gaafata.Murtiis sa'aatii afurtamii saddeet(48) hin caalle keessatti kennuu qaba.

Keewwata 67.Mirga wabiitiin akka hin baane dhoorguu.

Iyyataan/shakkamaan mirga wabiitiin akka gadi lakkifamu jedhee iyyata dhiyeeffate hayyamuun kan hin danda'amne:

a) Iyyataan dirqamoota waraqaa wabummaa irratti ibsaman kan hin raawwanne ta'uu yoo hubatame;
b) Iyyataan wabiin yoo bahe yakka biroo raawwata jedhamee yoo tilmaamame;
c) Ragoolee bituudhaan(sossobuudhaan) yookiin waan isaan mirkaneessan ragaan akka badu godha jedhamee yoo amanameedha.

Keewwata 68.Mirga wabiitiin akka bahu hayyamuu.

Manni Murtichaa iyyataan mirga wabiitiin too'annaa jalaa akka gadi lakkifamu yoo eeyyame,namni qabame/iyyataan dirqamoota waraqaa wabummaa keessatti dhiyeeffachuu qaban ni murteessa.

Keewwata 69.Hamma wabii murteessuu.

(1) Manni murtichaa filannoo wabii waamuu fi hamma qarshii kan itti fakkaate ni murteessa.
(2) Manni Murtichaas dhimma kana yeroo murteessu:
    a) Ulfaatina himannaa yakkichaa;
    b) Himatamaan gara Mana Murtii kan dhiyaatu ta'uu;
    c) Himatamaan yoo gadi lakkifame balaa nageenya ummataa irratti hordofsiisu;
    d) Qabeenya himatamaa fi wabii dhiyaatan qaban madaaluu qaba.
(3) Murtii mirga wabii hayyamuu yookiin hayyamuu dhabuu(kufaa taasisuun) kennamu barreeffamaan ta'ee sababeeffamee ibsamuu qaba.

Keewwata 70.Dirqamoota wabii.

(1) Waraqaan wabummaa tumaa faallaa ifa ta'e yoo qabaate malee,adeemsi himannaa ilaaluu jalqabamee himannaa dhagahuu yeroo yeroon kan beellamamu yoo ta'e,yeroo fi iddoo kamiyyuu guyyaa beellamaa wabiin dirqama wabummaaf gale himatamaa wabiin too'annaa jalaa gadi lakkifame gara Mana Murtii dhiyeessuuf dirqama qaba.
(2) Murtiin keewwata 77 fi 78 jalatti ibsaman akkuma eegamanittiidha.
(3) Wabiin yoo du'e dirqamni wabummaa hafaa(kufaa) ta'a.Qabsiisoota kennanis warra isaa ta'aniif mirga dhuunfaa qabaniif deebi'uu qaba.Himatamaan mirga wabiitiin bahes wabii biraa haaraa akka waamu ni ajajama.

Keewwata 71.Hamma turtii dirqama wabii.

(1) Waraqaan wabummaa foormii kitaaba kana Gabatee sadaffaa jalatti ibsameen ta'uu qaba.
(2) Waraqaan wabummaa yeroo Manni Murtii murteesseen gatii kan qabu ta'ee tura.Garuu,Manni Murtichaa yeroo gara yerootti dheereessuu ni danda'a.
(3) Himatamaan waraqaa wabummaan gadi lakkifame irratti himannaan dhiyaate yoo dhiifame(kaafame),Manni Murtichaa waraqaan wabummaa akka hafu ni taasisa.

Keewwata 72.Waa'ee gadi lakkifamuu.

Himatamaan mirga wabii dhiyeeffateen booda/waraqaa wabummaa mallattaa'ee,adeemsootni biroo(foormaalitiiwwan) hunduu akkuma xumurameen too'annaa jalaa gadi lakkifamuu qaba.

Keewwata 73.Dogoggora yookiin gowwoomsuu.

(1) Dogoggoraan yookiin gowwoomsuun yookiin sababa gocha bifa biraa kamiyyuutiin wabii gahaa kan hin taane kan argame yoo ta'e,Manni Murtichaa himatamaa wabiin too'annaa jalaa bahe akka qabamuuf ajaja kennuu ni danda'a.Himatamaan jedhame yoo dhiyaate wabii gahaa akka kennu Manni Murtichaa ni ajaja.
(2) Hiamtamaan qabame yoo dide yookiin gochuu kan hin dandeenye yoo ta'e irra deebi'ee too'annaa jala akka turu Manni Murtii ajajuu qaba.

Keewwata 74.Waan haaraa.

Mirga wabiitiin akka gadi lakkifamu murtii yeroo kennamu,wanti haaraa hin ibsamne kan argame yoo ta'e,Manni Murtichaa yeroo kamiyyuu yoo ta'e aangooqabuun kaka'umsa mataa ofiitiin yookiin iyyata abbaa dhimmaa kamiyyuutiin himatamaan haalota(dirqamoota) wabiidhaan gadi lakkifame irra deebi'ee ilaalee himatamaan gadi lakkifame wabii haaraa akka dhiyeeffatu yookiin Mana hidhaa keessa too'annaa jala akka turu ajajuu ni danda'a.

Keewwata 75.Iyyanni mirga wabii kufaa yoo ta'e Mana Murtii ol'iyyata dhagahutti ol'iyyannoo dhiyeeffachuu.

(1) Iyyata gaaffii mirga wabii dhiyaate Manni Murtichaa osoo hin fudhatin yoo hafe/kufaa yoo taasise,himatamaan mirgi wabii akka eegamuuf bu'uura keewwata 182(1) jalatti ibsameetiin guyyoota 20(digama) keessatti Mana Murtii ol'iyyata dhagahutti ol'iyyannoo dhiyeeffachuu ni danda'a.Iyyata ol'iyyannoo irratti sababa mirga wabiitiin gadi lakkifamuuf gabaabsee ibsee iyyachuu qaba.
(2) Manni Murtii ol'iyyata dhagahu ol'iyyannoo erga qorateen booda kufaa gochuu yookiin bu'uura dirqama murteessuun mirga wabiitiin gadi lakkisuu danda'a.Bu'uura keewwata kanaatiin murtii Manni Murtii ol'iyyannoo dhagahu kenne irratti ol'iyyannoon hin jiru.

Kutaa Lama

Bu'aa Mirga Wabiitiin Bahuun Hordofsiisu

Keewwata 76.Mana Murtiitti dhiyaachuu dhabuu.

(1) Himatamaan mirga wabiitiin gadi lakkifame guyyaa beellamaa osoo hin dhiyaatin yoo hafe,himatamaan qabamee akka dhiyaatuuf Manni Murtii ajaja qabiinsaa ni kenna.
(2) Wabiin isaanii Mana Murtiitti waamamanii dhiyaatanii dirqama wabummaa galan sababa mootummaaf galii hin taaneef yoo qabaatan hubachiisuu qabu.
(3) Haalonni waraqaa wabummaa irratti jedhaman hayyamuun Manni Murtichaa ajaja kennuu ni danda'a.

Keewwata 77.Shakkamaan/himatamaan mirga wabiitiin bahe ni bada jedhamee yoo shakkame.

(1) Wabiin gama isaaniitiin himatamaan ni bada jedhanii yeroo shakkan,kanuma Mana Murtiitti ibsuun iyyatanii dirqamni wabummaa akka irraa ka'an gaafachuu ni danda'u.
(2) Manni Murtichaas himatamaan qabamee akka dhiyaatu ajajee himatamaan erga qabameen booda wabii irraa dirqama wabummaa ni kaasa.

Keewwata 78.Wabummaa irraa kaasuu.

(1) Wabiin yeroo kamiyyuu himatamaa gadi lakkifame Mana Murtii wabiin gadi lakkisetti yeroo dhiyeessan,Manni Murtichaa dirqama wabummaa isaanii ni kaasa.
(2) Yeroo kamiyyuu wabiin dirqamni wabummaa hunduu akka irraa ka'u yookiin wabii namoota baay'ee keessaa dirqamni wabummaa akka irraa bu'u Mana Murtii mirga wabii eege gaafachuu ni danda'u.Bu'uuruma kanaan Manni Murtichaa himatamaa too'annaa jalaa gadi lakkifamee ture akka qabamu ajaja kennuu qaba.Himatamaan yeroo dhiyaatu dirqama wabummaa hunda yookiin dirqamni wabummaa akka irraa ka'u iyyatame qofa akka irraa ka'u ni taasisa.
(3) Bu'uura keewwata armaan olitti muraa(1) fi (2) jalatti ibsameen himatamaan wabii biroo gahaa akka dhiyeeffatu ni taasifama.Kana gochuu yoo hin dandeenye yookiin hayyamamaa yoo hin taane Mana hidhaa keessa akka turu ni ajajama.

Keewwata 79.Wabummaaf qabame dhaaluu.

Himatamaan dirqama waraqaa wabummaa irratti ibsame kan hin raawwanne yoo ta'e;dirqamni wabummaa(qarshii) himatamaan yookiin wabiin galan sababa hin dhaalamneef yoo hin hubachiisne,qarshiin dirqama wabummaaf galame mootummaaf galii ni ta'a.

KITAABA SADAFFAA

Mana Murtii Qorannoo Himannaan Duraa Taasisuu fi Himanni Mana Murtiitti Akka Dhagahamu Gochuu

Keewwata 80.Qajeeltoo.

(1) Namni kamiyyuu seera adaba yakkaa keewwata 522 jalatti tumame(ajjeechaa namaa cimaa) yookiin keewwata 637 jalatti tumame(yakka wanbadummaa cimaa) raawwachuutiin himatame bu'uura kitaaba kana keessatti ibsameen Manni Murtii qorannoo himannaan duraa taasisu akka qulqulleessu dhiyaachuu qaba.
    Yoo ta'es,Manni Murtii Ol'aanaa dhimmicha battalumatti ilaaluu qaba jedheeabbaan alangaa yaada yoo dhiyeesse Manni Murtii Ol'aanaa yoo hubate,Manni Murtichaa dhimmichi qorannoo himannaa duraatiif dhihaachuu hin qabu jedhee murteessuuf tumaan keewwata kanaa hin dangeessu.
(2) Namni kamiyyuu yakka biraa Mana Murtii Ol'aanaa qofaan ilaalamuun yoo himatame,bu'uura keewwata 38(b) tiin abbaan alangaa yoo ajaje malee,Manni Murtii qorannoo himannaan duraa taasisu akka qulqulleessu dhiyaachuu hin qabu.
(3) Tumaaleen kitaaba kanaa yakkoota ijoollee gaa'ila hin geenyeen raawwataman aangoo Mana Murtii Ol'aanaa ta'an irratti raawwatiinsa hin qaban.
    Hubachiisa:keewwatni 80(3) kun tumaa hiikkaa(version) Afaan Ingiliffaa keessatti tumame malee Afaan Amaariffaa keessa hin jiru.

Keewwata 81.Mana Murtii aangoo qabu.

Keewwattoota 99 hanga 107 tti ibsaman akkuma eegametti ta'ee,Manni Murtii aangoo tooraa naannoo yakki raawwatame qabu qorannoo himannaan duraa gaggeessuuqaba.

Keewwata 82.Adeemsa raawwatamu.

(1) Qorannoon himannaan duraa hunduu bu'uura keewwattoota itti aananii jiraniitiin raawwatamuu qaba.
(2) Haala keewwata 94 jalatti ibsameen beellamni kennamuu ni danda'a.

Keewwata 83.Akkaataa qorannoo himannaan duraa jalqabamu.

(1) Bu'uura keewwata 80(2) jalatti tumameen abbaan alangaa dhimmichi Mana Murtii qorannoo himannaan duraa taasisu biratti dhiyaachuuf barbaachisu ta'uu yoo murteesse,garagalcha murtii Mana Murtii aangoon qabuu fi yeroo barbaachisaa ta'ettis abbaa alangaa Mana Murtii sana bira jirutti ni erga.
(2) Manni Murtii guyyaa qorannoo himannaan duraa taasisu murteessee ragoota abbaa alangaa himannaaf ragaa ta'an akka dhiyaatan xalayaan waamichaa ni ergama.
(3) Abbaan alangaa Mana Murtii qorannoo himannaan duraa taasisu bira jiru waa'ee falmii himannaa hordofee ni gaggeessa.

Keewwata 84.Ragaa abbaa alangaa fuudhuu.

Himatamaan yoo dhiyaate yookiin akka dhiyaatu taasifameen booda,Manni Murtichaa abbaan alangaa dhimmicha akka jalqabuu fi ragoota isaa akka waamu ni taasisa.

Keewwata 85.Shakkamaan/himatamaan jecha kennuuf eeyyamaa akka ta'e gaafachuu.

(1) Ragoonni abbaa alangaa yoo dhagahamanii fi jechi isaanii erga galmaa'een booda,himatamaan himannaa irratti deebii jecha kennuuf eeyyamamaa ta'uu Manni Murtichaa ni gaafata.
(2) Manni Murtii qorannoo himannaa duraa taasisu himannaa idilee kan hin falmisiisnee fi balleessummaa himatamaa yookiin bilisa ta'uu Mana Murtii qorannoo himannaan duraa taasisu osoo hin taane,Manni Murtii Ol'aanaa kan murteessu ta'uu himatamaaf ni hima.
(3) Jecha kennuuf kan hin dirqamamne ta'uu fi jechi fedhii isaatiin bilisaan kenne garuu barreeffamaan ta'ee dhimmichi yeroo dhagahamu akka ragaatti kan dhiyaatu ta'uu himatamaaf ni himama.

Keewwata 86.Jecha shakkamaan/himatamaan kennu.

(1) Himatamaan jecha kennuuf kan hin filanne yoo ta'e,dhimmicha akka dhagahu Mana Murtii Ol'aanaa ni dhiyaata.
(2) Himatamaan jecha kennuu kan filate yoo ta'e,jechi isaa barreeffamee himatamaaf dubbifamee himatamaa fi Manni Murtii erga mallatteesseen booda galmee keessatti ni taa'a.

Keewwata 87.Ragoota dabalataa.

Jechi ragummaa murtii haqaa kennuuf barbaachisaa ta'ee yoo mul'ate,ragoota abbaan alangaa hin lakkoofne,Manni Murtichaa yeroo kamiyyuu waamuu fi jecha ragaa fuudhuu ni danda'a.

Keewwata 88.Ragaa galmeessuu.

Bu'uura keewwata 147 jalatti ibsameen ragaan galmaa'uu qaba.Akkasumas,tokkoon tokkoon ragaa jechi isaanii waraqaa adda addaa irratti barraa'uu qaba.

Keewwata 89.Dhimmichi akka dhagahamu Mana Murtiitiif dhiyaachuu.

(1) Himatamaan jecha yoo kenne,jechi inni kenne galmee irratti barraa'een booda,Manni Murtii qorannoo himannaan duraa taasisu dhimmicha qulqulleessee himannaa yookiin himannaawwan osoo adda hin baasin himatamaan Mana Murtii Ol'aanaa akka dhiyaatuu fi dhimmichi akka dhagahamu ni taasisa.
(2) Himannaan yookiin himannaawwan kun bu'uura seera kana keewwata 109-122 jalatti ibsamaniin himannaa abbaan alangaa qopheessu keessatti ibsamuu qaba.
(3) Kanaan booda ragoota himatamaan waamuu barbaadu ibsa teessoo isaanii waliin akka dhiyeeffatu Manni Murtii ni ajaja.

Keewwata 90.Waraqaa wabummaa mataa ofii ragoonni irratti mallatteessan.

(1) Manni Murtii qorannoo himannaan duraa taasise ragoota ragaa bahan hundi guyyaa waamaman Mana Murtii kanatti akka dhiyaatan waraqaa wabummaa mataa ofii ni mallatteessisa.
(2) Ragaan kamiyyuu yeroo waraqaa wabummaa mataa ofii hin mallatteessu jedhe hanga Manni Murtii himannaa ilaalutti yookiin nan dhiyaadha jedhee waraqaa wabummaa irratti hanga mallatteessutti mana hidhaa too'annaa jala akka turu gochuu ni danda'a.

Keewwata 91.Galmee Kutaa Ofisara Seeraatti ergamu.

(1) Dhimmichi Mana Murtii Ol'aanaatti akka ilaalamuuf himatamaan yeroo ergamu,Galmee haadhoo fi odeeffannoo Mana Murtii dhiyaate kamiyyuu kutaa ofisara seeraa Mana Murtii Ol'aanaatti ni ergama.Baay'ina irraa kan ka'een yookiin sababa biraatiin galmee kutaa ofisara seeraa Mana Murtii Ol'aanaatti erguun rakkisaa yoo ta'e odeeffannoon kamiyyuu harka poolisii turuu ni danda'a.
(2) Odeeffannoowwan poolisii harka turee fi kutaa ofisara seeraa Mana Murtii Ol'aanaatti ergaman kan ibsan Galmee waliin ni ergama.
(3) Ofisarri seeraa Mana Murtii Ol'aanaa Galmee Mana Murtii qorannoo himannaa duraa taasisu irraa dhiyaate garagalcha godhee abbaa alangaa fi himatamaaf kennuuf itti gaafatamummaa qaba.

Keewwata 92.Ibsa tokkoon tokkoo Galmee keessatti argamu.

(1) Galmeen ibsoota armaan gaditti caqafaman qabaachuu qaba:
    a) Lakkoofsa Galmee himannaa;
    b) Guyyaa yakki raawwatame;
    c) Himanni dhiyaateera yoo ta'e guyyaa dhiyaate;
    d) Namni himannaa iyyate(accuser) yoo jiraate,maqaa fi teessoo;
    e) Kan beekame yoo ta'e maqaa,hojii,umrii fi lammummaa himatamaa;
    f) Yakka himannaa irratti ibsameef rogummaa qaba yoo ta'e tilmaama qabeenya yakki irratti raawwatame fi haala addaa nama yakki irratti raawwatamee;
    g) Guyyaa himatamaan akka qabamuuf ajaja Mana Murtii irraa kenname yoo jiraate yookiin guyyaa jalqaba himatamaan qabame;
    h) Himatamaan guyyaa yeroo jalqabaa Mana Murtii dhiyaate;
    i) Maqaa abbaa alangaa fi barbaachisaa yoo ta'e maqaa abukaatoo himatamaa;
    j) Beellamni kennameera yoo ta'e guyyaa fi sababa beellamni kennamee;
    k) Guyyaa qorannoo himannaan duraa raawwatamee;
    l) Mana Murtii qorannoo himannaan duraa taasisutti jecha kenname kamiyyuu,jecha himatamaan kenne dabalatee;
    m) Ibsa ragoota ittisaa.
(2) Garagalcha Galmee abbaa alangaa fi himatamaaf ergamu irrattis ibsoonni akkanaa argamuu qabu.

Keewwata 93.Shakkamaan/himatamaan iddoo Mana turmaataa akka turu taasifamu.

Tumaaleen kitaaba kana mirga wabiitiin gadi lakkifamuu ilaallatan akkuma eegametti ta'ee,Manni Murtii qorannoo himannaan duraa taasise himanni hanga Mana Murtii Ol'aanaatti ilaalamutti himatamaan too'annaa jala akka turu ajajuu ni danda'a.

KITAABA AFRAFFAA

Himannaa Mana Murtiitti Dhagahuu

MATA DUREE I

Boqonnaa Tokko

Tumaalee Waliigalaa

Keewwata 94.Sababoota guyyaan beellamaa kennamu.

(1) Abbaan alangaa yookiin himatamaan yeroo iyyatu yookiin Manni Murtii kaka'umsa mataa ofiitiin murtii haqaa kennuuf kan gargaaru yoo ta'e himanni yoo dhagahamu yeroo kamiyyuu beellama kennuu ni danda'a.
(2) Keessattuu sababoota armaan gaditti ibsamaniitiin yoo ta'e malee beellama kennuun hin danda'amu:

a) Abbaan alangaa,himataan dhuunfaa yookiin himatamaan sababa gahaa malee osoo hin dhiyaatin yoo hafan;yookiin
b) Ragoonni abbaa alangaa yookiin ittisaa yoo hin dhiyaanne;yookiin
c) Dhimma Mana Murtii Ol'aanaatti murtaa'u qorannoon himannaan duraa hin taasifamne ta'ee abbaa alangaatiif yeroon qorannoo kan barbaachisu yoo ta'e;yookiin
d) Ragaa dabalataa dhiyeessuun barbaachisaa yoo ta'e;yookiin
e) Abbaan alangaa yookiin himatamaan ragaa dhiyaatu dursee tilmaamuu kan hin dandeenye yookiin kan dhiyaatu ta'uu kan hin yaadne ragaan haaraa akka tasaa yoo dhiyaate;yookiin
f) Himanni yoo jijjiirame yookiin yoo dabalame abbaan alangaa yookiin himatamaan himannaa yookiin ittisa irra deebi'ee madaaluuf yeroon kan barbaachisu yoo ta'e;yookiin
g) Himatamaaf himannaan yookiin garagalchi galmee qorannoo himannaan duraa yoo hin dhaqqabne yookiin kan dhaqqabe dhihoo guyyaa himanni dhagahamu waan ta'eef ragaa barbaachisu dhiyeeffachuuf yeroon kan hanqate yoo ta'e;yookiin
h) Dhimmichi dhagahamuu jalqabuun dura abbaan alangaa himannaa akka jalqabu hayyamni kan barbaachisu yoo ta'e;yookiin
i) Himannaawwan Mana Murtii biraatti dhiyaatan murtii jalqabaa yoo argatan malee kan dhagahame irratti murtii kennuun kan hin danda'amne yoo ta'e;yookiin
j) Fayyummaa sammuu himatamaa beekaa beekumsa addaa qabuun(expert) murtaa'uun kan barbaachisu yoo ta'e;yookiin
k) Himatamaan yeroo ijoollee gaa'ila hin geenye ta'etti,Manni Murtichaa himatamaan kun eegumsa jala akka turu gochuun kan barbaachisu ta'uu yoo hubate;yookiin
l) Dhimmichi dhagahamee guyyaa tokkotti raawwatamuu kan hin dandeenye ta'ee jennaan guyyaa itti aanu kan beellamamu yoo ta'eedha.

(3) Sababoota qubee (a) fi (f)-(h) jiraniif beellamni torbee tokkoo ol hin kennamu.

Keewwata 95.Beellama haaraa fi xayalaa waamichaa.

(1) Keewwata 94(3) jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee,dhimmicha dhagahuuf beellamni yeroo kennamu,dhimma beellamaaf sababa ta'e raawwachuuf yeroo gahaa hanga ta'e qofaadha.
(2) Balleessaa abbaa alangaa yookiin himatamaa osoo hin ta'in sababni beellamni kenname osoo hin raawwatamin yoo hafe beellama hanguma sana yookiin beellamni gabaabaan ni kennama.
(3) Bu'uura keewwata 94(2)(c) yookiin (i)-(k) jalatti barraa'aniin dhimmicha dhagahuuf erga beellamameen booda sababni beellamni kennameef yoo raawwatame Manni Murtichaa abbootiin dhimmaa fi ragoonni akka dhiyaatan waraqaa waamichaa haaraa ni erga.

Keewwata 96.Bu'aa beellamaa.

(1) Yeroo beellamni kennamu,Manni Murtichaa sababni beellamni kennameef akka raawwatu ajaja barbaachisaa ni kenna.Kanas haalota keewwata 33,53 fi 125 jalatti ibsamaniitiin ajaja qabiinsaa kennamus ni dabalata.

(2) Bu'uura keewwata 94(2)(j) yookiin (k) jalatti ibsamaniitiin beellamni yeroo kennamu sammuun himatamaa beekaa beekumsa addaa qabuun(expert) iddoo qoratamuu danda'utti himatamaan qabamee akka turu Manni Murtii ajaja ni kenna.

Keewwata 97.Odeeffannoo Ciraa.

Odeeffannoowwan(ciraan) hunda irrattii fi bu'uura keewwata 30 tiin jechi ragaan kennee fi bu'uura keewwata 27 tiin jecha himatamaan kenne dabalatee irratti ofisarri seeraa lakkoofsaa fi mallattoo ni godha.Odeeffannoon kunniin karaa ofisara seeraatiin kutaa ofisara seeraa iddoo eegumsa qabutti ni kaa'ama.Ajaja Mana Murtii malee hin bahu.

Keewwata 98.Qabiyyee Galmee keessa jiraachuu qaban.

(1) Dhimma Mana Murtiitiin ilaalamee qoratame irratti abbootiin seeraa ni mallatteessu.Galmee irratti wantoonni itti aananii caqafaman jiraachuun barbaachisaadha:
   a) Garagalchi himannaa yookiin iyyannoo;
   b) Galmeen qorannoo himannaan duraa,yoo jiraate;
   c) Guyyaa ajajni qabiinsaa kenname(yoo jiraate) yookiin guyyaa jalqaba himatamaan qabame;
   d) Yeroo jalqabaatiif guyyaa himatamaan Mana Murtii dhiyaate;
   e) Himannaa abbaan alangaa yookiin iyyannoo himataan dhuunfaa dhiyeesse,himannaa fi iyyannoon wanti jijjiirame yookiin dabalame,akkasumas yeroo himannaa iyyannoo himataan dhuunfaa dhiyeessetti waraqaa ragaa abbaan alangaa hayyame waliin wal qabata;
   f) Garagalchi ibsa baniinsa himannaa irratti abbaan alangaa yookiin himataan dhuunfaa kenne;
   g) Jechi amantaa fi waakkii himatamaa;
   h) Jechi ragootaa gaaffii qaxxaamuraa fi keessa deebii dabalatee;
   i) Dhimma mormii sadarkaa duraa abbaan alangaa yookiin himatamaan kaasan kamiyyuu fi murtii mormii sadarkaa duraa irratti kenname battalumatti galmee irratti barraa'a.Yeroo ragaan jecha kennutti yoo ta'e ragaan jecha kennuu dhaabee bakka kanatti mormii ka'e barreessuu qaba;
   j) Odeeffannoo dhiyaateef lakkoofsa kennamee fi kan dhiyeesse abbaa alangaa yookiin himatamaa ta'uu adda baafamee barreeffama;
   k) Falmii seeraa dhiyaatee fi murtii kenname.Kanasgalmee irratti kan barreeffamu falmiin yeroo ka'eedha;
   l) Beellama kenname hundaa fi himanni akka dhagahamuuf akka beellamamu guyyaa godhamee fi dhimma beellamaaf sababa ta'e dabalatee;
   m) Abbaan alangaa fi himatamaan ol'iyyannoo gaafachuuf mirga kan qaban ta'uu isaanii itti himamuu qabaadha.

(2) Guyyaa dhimmichi dhagahamu kamiyyuu galmeen wantoota armaan gaditti ibsamaniin jalqaba:
   a) Maqaa dhimmichaa fi lakkoofsa;
   b) Guyyaa fi sa'aatii;

c) Maqaa abbaa alangaa fi maqaa abukaatoo himatamaa;
d) Maqaa abbootii seeraa.

(3) Yeroo dhimmichi ilaalamu hunda dhimmichi sa'aatii meeqatti akka beellamame guyyaa fi sa'aatii beellamame barreeffamuu qaba.

Boqonnaa Lama

Iddoo Dhimmichi Ilaalamu

Keewwata 99.Bakka idilee dhimmichi dhagahamu.

Iddoo yakki kamiyyuu raawwatame bira Mana Murtii jirutu aangoo tooraa dhimmicha ilaaluu qaba.

Keewwata 100.Iddoo himatamaan gocha yakkaa raawwate yookiin bakka bu'aan yakkaa beekametti himannaa hundeessuu fi dhagahamuu.

Namni tokko sababa kamiinuu yakka kamiyyuu raawwatee fi bu'aan yakkaa yoo argame;naannoo/iddoo yakki kun raawwatame bira Mana Murtii jiru aangoo qabutti yookiin naannoo bu'aan yakkaa beekame bira Mana Murtii jirutti ni himatama.

Keewwata 101.Yakka tokko waliin walitti hidhata qabaateef qofa gocha akka yakka tokkootti lakkaa'amu iddoo himanni ilaalamu.

Yakki tokko yakka biraa waliin walitti hidhata yoo qabaate gocha akka yakka tokkootti lakkaa'amu gochi yakkaa jalqabaa himannaa irratti ibsamuhimanni kan ilaalamu iddoo yakki lamaan keessaa tokko raawwatame bira Mana Murtii jiru aangoo qabuttiidha.

Keewwata 102.Bakka yakki raawwatame hin beekamne yoo ta'e,iddoo himanni ilaalamu.

a) Iddoowwan adda addaa keessatti iddoo kamiyyuu yakki raawwatame kan hin mirkanoofne yoo ta'e;yookiin
b) Yakkichi gamisa iddoo tokko gamisa immoo iddoo biraa kan raawwatame yoo ta'e;yookiin
c) Yakkichi iddoo tokkoo ol raawwatamuu yoo itti fufe;yookiin
d) Yakki gochoota adda addaa qabu iddoo adda addaatti yoo raawwatame;Manni Murtii iddoo sanniin keessaa iddoo tokkotti argamu aangoo qabu dhimmicha ilaaluu ni danda'a.

Keewwata 103.Himatamaan karaa deemaa yakka yoo raawwate.

Yakkamaan karaa deemaa adeemsa irra osoo jiru yakka yoo raawwate,yakkamaan yookiin namni miidhame yookiin wanta gochi raawwatame iddoo karaa deemaa darbu keessatti yakkamaan Mana Murtii yakkicha ilaaluuf aangoo qabuttini himatama.

Keewwata 104.Doonii yookiin Xayyaara Itiyoophiyaa irratti bulchiinsa Itoophiyaatiin alatti yakka raawwatame iddoo dhimmichi ilaalamu.

Doonii yookiin Xiyyaara Itiyoophiyaa irratti bulchiinsa Itoophiyaan alatti yakki yoo raawwatame yakka akka bulchiinsa Itoophiyaa keessatti raawwatametti lakkaa'ama.

Keewwata 105.Moggaasuuf Mana Murtii aangoo qabu.

Waa'ee moggaafamuu waliin wal qabatee gaaffiin dhiyaatu,adabbii akka haqamuuf gaafatamu Mana Murtii murtii kennetti dhiyaata.

Keewwata 106.Gaaffii dhimmi tokko gara iddoo biraatti darbee akka ilaalamu jedhamee gaafatamu.

Dhimmichi ilaalamuun dura abbaan alangaa yookiin himatamaan kanneen armaan gadii Mana Murtii Ol'aanaatti iyyachuun:

a) Mana Murtii jalaa dhimma yakkaa kana loogii malee haqaan ilaaluu kan hin dandeenye ta'uu;yookiin
b) Falmii seeraa rakkisaa kan hin baratamne yeroo ni ka'a jedhamee yaadame;yookiin
c) Bu'uura keewwata kanaatiin ajajni kennamu garee falmitootaa lameeniifuu yookiin ragootaaf mijataa ta'uu;yookiin
d) Ajajni kun yoo kenname yeroo gabaabaa keessatti murtii haqaa kennuuf kan dandeessisu ta'uu yookiin akkaataa tumaa seera kanaatiin barbaachisaa yoo ta'e,Manni Murtii Ol'aanaas barbaachisaadha jedhee yoo yaade;

(1) Yakka kamiyyuu boqonnaa kana keewwata 99-104 jalatti barraa'eetiin aangoon kan hin kennamneef yoo ta'es,gama biraatiin garuu yakka akaakuu akkanaa ilaaluuf aangoo qabu Manni Murtii kamiyyuu dhimmicha akka ilaalu;
(2) Himatamaan Mana Murtii Ol'aanaa kanatti dhiyaatee dhimmicha akka dhagahu ajaja kennuu ni danda'a.Ajajni kennamus ol'iyyannoo kan hin qabneedha.

Keewwata 107.Abbaan alangaa iddoo dhimmichi ilaalamu qajeelchuu.

Dhimmoota akkaataa keewwattoota 100-104,116 yookiin 117 jalatti ibsamaniin dhiyaatan abbaan alangaa Mana Murtii kamitti himannaa akka hundeessu ni murteessa.Bu'uura murtii kanaatiin Manni Murtii himanni dhiyaateef dhimmicha ilaaluuf aangoo ni qabaata.

Boqonnaa Sadi

Waa'ee Iyyata Himannaa

Keewwata 108.Qajeeltoo.

(1) Himannaa dambii darbuu yoo ta'e malee,namni kamiyyuu bu'uura boqonnaa kanaatiin himanni osoo hin dhiyaatin dhimmichi Mana Murtiitti akka ilaalamu hin taasifamu.
(2) Tumaaleen boqonnaa kanaa iyyata himannaa:

a) Abbaa alangaatiin dhiyaatu dhimmichi Mana Murtii Ol'aanaattis ta'e yookiin Mana Murtii jalaatti ilaalamu ta'ee fi
b) Himataan dhuunfaa himannaa iyyannoo dhuunfaa akka dhiyeeffatuuf hayyamame ta'ee iyyannoo himataan dhuunfaa dhiyeeffatu irratti raawwatiinsa qaba.Iyyatni himannaa tumaalee boqonnaa kanaatiin qophaa'uu qaba.

(3) Himannaan ijoollee gaa'ila hin geenye irratti dhiyaatu,bu'uura seera kana keewata 172 tiin ajajni biraa yoo kenname malee,tumaaleen boqonnaa kana keessatti ibsaman raawwatiinsa hin qaban.

Keewwata 109.Iyyata himannaa qopheessuu,dhiheessuu fi himatamaaf kennuu.

(1) Abbaan alangaa galmee qorannoo poolisii(bu'uura keewwata 37) yookiin galmee qorannoo himannaan duraa(bu'uura keewwata 91) tiin dhaqqabeefi yeroo guyyaa kudha shan keessatti bu'uura galmee qorannoo poolisii yookiin galmee qorannoo himannaa duraatiin himannaa itti fakkaate qopheessee Mana Murtii aangoo qabutti ni dhiyeessa.
(2) Dhimmichi Mana Murtii Ol'aanaatti ilaalamuu jalqabuun dura,abbaan alangaa galmee qorannoo himannaan duraa ilaalee dhimmichi Mana Murtii jalaatti kan ilaalamu ta'uu yoo hubate,murtii Manni Murtii qorannoo himannaan duraa taasise kenne jiraatus himannaa itti fakkaate qopheessee Mana Murtii aangoo qabu Mana Murtii jalaatti ni dhiyeessa.
(3) Abbaan alangaa galmee qorannoo himannaan duraa yeroo qoratu yakkoota raawwataman gamisni aangoo Mana Murtii Ol'aanaa gamisni ammoo aangoo Mana Murtii jalaa ta'uu yoo hubate,himannaa itti fakkaate qopheessee Mana Murtii Ol'aanaa yakkoota hunda ilaaluuf aangoo qabutti himannaa ni dhiyeessa.
(4) Garagalchi himannaa kamiyyuu baasii malee bilisaan himatamaaf ni kennamaafi.

Keewwata 110.Himannaa Mana Murtii aangoo hin qabnetti dogongoraan dhiheessuu.

Abbaan alangaa himannaa Mana Murtii aangoo hin qabnetti yoo dhiyeesse,Manni Murtichaa himannaa ofitti fuudhee hin keessummeessu jechuu qaba.Manni Murtichaas abbaan alangaa himannaa Mana Murtii aangoo qabutti akka dhiyeessu ni ajaja.Kanas iyyata himannaa irratti ibsuu qaba.

Yoo ta'es,abbaan alangaa himannaa akkaataa seera adaba yakkaa keewwata 630 tiin yeroo dhiyeessu,aangoo Mana Murtii jalaati jechuu qofaan Manni Murtichaa himannaa ofitti fuudhee hin ilaalu jechuu hin qabu.Himannaa akkanaa qabu yoo dhiyaateef Manni Murtichaa himannaa ofitti fuudhee ilaaluuf aangoo qaba.

Keewwata 111.Qabiyyee(gosa) himannaa fi akkaataa(foormii) himannaan qophaa'u.

(1) Himannaan kamiyyuu guyyaa fi barri barraa'ee kan mallattaa'e,akkasumas kan armaan gaditti tarraa'an ibsuun barbaachisaadha:
a) Maqaa himatamaa;
b) Yakka himatamaan ittiin himatame,akkasumas haalotaa kutaa yaadaa fi gocha yakkichaa;

c) Yeroo fi iddoo yakki raawwatame,barbaachisaa ta'ee yeroo argame maqaa miidhamaa yookiin yakka qabeenyi irratti raawwatame;
d) Himatamaan yakkicha raawwachuun bira darbe jedhame keewwata seerichaa.

(2) Himanni kamiyyuu seera kanaan wal qabatee argamu foormii Gabatee lammaffaa jalatti ibsameen yookiin yoo danda'ame akaakuu kanaan walfakkaataa ta'een qophaa'uu qaba.

Keewwata 112.Haala ibsa tarree yakkichaa.

Yakka himatamaan ittiin himatame adda baasee beekee deebii kennuu akka danda'uuf tokkoon tokkoon yakkichaa fi haalichaa tarreeffamee himannaa kamiyyuu keessatti ibsamuu qaba.Waa'ee yakkichaa fi haala isaa irratti ibsi kennamu gocha raawwataan yakkichaa raawwate seera yakka taasisu waliin baay'ee kan walitti dhiyaatu ta'uu qaba.

Keewwata 113.Gosti yakkaa raawwatame shakkisiisaa yoo ta'e.

(1) Gocha yookiin gochoota raawwatameef ragaan dhiyaatu osoo jiru yakkoota keessaa kam akka mirkaneessu beekuuf yeroo shakkisiisu;himatamaan yakka raawwateef ragaan caalmaa jiru fakkaatuun fi akkasumas akka filannootti himannaa ragaan mirkaneessuu danda'a yakkoota jedhaman hundaan ni himatama.
(2) Ragaan dhiyaate himatamaa yakka dabalataan kan himachiisu yoo ta'ee fi Manni Murtichaas yakkicha ilaaluuf aangoo kan qabu yoo ta'e,himanni dhiyaachuu baatus,yakka kanaan himatamaa irratti murteessuun ni danda'ama.Kunis yakka himannaa keessa jiru irraa yakka gadi aanaa ta'ee yoo argameedha.
(3) Manni Murtichaa seera adaba yakkaa keewwata 6 fi 9 hojiirra oolchuu tumaan keewwata kanaa hin dangeessu.

Keewwata 114.Yakkoonni adabbii cimsan yoo raawwataman akkaataa himannaan hundaa'uu fi adeemsa isaa.

(1) Himatamaan kanaan dura sababa yakkoota raawwateef yakka adabbii cimsuun kan himachiisu yoo ta'e,kan himatamu yakka adabbii hin cimsineen ta'ee himanni kan ilaalamu Mana Murtii yakkoota adabbii cimsan ilaaluuf aangoo qabuunidha.
(2) Himatamaan yakka adabbii hin cimsineen balleessaa ta'ee yoo argame,himatamaa irratti ni adabsiisa jedhamee murtii balleessummaa erga kennameen booda fi murtii adabbiin dura himatamaan kanaan dura balleessaa ta'e yeroo himanni dhagahamu dhiyaatee jiraate ta'e,yakka adabbii cimsuun adabama ture kan jechisiisu yoo ta'e,himatamaan kanaan dura yakkaan kan adabame ta'uu abbaan alangaa Mana Murtichaatti hubachiisuu qaba.Yakka adabbii cimsuun balleessaa ta'ee akka argametti lakkaa'amee adabbiin ni murtaa'a.Bu'uuruma kanaan,Manni Murtii murtii balleessummaa ni jijjiira.

Keewwata 115.Nama yakkaan himatame miiltoo yaalii yakkichaa taasisuun yookiin gargaaraa taasisuun yookaan kakaasuun balleessaa gochuu.

(1) Namni tokko yakkaan yoo himatame,dabalataatti himannaa yakka yaalii dhiyaachuu baatus yakka yaaliitiin murteessuun ni danda'ama.
(2) Namni tokko yakka raawwateera jedhamee raawwataa yakka muummeetti yoo himatames kakaastummaan yookiin miiltummaan himanni dhiyaachuu baatus yakka kakaasuun yookiin miiltootti murteessuun ni danda'ama.

Keewwata 116.Himanni tokkoo ol yeroo ta'e.

(1) Himatamaa tokko irratti yeroo tokko iyyata himannaa keessatti himanni baay'ee dhiyaachuu ni danda'a,garuu himanni tokkoon tokkoon yakkichaa kophaa kophaa ibsamuu qaba.
(2) Himannaawwan dhiyaatan bakka tokkootti ilaalamuu qabu,garuu himannaawwan bakka tokkotti ilaalamuun himatamaan ofirraa ittisuu irratti rakkoo fida jedhamee yoo yaadame,Manni Murtichaa himannaawwan adda addatti kophaa kophaa akka ilaalu ajajuu ni danda'a.

Keewwata 117.Himannaawwan iddoo tokko dhiyaatu.

(1) Namoonni sadarkaa kamiyyuu yakka tokko yoo raawwatan yookiinyakkoota yeroo adda addaa raawwataniif yookiin namoota yakkoota irratti hirmaatan bakka tokkotti himatamanii dhimmichi bakka tokkotti ilaalama.
(2) Murtii haqaa kennuuf yeroo barbaachisaa ta'etti Manni Murtichaa dhimmichi adda addatti akka dhagahamu gochuuf tumaan seera kanaa hin dhoorgu.
(3) Namoonni baay'een yakkoota adda addaa raawwatanii gochi yakkaa raawwatan wal fakkeenya(connected with the same criminal activity) qaban yoo ta'e,yeroo barbaachisaa ta'etti bakka tokkotti himatamuu fi dhimmichi ilaalamuu ni danda'u.

Keewwata 118.Bu'aa dogoggoraa.

Waa'ee yakkaa yookiin ibsi tarree yakkaa iyyata himannaa irratti dogoggora yoo godhate yookiin yakka yookiin ibsi yakkaa barbaachisu osoo hin ibsamin yoo hafe yakkichaaf wanta bu'uuraa ta'ee lakkaa'amuu hin qabu.Garuu,dogongoraan yookiin osoo hin ibsamin hafe wanta barbaachisaa yoo hin taane yookiin dogoggorichi yookiin osoo hin caqasamin hafe himatamaa kan dogongorsiisu yoo hin taane yookiin sababa kanaan murtii haqaa kennuuf kan hin danda'amne yoo ta'e malee,dogoggorri akkanaa yookiin wanti osoo hin ibsamin hafe himannaa gatii hin dhabsiisu.

Keewwata 119.Himannaa jijjiiruu yookiin himannaa irratti dabaluu.

(1) Himannaan himatamaa irratti dhiyaate dogoggora bu'uuraa kan qabu yoo ta'e yookiin wanti hin ibsamne yoo argamee fi kunis himatamaa kan dogoggorsiisu yookiin ni dogoggorsiisa jedhamee yeroo yaadame,Manni Murtii murtii kennuun dura yeroo kamiyyuu kaka'umsa mataa ofiitiin yookiin iyyata himatamaatiin akka haala dhimmichaatti himanni akka jijjiiramu yookiin akka dabalamu yookiin himanni haaraa akka qophaa'u ajajuu ni danda'a.

(2) Yeroo himanni jijjiirame,dabalame yookiin himanni haaraa yeroo bahu himatamaaf dubbifameefi akka hubatamu ni taasifama.
(3) Akkaataa keewwata 118 jalatti ibsameen dogoggora godhame yookiin wanti hin ibsamin hafe yoo jiraate bu'uura keewwata kanaatiin ni raawwatama.

Keewwata 120.Bu'aa himannaa jijjiiruu yookaan himannaa irratti dabaluu hordofsiisu.

(1) Himanni yoo jijjiirame,dabalame yookiin yeroo himanni haaraa qophaa'e himatamaan himannaa kana irratti dhimmichi akka ilaalamu qophaa'aa ta'uu Manni Murtii ni gaafata.
(2) Yeroo himatamaan qophaa'aa miti jedhe,Manni Murtichaa sababa himatamaan dhiyeesse ni qorata.Himanni battalumatti ilaalamuu yoo itti fufe mirga ofirraa ittisuu himatamaa kan hin tuqne ta'uu Manni Murtichaa yoo hubate himanni akka hin jijjiiramne yookiin akka hin dabalamnetti lakkaa'amee dhimmicha ilaaluu itti fufa.
(3) Akka yaada Mana Murtichaatti dhimmicha ballatumatti itti fufuun mirga ofirraa ittisuu himatamaa yookiin haala himannaa abbaa alangaa jijjiirsisu ta'ee yoo argame beellamni ni kennama(keewwata 94).

Keewwata 121.Ragoota irra deebi'anii waamuu.

Dhimmichi ilaalamuu erga eegaleen booda himanni jijjiirame yookiin dabalame yookiin himanni haaraa kan qophaa'e yoo ta'e,abbaan alangaa yookiin himatamaan yeroo kamiyyuu ragoota dhagahaman keessaa kamiyyuu irra deebi'anii waamsifachuun himannaa irratti waan dabalame yookiin ida'ame yookiin himannaa haaraa dhiyaate yeroo dhagahamu ragaa gaafachuuf mirga qabu,fi ragaa dhimma firii dubbiitiif fayyadu dhiyeeffachuuf mirga qabu.

Keewwata 122.Himannaa kaasuu.

(1) Bu'uura seera adaba yakkaa keewwata 522(yakka ajjeechaa cimaa) yookiin keewwata 637(gocha yakka wanbadummaa cimaa) tiin himannaa dhiyaateen alatti abbaan alangaa himannaa himatamaa irratti dhiyeesse kamiyyuu hayyama Mana Murtiitiin murtiin dura yeroo himanni ilaalamu kamiyyuu himannaa kaasuu ni danda'a.
(2) Abbaan alangaa himanni akka ka'uuf mootummaan na ajaje jedhee Mana Murtiitti yeroo iyyatu,abbaan alangaa himannaa akka kaasuuf mootummaan ajajamuu Manni Murtii yoo hubate,Manni Murtichaa hayyamuu qaba.
(3) Bu'uura keewwata 119 tiin himanni haaraan kan hin qophoofne yoo ta'e himatamaan yeroof gadi lakkifama.
(4) Manni Murtichaa himannaa akka ka'uuf hayyamuu yookiin hayyamuu dhabuun murtii yeroo kennu sababaan ibsuu qaba.
(5) Bu'uura keewwata kanaatiin himanni yoo ka'e himannaa gara fuulduraatti kanitti fufuuf kan dhoorkuu miti.

Boqonnaa Afur

Himannaa Dhagahuu Jalqabuu

Kutaa Tokko

Himannaa Irratti Falmii Gaggeessuu

Keewwata 123.Guyyaa himanni dhagahamu murteessuu.

Bu'uura keewwata 109 tiin himanni Mana Murtiitiif yeroo dhiyaatu,Manni Murtichaa guyyaa himannaa dhagahu murteessee guyyaa fi sa'aatii murteessetti himatamaa fi abbaan alangaa akka dhiyaatan xalayaa waamichaa ni kenna.Himatamaan Mana hidhaa kan jiru yoo ta'e akka dhiyaatu Manni Murtichaa ajaja barbaachisaa ni kenna.

Keewwata 124.Ragootaaf waamicha taasisuu.

(1) Guyyaa dhimmichi dhagahamu akkuma murtaa'een battalumatti abbaan alangaa fi himatamaan akka dhiyaatan ragoota barbaachisanii fi yoo qabaatan beekaa beekumsa addaa qabu(expert) ragummaaf dhiyaatan ibsa tarree maqaa kutaa ofisara seeraatti ni kennu.Ofisarri seeraas seera kana xumura irratti foormii Gabatee sadaffaa irratti ibsameetiin waraqaa waamichaa ni kenna.
(2) Abbaan alangaa fi himatamaan guyyaa dhimmichi dhagahamu odeeffannoowwan(exhibits) hundi Mana Murtii akka dhiyaatan gochuuf dirqama qabu.

Keewwata 125.Ajaja qabiinsaa Manni Murtii kennu.

Himatamaan tokko yookiin ragaan bu'uura seeraatiin waraqaan waamichaa dhaqqabeefi xalayaan waamichaa isaaf dhaqqabuu ibsu ragaan utuu jiru guyyaa ajajame osoo hin dhiyaatin yoo hafe;himatamaan yookiin ragaan poolisaan qabamee akka dhiyaatu Manni Murtichaa ajaja ni kenna.

Keewwata 126.Himannaa dhagahuu jalqabuu.

(1) Guyyaa fi sa'aatii himannaa dhagahuuf beellamametti Manni Murtichaa himannaa ni dhagaha.
(2) Yeroo falmii himannaatiif hiiktuun Afaanii barbaachisaa ta'etti,Manni Murtichaa hiiktuu Afaanii dandeettii qabu Mana Murtii irraa ni ramada(filata).Kun yoo hin argamne nama biraa himatamaaf yookiin abbaa alangaatiif fira hin taane yookiin himannaaf ragaa hin taane nama dandeettii qabu Manni Murtii ni ramada.
(3) Falmitoonni Faayila Galmee himannaa keessatti ibsaman ni dubbatu,himatamaanis dhiyaachuu qaba.

Keewwata 127.Dhihaatinsa himatamaa.

(1) Himannaa akka dhagahuu fi ofirraa ittisuu akka danda'u himatamaan mataa isaatiin dhaddacha irratti dhiyaachuu qaba.Abukaatoo qaba yoo ta'e abukaatoo waliin ni dhiyaata.

(2) Himatamaan eegumsa gahaan eegamee dhiyaata.Himatamaan balaafamaa ta'uu yookiin gocha humnaan kan raawwatu(jeequmsa kaasu) ta'uu yookiin miliquuf kan yaalu ta'uu sababa gahaan yoo hubatame malee cancalaan hidhamee hin dhiyaatu.

Keewwata 128.Eenyummaa himatamaa adda baasuu.

Himatamaan dhaddacha irratti saaxinii keessa galee erga dhaabateen booda eenyummaa isaa,umrii fi hojiin isaa qulqullaa'uu(mirkanaa'uu) qaba.

Keewwata 129.Himannaa dubbisuu.

Abbaan seeraa dhaddacha irratti himannaa himatamaaf erga dubbiseen booda himatamaan himannaa irratti mormii sadarkaa duraa qabaachuu fi dhiisuu ni gaafata.

Keewwata 130.Himannaa irratti mormii sadarkaa duraa kaasuu.

(1) Himatamaan foormii himannaa,bifa,yookiin qabiyyee himannaa mormuun akka mormii sadarkaa duraatti yoo kaase keewwanni 119 irraa eegalee tumaalee jiran raawwatiiinsa qabaata.
(2) Himatamaan kanneen armaan gaditti ibsaman:
    a) Dhimmichi Mana Murtii birootti dhihaatee ilaalamaa beellamarra kan jiru yoo ta'e;yookiin
    b) Dhimmichi dursa murtii kan argate(himannaa kanaan,kanaan dura himatamee bilisa kan bahe yookiin murtiin balleessummaa kan kenname) yoo ta'e;yookiin
    c) Himanni yakkaa dhiyaate darbiinsa yerootiin kan daangeeffame yookiin baraarsaan/maaruudhaan yookiin labsii dhiifamaa kan taasifameef yoo ta'e;yookiin
    d) Yakkamtoota biroo waliin yeroo himatamee fi himanni adda bahee(sepate trial) yoo hin ilaalamnemirga ofirraa ittisuu himatamaa kan tuqu yoo ta'e;yookiin
    e) Himanni akkaataa seerri jedhuun osoo hin hayyamsiisin kan dhihaate(no permission to prosecute as required by law has been obtained) yoo ta'e;yookiin
    f) Himanni dhaddacha biraatti dhiyaate osoo hin raawwatamin himannaa yakka kanaatiin murtiin kennamuu kan hin danda'amne yoo ta'e;yookiin
    g) Gocha raawwateef itti gaafatamaa ta'uu dhabuu ibsuun yeroo kaase;bu'uura keewwata 131 jalatti ibsameen raawwatama.
(3) Bu'uura keewwata kanaatiin Manni Murtii yoo gaafatu himatamaan himannaa ittiin himatame battalumatti mormii sadarkaa duraa yoo kaase malee turee mormii akkanaa qabu yeroo biraa yeroo dhimmichi dhagahamutti kaasuu hin danda'u.Yoo ta'es,mormii akkanaa kaasuu kan danda'u murtii haqaa gatii qabu(valid judgment) kennuu kan daangeessu yoo ta'e qofaadha.

Keewwata 131.Mormii sadarkaa duraa irratti jala murtii/murtii kennuu.

(1) Mormii sadarkaa duraa bu'uura keewwata 130(2) tiin ka'u kamiyyuu Manni Murtii galmee irratti erga galmeesseen booda Abbaan Alangaa mormii ka'e irratti deebii qabaachuu ni gaafatama.

(2) Mormii dhihaate seeraan deeggaruun murteessuun kan danda'amu yoo ta'e yookiin Abbaan Alangaa mormii himatamaan kaase yoo hin mormine Manni Murtichaa battalumatti murtii kennuu qaba.
(3) Sababa ragaan waan hin guutamneef battalumatti murtiin kennuun yoo hin danda'amne/dhimmicha qulqulleeffachuuf ragaan dhihaachuu barbaachisaa kan ta'u yoo ta'e ragaa barbaachisaan osoo hin turin akka dhihaatu Manni Murtii ni ajaja.
(4) Ragaan barbaadame dhihaateen booda mormii sadarkaa duraa irratti Manni Murtichaa battalumatti murtii ni kenna.

Keewwata 132.Jecha amantaa fi waakkii gaafachuu.

(1) Himanni himatamaaf dubbifamee akka hubatu erga taasifameen booda Abbaan Seeraa jecha amantaa fi waakkii himatamaa ni gaafata.
(2) Himanni tokkoo ol yeroo ta'etti Abbaan Seeraa tokkoon tokkoon himannaa keessattuu himatamaaf dubbiseefi erga hubachiiseen booda tokkoon tokkoon himannaatiif jecha amantaa fi waakkii fuudhee galmee irratti ni barreessa.
(3) Jechi amantaa fi waakkii himatamaan kennu hanga danda'ameen akkaataa himatamaan dubbateen galmaa'uu qaba.

Keewwata 133.Balleessaa hin qabu jechuun waakkachuu.

(1) Himatamaan himannaa irratti deebii yoo hin kennine yookiin himannaa yoo waakkate;balleessaa hin qabu jedheera jedhamee galmee keessatti barraa'uu qaba.
(2) Himatamaan yakkicha amanee akkaataa raawwate addatti mirga isaa yoo eeggate;Manni Murtichaa himatamaan balleessaa miti jedheera jedhee galmee irratti ni barreessa.

Keewwata 134.Jecha amantaa balleessaan qaba jedhamee kannamu.

(1) Himatamaan yakka iyyata himannaa irratti ibsame raawwachuu isaa guutumaan guutuutti yoo amane,Manni Murtichaa himatamaan balleessaadha jedheera jedhee galmee irratti erga barreesseen booda himatamaa irratti murtii balleessummaa ni kenna.
(2) Balleessaan qaba jedheera jedhamee galmee irratti yeroo barraa'u,Manni Murtichaa barbaachisaadha jedhee yoo yaade abbaan alangaa ragaa himannaa deeggaru akka dhiyeessu ajajuu fi himatamaanis ragaa ittisaa akka dhiyeessu hayyamuu ni danda'a.

Keewwata 135.Himatamaan jecha amantaa fi waakkii fooyyeessuu.

(1) Jechi kenname jecha amantaa yeroo ta'ee fi Manni Murtichaa himannaa dhagahuuf yeroo itti fufu balleessaa hin qabu jedhee jecha kenne galmeessuun barbaachisaa yoo ta'e,jecha balleessaa hin qabu jedhe ni galmeessa.
(2) Murtiin balleessummaa himatamaa irratti kenname yoo jiraate kufaa ni ta'a.

Kutaa Lama

Ragaa fi Murtii

Keewwata 136.Haasa'a baniinsaa taasisuu fi ragoota abbaa alangaatiif waamicha gochuu.

(1) Jechi amantaa fi waakkii erga galmaa'een booda abbaan alangaa himannaa irratti haasa'a baniinsaa yeroo taasisu himannaa dhiyeessee fi gosa ragaa dhiyeessu gabaabinaan ni ibsa.Kanas dhugaan loogii malee ibsuu qaba.
(2) Achiin booda abbaan alangaa ragootaa fi beekaa beekumsa addaa qabu(expert) akka qabu waamuu qaba.Jecha ragummaa kennuun dura ragoonnii fi namoonni beekaa beekumsa addaa qaban(experts) kakuu raawwachuu yookiin dhugaa dubbachuuf mirkaneessuu qabu.
(3) Ragoota isaa abbaan alangaa gaaffii duraa erga gaafatee xumureen booda himatamaan yookiin abukaatoon gaaffii qaxxaamuraa ni gaafata.Achiin booda abbaan alangaas gaaffii keessa deebii gaafachuu ni danda'a.
(4) Murtii haqaa kennuuf barbaachisaadha jedhee yoo yaade Manni Murtichaa yeroo kamiyyuu gaaffii kamiyyuu gaafachuu ni danda'a.

Keewwata 137.Akkaataa gaaffiileen gaaffii duraa keessatti gaafataman.

(1) Gaaffiin duraa irratti gaaffiileen dhiyaatan ijoo dubbii murtii ilaallatan/rogummaa qabanii fi firii dubbii ragaan karaa kallattii fi alkallattii ta'een beekan qofaadha.
(2) Akka haala dhimmichaatti himatamaan yookiin abukaatoon yookiin abbaan alangaa osoo hin hayyamanin ragaa gaaffii qajeelchaa hin gaafatu.
(3) Gaaffiin qaxxaamuraa gaaffii duraa irratti deebii kenname keessatti jecha dogoggoraa,jecha shakkisiisaa yookiin jecha dhugaa hin taane Mana Murtiitiif ibsuufi fashaleessuuf gaaffii gaafatamuudha.Gaaffiileen qajeelchaa gaaffii qaxxaamuraa keessatti gaafachuun ni danda'ama.

Keewwata 138.Himatamaa balleessaa duraanii.

(1) Seerri addatti ifatti yoo hayyame malee,murtiin balleessummaa osoo hin beekamin dura,himatamaan kanaan dura himatamee murtiin balleessummaa kenname ta'uu hin ibsamu.
(2) Galmee Mana Murtii qorannoo himannaan duraa taasisu kamiyyuu keessatti kanaan dura balleessaadha jedhamee kan murtaa'e ta'uu hin ibsamu.

Keewwata 139.Gaaffii keessa deebii.

Abbaan alangaa,himatamaan yookiin abukaatoon waan gaaffii qaxxaamuraa irratti ka'e qulqulleessuuf qofa gaaffii keessa deebii gaafata.

Keewwata 140.Gaaffii qaxxaamuraa gaafachuu dhabuu.

Dhimma tokko irratti gaaffii qaxxaamuraa gaafachuu dhabuun gareen faallaa dhugummaa dhimmichaa akka amanetti lakkaa'uu hin qabu.

Keewwata 141.Abbaan alangaa himannaa isaa yoo hin hubachiifne himatamaa bilisaan gaggeessuu.

Abbaan alangaa ragaa dhageessifatee erga xumurameen booda,himatamaa balleessaa taasisu ta'ee yoo hin argamne fi ragaan gahaa osoo hin ta'in yoo hafe,ragaa fashaleessu dhiyeessuun osoo hin barbaachisin himatamaan bilisaan akka gadi lakkifamu Manni Murtii ni ajaja.

Keewwata 142.Ragaa ittisaa jalqabuu.

(1) Bu'uura ragaa himatamaan irratti dhiyaateen yoo rageessee fi yoo jiraatan ragoota gareen miidhame dhiyeesse erga dhagahameen booda,ittisa akka eegaluu fi himannaaf deebii jecha kennuu fi ragaa ittisaa dhiyeeffachuu kan danda'u ta'uu Manni Murtii himatamaaf ni hima.
(2) Himatamaan yookiin abukaatoon haasa'a baniinsa ittisaa taasisuu fi ragaa ittisaa hubachiisuuf dhiyeesse ibsuun ibsa gabaabaa ni kenna.Achiin booda ragoota yookiin yoo jiraatan beektota beekumsa addaa qaban jecha ragummaa kennan waamee,jecha kennuun dura akka kakatan yookiin dhugaa dubbachuuf akka mirkaneessan ni godhama.
(3) Himatamaan ragoota ittisaa idilee kamiyyuu waamuu ni danda'a.Garuu,himatamaan akkaataa gaaffii isaatiin jecha ragummaa akka kennu yoo hayyamame jalqaba jecha ni kenna.Jecha himatamaan kennu irratti gaaffiin qaxxaamuraa gaafachuun hin danda'amu,garuu Manni Murtichaa dhimmicha qulqulleeffachuuf jecha inni kenne kamiyyuu irratti gaafachuu ni danda'a.

Keewwata 143.Ragoolee dabalataa.

(1) Murtii haqaa kennuuf ragaan barbaachisaa ta'uu yoo hubate,Manni Murtichaa murtii kennuun dura yeroo kamiyyuu ragaa kamiyyuu waamuu ni danda'a.
(2) Abbaan alangaa fi himatamaan ragaa ibsanii dhiyeessan keessatti maqaan hin tuqamne ta'us ragaa kamiyyuu lakkaa'anii waamuu danda'u.Ragoonni kunniin dhimmicha tursiisuuf osoo hin taane firii dubbiitiif ragaan barbaachisaa ta'uu yoo hubate Manni Murtichaa akka waamaman waamichi akka dhaqqabuuf ajaja ni kenna.
(3) Himanni Mana Murtii Ol'aanaatti akka ilaalamu kan dhiyaate yoo ta'e,ragoota qorannoo himannaan duraatti hin dhagahamne yoo ta'es,abbaan alangaa ragaa barbaade maqaa fi ijoo isaan rageessan himatamaaf barreeffamaan ibsee waamuu ni danda'a.

Keewwata 144.Jechi ragootaa qorannoo himannaan duraa irratti kennan akka ragaatti dhiyaachuu danda'uu.

(1) Ragaan du'eera yoo ta'e,yookiin hanqinni sammuu yoo mudate(yoo maraate) ta'e,ragaa argachuuf kan hin danda'amne yoo ta'e,sababa dhukkubaatiin yookiin bulchiinsa Itiyoophiyaa keessatti waan hin jiraanneef Mana Murtii dhiyaachuu kan hin dandeenye yoo ta'e;jecha ragummaa qorannoo himannaan duraatti dhagahame dubbifamee ragummaaf Mana Murtii Ol'aanaatiif ni dhiyaata.
(2) Jecha ragummaa kennu beekaa beekumsa addaa qabu(expert) waamuu baatus jecha qorannoo himannaan duraa irratti kenname dubbifamee ragummaaf Mana Murtii dhiyaachuu ni danda'a.

Keewwata 145.Yeroo qorannoon gaggeeffamu jechi poolisii biratti kenname akka ragaatti dhiyaachuu danda'uu.

(1) Abbaan alangaa yookiin himatamaan yoo iyyate,jecha ragummaa yeroo qorannoo poolisiin gaggeessu fuudhame Manni Murtii ilaaluu ni danda'a.
(2) Achiin booda murtii haqaa kennuuf kan fayyadu ta'uu yoo hubate,garagalcha jecha kanaa himatamaaf akka dhaqqabu taasisee bu'uuruma kanaan jecha ragaan kenne fashaleessuu ni danda'a.

Keewwata 146.Ragoota irratti mormii kaasuu.

Abbaan alangaa yookiin himatamaan ragaan tokko yoo dhiyaachuu hin qabu yookiin ragaan gaaffii gaafatamuu hin qabu jedhee yoo morme,gaaffii yookiin ragaan kan malu ta'uu Manni Murtichaa battalumatti ni murteessa.

Keewwata 147.Jecha ragootaa galmee irratti galmeessuu.

(1) Tokkoon tokkoon jecha ragaa yeroo fuudhamu jalqaba maqaa ragaa,teessoo isaa,hojii fi umrii,akkasumas kakuu raawwachuu yookiin dhugaa dubbachuuf mirkaneessuu isaa tuqamuu qaba.
(2) Tokkoon tokkoon jecha ragaa walitti qabaan abbaa seeraa mataan isaa dhaddacha irratti galmee irratti ni barreessa.Garuu,sababa tokkoon barreessuu yoo hin dandeenye,qajeelchaa fi too'annoo isaatiin abbaan seeraa biraa yookiin barreessaan dhaddachaa akka barreessu ni godha.
(3) Yeroo ragaan galmaa'u gaaffii duraa,gaaffii qaxxaamuraa fi gaaffii keessa deebii jedhamee ni qoodama.Iddoo gaaffiin qaxxaamuraa fi keessa deebiin kan jalqabamuu fi kan xumuramu galmee keessatti akka adda bahu godhamee barraa'a.
(4) Walitti qabaan abbaa seeraa gaaffii tokko tokko yookiin deebii addatti barreessuuf yoo hayyame malee jechi ragaa kennamu yeroo kamillee yoo ta'e akkaataa dubbatameen seeneeffamee galmaa'uu qaba.

Keewwata 148.Yaada xumuraa kennuu.

(1) Ragaa ittisaa dhagahamee erga raawwatameen booda waa'ee seeraa fi haala dhimmichaa irratti abbaan alangaa ni dubbata.
(2) Achiin booda himatamaan yookiin abukaatoon waa'ee seeraa fi haala dhimmichaa,haala ragaa irratti ni dubbata.Innis yeroo hunda yaada xumuraa ni kenna.
(3) Himatamtoonni baay'ee yoo ta'an,abbaan seeraa dabaree himatamaan yookiin abukaatoon isaanii Mana Murtiitiif yaada kennan ni murteessa.

Keewwata 149.Murtii fi adabbii.

(1) Yaadni xumuraa kennamuu fi yoo jiraatan yaada bu'uura keewwata 156 tiin kennamu kan dabalatu ta'ee erga raawwatameen booda,Manni Murtichaa murtii ni kenna.Guyyaa murtiin kenname

barreeffamee Abbaan Seeraa murtii kenne irratti mallatteessuu qaba.Ragaa gabaabinaan ibsuu,sababa ragaan fudhatamee fi fudhatamuu dhabeef,seera murtiin kenname ibsuu fi balleessaa ta'ee yeroo argame seera murtiin balleessummaa kenname murtii keessatti barreeffamuu qaba.

(2) Himatamaan balleessaa miti yeroo jedhame himatamaan bilisa akka ta'uu fi barbaachisaa yoo ta'e Mana hidhaa keessaa akka gadi lakkifamu ajaja jedhu murtii keessatti ibsamuun barbaachisaadha.

(3) Himatamaanis balleessaadha yeroo jedhame waa'ee adabbii cimsuu yookiin salphisuu abbaan alangaa yaada qabu akka kennu Manni Murtichaa ni gaafata.Abbaan alangaas waa'ee amala himatamaa hubachiisuuf ragoota waamuu ni danda'a.

(4) Abbaan alangaayaada adabbii kenneen booda himatamaan yookiin abukaatoon isaa deebii kennuuf mirga qaba.Waa'ee amala isaa hubachiisuuf ragoota waamuu ni danda'a.Himatamaan duraan murtii balleessummaa narratti hin kennamne yoo jedhe abbaan alangaa kanaan dura murtiin balleessummaa kan kenname ta'uu Mana Murtiitiif hubachiisuu qaba.

(5) Kanaan booda Manni Murtichaa adabbii ni murteessa.Seera adabbiin murtaa'e keewwata waliin caqasee barreessuu qaba.

(6) Keewwata kana jalatti tumame jiraatus seera adaba yakkaa keewwata 195 fi 196 jalatti ibsame akkuma eegametti jira.

(7) Murtiin erga kennameen booda abbaan alangaa yookiin himatamaan ol'iyyannoo gaafachuuf mirga kan qaban ta'uu itti himama.

Boqonnaa Shan

Iyyata himannoo Himataan Dhuunfaa Dhiheessu

Keewwata 150.Iyyannoo dhuunfaa fi himannaa dhiyeessuu.

(1) Himataan dhuunfaa iyyannoo dhuunfaa bu'uura 44(1) tiin akka dhiyeessuuf hayyamni kenname guyyoota kudha shan(15) keessatti iyyannoo fi himannaa Mana Murtii aangoo qabutti ni dhiyeessa.

(2) Himataan dhuunfaa iyyannoo dhuunfaa bu'uura eeyyama kennameen yoo hin dhiyeessine bu'uura hayyama kennameen himannaa akka fooyyeessu Manni Murtii ni ajaja.

Keewwata 151.Falmitoota araarsuuf yaalii taasifamu.

(1) Iyyannoo fi himanni yoo dhiyaatu himataan dhuunfaa fi himatamaan akka dhiyaatan Manni Murtichaa waamicha ni kenna.

(2) Iyyannoo dhuunfaa dubbisuun dura Manni Murtichaa falmitoota(himataa dhuunfaa fi himatamaa) araarsuuf yaalii ni taasisa.Yeroo araarri taasifamu Manni Murtichaa araara galmee irratti ni barreessa.Araarris bu'aa murtii ni qabaata.

Keewwata 152.Baasiif wabii taasifamu.

Falmitoota jidduu araara buusuun yoo hin danda'amne,Manni Murtichaa himataan dhuunfaa baasiif wabii akka waamu gochuun akka barbaachisu ni murteessa.Waa'ee kisaaraa maluuf wabii akka kennu yeroo murteesse hamma wabii fi qarshii wabiif kennu ajaja kennu keessatti ni murteessa.

Keewwata 153.Falmii dhagahuu fi murtii kennuu.

(1) Himataan dhuunfaa bu'uura keewwata 152 tiin ajajni kennamee ajaja yoo raawwate,bu'uura keewwattoota 123-149 jalatti ibsameen dhimmicha dhagahuun itti fufa.Falmitoonni akka himannaa karaa abbaa alangaatiin dhiyaatetti mirgaa fi dirqama qabu.
(2) Manni Murtii akka dhimma idileetti murtii ni kenna.
Hubachiisa:keewwatni 153(2) kun tumaa hiikkaa(version) Afaan Ingiliffaa keessatti tumame malee Afaan Amaariffaa keessa hin tumamne.

Boqonnaa Jaha

Nama Yakki Irratti Raawwatamee Miidhame

Keewwata 154.Qajeeltoo.

(1) Nama yakkaan miidhame yookiin bakka bu'aan isaa dhimmichi dhagahamuu yeroo jalqabu,Manni Murtichaa dhimmicha dhagahu miidhaa dhaqqabeef beenyaan akka ajajuuf gaafachuu ni danda'a.Akaakuu fi hamma beenyaa gaafatu barreeffamaan murteessee ni gaafata.Iyyanni yeroo dhiyaatu akka dhimma hariiroo hawaasaatti kanfaltiin abbaa seerummaa kanfalamuu hin qabu.
(2) Namni iyyata dhiyeesse ibsa maqaa ragaa abbaa alangaa fi ragaa ittisaa akka ilaalu gochuu fi ragaa dabalataa dhiyeeffachuu akka barbaadu ni gaafatama.Ragaa dabalataa dhiyeeffachuu yoo barbaade akka dhimma hariiroo hawaasaatti kanfaltiin xalayaa waamichaa kan seerri murteesse kanfaluu qaba.
(3) Tumaalee boqonnaa kanaa himannaa gama abbaa alangaatiin dhiyaatu fi himannaa himataan dhuunfaa dhiyeessu irratti raawwatamoo ni ta'u.
(4) Namni iyyata dhiyeessu akka himataa dhuunfaatti yoo ta'e,ibsa ragootaa himannaa yakkaa irratti dhiyeessu fi ragoota himannaa hariiroo hawaasaa beenyaa gaafachuuf dhiyeessu adda ni baasa.Tumaalee keewwata muraa (1) fi (2) raawwatiinsa qaba.

Keewwata 155.Iyyata haquu/kufaa taasisuu.

(1) Manni Murtichaa iyyata dhiyaateef ilaaleen booda kaka'umsa isaatiin yookiin iyyata abbaa alangaa yookiin himatamaatiin akka kanneen armaan gaditti yeroo ta'ee argame:
    a) Himatamaan ijoollee gaa'ela hin geenye yoo ta'e;yookiin
    b) Himannaa himatamaa irratti dhiyaate bakka himatamaanhin jirretti kan ilaalamu yoo ta'e;yookiin
    c) Miidhamaan himannaa hariiroo hawaasaa Mana Murtii aangoo qabutti kan dhiyeesse yoo ta'e;

d) Namni iyyata dhiyeesse himannaa dhiyeessuuf kan hin malleef yoo ta'e;yookiin
e) Ragoota abbaan alangaa dhiyeessuu fi ragoota ittisaa dhiyeessu dabalataatti ragoota baay'ee yoo dhiyeesse malee hamma beenyaa murteessuun kan hin danda'amne yoo ta'e;yookiin
f) Miidhamaan beenyaa gaafachuun himannaa dhiyeesse ilaaluun dhimma yakkaa ilaaluuf rakkisaa kan taasisu,walxaxaa yookiin kan tursiisu ta'uu Mana Murtii yoo yaade;iyyata kan hin fudhanne ta'uu ni murteessa.

(2) Hammi qarshii himannaan beenyaa dhiyaate aangoo Mana Murtiitii ol yoo ta'e,Manni Murtichaa iyyata ofitti fuudhee hin ilaalu jedhee haquun ni murteessa.

(3) Manni Murtichaa iyyata ofitti fuudhee hin ilaalu jedhee murteesse(kufaa taasise) isa dhumaa fi ol'iyyannoo kan hin qabneedha.Namni yakkaan miidhame himannaa hariiroo hawaasaa dhiyeessuu kan danda'u ta'uu Manni Murtii itti hima.

Keewwata 156.Iyyata eeyyamanii fudhachuu.

(1) Iyyata nama miidhamee Manni Murtichaa hayyamee yoo fudhate,namni miidhame dhimma falmii keessatti akka hirmaatuu fi ragaa ilaalchisee akka gareemaamilli idilee dhiyeessu hunda dhiyeeffachuuf mirga qaba.

(2) Ragaan ittisaa yoo raawwatame(at the close of the case for the defence) miidhamaan yookiin bakka bu'aan isaa hamma beenyaa barbaadu inni ofiisaatii yookiin abukaatoon isaa akka iyyatu Manni Murtichaa ni hayyamaaf.Himatamaan yookiin abukaatoon isaa deebii kennuuf mirga ni qabu.

Keewwata 157.Namni miidhame himannaa keessaa bahuu.

Miidhamaan ragaan ittisaa raawwatamuun dura(before the close of the case for the defence) yeroo kamiyyuu iyyata himannaa dhiisee himata hariiroo hawaasaa Mana Murtii aangoo qabutti himatamaa irratti dhiyeessuu ni danda'a.

Keewwata 158.Himatamaa bilisa gochuu yookiin gadi lakkisuu.

Himatamaan bilisaan yoo gadi lakkifame yookiin yeroof yeroo gadi lakkifame,Manni Murtichaa gaaffii beenyaa gaafatame hin murteessu.Garuu,miidhamaan himatamaa irratti himannaa hariiroo hawaasaa Mana Murtii aangoo qabutti himachuu akka danda'u itti himuu qaba.

Keewwata 159.Ajaja beenyaa murteessuun kennamu.

(1) Manni Murtichaa garee miidhaan dhaqqabeef beenyaa yeroo murteessu:
a) Hammi beenyaa murtaa'e nama miidhameef yookiin bakka bu'aa isaatiif akka kanfalamu;
b) Akka dhimma hariiroo hawaasaa kanfalamu hunda baasiif kisaaraa nama miidhameef yookiin bakka bu'aa isaatiif akka kanfalamu;

c) Akka dhimma hariiroo hawaasaa godhamu himatamaan kanfaltii abbaa seerummaa akka kanfalu jedhee ajaja ni kenna.

(2) Manni Murtichaa akka himannaa idilee kamiyyuu murtii ni kenna.

MATA DUREE II

Adeemsa Addaa

Boqonnaa Tokko

Himatamaan Yoo Hin Jirre Adeemsa Raawwatamu

Keewwata 160.Qajeeltoo.

(1) Ijoollee gaa'ela hin geenye irratti yoo ta'e malee,himannaa abbaa alangaas ta'e namni himataa dhuunfaan himatame yoo hin dhiyaanne tumaalee boqonnaa kana keessatti tumaman raawwatamoo ni ta'u.

(2) Dhimmicha dhagahuuf guyyaa beellamame himatamaan ofii isaatii osoo hin dhiyaatin yoo hafe yookiin hafuu isaatiif sababa gahaa dhiyeessu bakka bu'aan isaa yoo hin dhiyaanne;Manni Murtii himatamaan akka qabamu ajaja ni kenna.

(3) Ajajni himatamaan akka qabamu jedhamee kenname raawwatamuu yoo hin dandeenye;bakka himatamaan hin jirretti dhimmichi kan ilaalamu ta'uu Manni Murtichaa ni hubata.Bu'uuruma kanaan ajajni kenname yoo ta'e tumaaleen itti aananii jiran raawwatamoo ni ta'u.

Kutaa Tokko

Abbaan Alangaa Himannaa Dhiheessee Himatamaan Mana Murtii Osoo Hin Dhiyaatin Yoo Hafe

Keewwata 161.Haala bakka himatamaan hin jirretti dhimmichi ilaalamu.

(1) Himatamaan sababa gahaa malee guyyaa dhimmicha dhagahuuf beellamametti osoo hin dhiyaatin yoo hafe;dhiyaachuu dhabuu isaa Manni Murtii galmee keessatti erga barreesseen booda,bu'uura seera kutaa kana keessatti tumameen dhimmichi bakka inni hin jirretti akka ilaalamu ni ajaja.

(2) Bu'uura tumaalee kutaa kana keessatti tumameen yakkoota kanneen armaan gaditti ibsaman yoo ta'an malee,himatamaan bakka hin jirretti dhimmichi hin ilaalamu:

a) Yakka hidhaa cimaa waggaa kudha lama gadi hin taaneen adabsiisu yoo raawwate;yookiin

b) Yakkoota seera adaba yakkaa keewwata 354 hanga 365 jalatti tumaman raawwatee hidhaa cimaa yookiin adabbii maallaqaa qarshii kuma shan ol adabsiisuun kan himatame yoo ta'eedha.

(3) Namni himatame sababa siyaasaatiin nama biyya isaa gadi dhiisee godaanee eegumsa mootummaa biyya alaa jala jiru(asylum) fi biyyi himatamaan itti godaanee dhaqee eegumsa godhaa jirtu sun himatamaa dabarsitee kan hin kennine yoo ta'e,yookiin bakka inni hin jirretti dhimmichi

dhagahamuu kan hin dandeenye yeroo ta'etti,seera adaba yakkaa keewwata 12 jalatti tumame raawwatiinsa ni qabaata.

Hubachiisa:keewwatni 161(3) kun tumaa hiikkaa(version) Afaan Amaariffaa keessatti tumame malee Afaan Ingiliffaa keessa hin tumamne.

Keewwata 162.Waraqaa waamichaa.

Bakka himatamaan hin jirretti dhimmichi akka ilaalamu Manni Murtii ajaja kan kenne yoo ta'e:

a) Ajajni Mana Murtii kun guyyaa ibsa tarree yakkichaa himannaa himatamaan ittiin himatame dhagahuuf beellamametti himatamaan osoo hin dhiyaatin yoo hafe,bakka inni hin jirretti kan murtaa'u ta'uu kan ibsu waraqaan waamichaa beeksisa Gaazeexaatiin akka bahu Manni Murtii ni ajaja.
b) Himatamaaf ni dhaqqaba jedhamee yoo yaadame karaa biraa xalayaan waamichaa dhaqqabu Manni Murtii ajajuu ni danda'a.

Keewwata 163.Dhimmicha dhagahuu fi murtii kennuu.

(1) Bu'uura keewwata 162 ibsameetiin himatamaan kan hin dhiyaanne yoo ta'e,himannichi akka himannaa kamiyyuu itti fufa.
(2) Ragaan abbaa alangaa erga dhagahameen booda,abbaan alangaa yaada xumuraa ni kenna.
(3) Manni Murtichaas akka himannaa idilee kamiyyuu murtii ni kenna.

Keewwata 164.Murtii kufaa gochuu/dhimmichi duubatti deebi'amee ilaalamu.

Murtiin sababoota keewwata 197-202 jalatti ibsamaniitiin kufaa akka ta'u yookiin duubatti deebi'amee akka ilaalamu iyyata dhiyeessuun ni danda'ama.

Kutaa Lama

Himataan Dhuunfaa Mana Murtii Dhihaachuu Dhabuu

Keewwata 165.Himataan dhuunfaa dhiyaachuu dhabuu.

(1) Guyyaa dhimmicha ilaaluuf beellamametti himataan dhuunfaa sababa gahaa malee osoo hin dhiyaatin yoo hafe,Manni Murtichaa himannicha haqee himatamaan himannaa irraa ala akka ta'u ajaja ni kenna.
(2) Bu'uura keewwata muraa (1) tiin yeroo himanni haqamu,himataan dhuunfaa himannaa haqame guyyaa kudha shan keessatti himanni irra deebi'amee akka ilaalamuuf Mana Murtii gaafachuu ni danda'a.Himataan dhuunfaa guyyaa dhimmicha dhagahuuf beellamametti kan hafeef sababa humnaa ol ta'een ta'uu Mana Murtii yoo hubachiise malee Manni Murtichaa iyyata hin fudhatu.
(3) Iyyaticha guyyaa kudha shan keessatti yoo hin dhiyeessine yookiin iyyaticha Manni Murtii osoo hin fudhatin yoo hafe(haqe) gama himataa dhuunfaa ilaallatuun himannaa haquun isa dhumaa ta'a.

Keewwata 166.Himatamaan dhiyaachuu dhabuu.

Himatamaan yeroo biraa(himatamaan yoo hin dhiyaanne) tumaaleen 162 fi 163 jalatti ibsaman raawwatiinsa hin qaban.Manni Murtichaas himatamaan akka qabamu ajaja ni kenna.

Boqonnaa Lama

Adeemsa Yakka Dambii Darbuu

Keewwata 167.Himatamaaf xalayaa waamichaa erguu.

(1) Yakki dambii darbuu raawwatamee yoo argame,abbaan alangaa yookiin himataan dhuunfaa himatamaan akka waamamu Manni Murtii waraqaa waamichaa akka kennu ni gaafata.
(2) Iyyataa fi xalayaa waamichaa irratti maqaa himatamaa,haala yakki dambii darbuu raawwatamee fi seera himanni dhiyaate keewwaticha waliin barreessuu qaba.

Keewwata 168.Namni yakka dambii darbuun himatame balleessaa ta'uu isaa barreeffamaan amanuu danda'a.

Himatamaan waraqaa waamichaa irratti yakka ittiin himatame balleessaa ta'uu isaa kan amanu ta'uu barreeffamaan ibsee Mana Murtiitiif erguu ni danda'a.Kanaanis barreeffama irratti guyyaa fi mallattoo himatamaa jiraachuu qaba.Dhimma akkanaafi keewwata 169(3) jalatti ibsame akkuma eegametti ta'ee,bu'uura xalayaa waamichaatiin Mana Murtii dhiyaachuu barbaachisaa ta'uu dhabuu ni danda'a.

Keewwata 169.Adeemsaa fi Murtii.

(1) Xalayaa waamichaa irratti balleessaa ta'uu amanee barreessee Mana Murtiitiif yoo erge,Manni Murtichaa firii dubbii himannichaa abbaa alangaa irraa mirkaneessee himatamaa irratti murtii balleessummaa ni murteessa.Garagalchi murtiis himatamaaf ni erga.
(2) Manni Murtichaa adabbii maallaqaa qofa kan murteessu yoo ta'e battalumatti murtii ni kenna.
(3) Manni Murtichaa himatamaan akka hidhamu,hojii dirqamaa akka hojjatu yookiin akeekkachiisni akka kennu yookiin ceepha'uu yoo barbaade himatamaan akka dhiyaatu waraqaa waamichaa ni erga.Himatamaafis adabbii murteessuun dura akka ofirraa ittisu carraa ni kennaafi.

Keewwata 170.Himatamaan yakka dambii darbuu raawwatee himatamee Mana Murtii dhiyaate adeemsa dhimmichaa.

(1) Himatamaan waraqaa waamichaa irratti balleessaa ta'uusaa amanuun kan hin barreessine yoo ta'e,dhimmichi akka dhagahamu guyyaa fi sa'aatii beellamametti Mana Murtii ni dhiyaata.
(2) Abbaan alangaa fi himatamaan ragoota yoo qabaatan ragoota guyyaa beellamaa akka dhiyeeffatan wanta barbaachisuni raawwatu.

(3) Adeemsichi jechaan(afaaniin) raawwatama.Jecha ragaan kennu keessatti Manni Murtichaa waan ijoo qofa galmee keessa barreessa.Wanta murtiif sababa ta'ee fi seera caqasuun gabaabsee barreessee jechaan murtii ni kenna.
(4) Himatamaan himannaa dhuunfaa isarratti dhiyaate sababa gahaa malee guyyaa beellamaatti osoo hin dhiyaatin hafe ta'e,Manni Murtichaa battalumatti murtii ni kenna.

Boqonnaa Sadi

Adeemsa Himannaa Yakkaa Dargaggoo Gaa'ela Hin Geenye

Keewwata 171.Qajeeltoo.

Himanni yakkaa ijoollee gaa'ila hin geenye irratti dhiyaatu bu'uura seera boqonnaa kana keessatti ibsameen raawwatama.

Keewwata 172.Adeemsa himannaa yakkaa dhiheessuu.

(1) Ijoolleen gaa'ela hin geenye gocha yakkaa kamiyyuu keessa galee yoo argame,poolisiin,abbaan alangaa,maatiin yookiin guddisaan yookiin nama ijoollee kana himatuun(complainant) battalumatti Mana Murtii dhiyoo jiru Mana Murtii aangoo qabutti qabee ni dhiyeessa.
(2) Namni ijoollee gaa'ela hin geenye dhiyeesse yakkichaa fi tarree ragaa akka ibsu fi yeroo barbaachisaa ta'etti iyyata iyyannoo akka dambiitti akka dhiyeessu Manni Murtichaa ni gaafata.Jecha kennuu fi iyyata galmee irratti ni barreessa.Manni Murtichaas haala poolisiin qorannoo gaggeessu kan ibsu ajaja qajeelfamaa ni kenna.
(3) Himanni dhiyaate hidhaa cimaa waggaa kudhan ol adabsiisuun yookiin adabbii du'aatiin kan adabsiisu yoo ta'e(seera adaba yakkaa keewwata 173),abbaan alangaa iyyata himannaa qopheessee akka dhiyeessu Manni Murtii ajaja ni kenna.
(4) Dhimmicha beellamuu yookiin akka ilaalamu Mana Murtii Ol'aanutti dhiyaachuun yeroo barbaachise,ijoollee gaa'ela hin geenye guyyaa dhimmichi ilaalamu dhiyeessuu danda'an maatiif,guddisaa isaatiif,yookiin firoota isaatiif,isaan yoo hin jirre mana hidhaa utuu hin taane dhaabbata tokkoof(institution) yookiin nama amanamaa harkatti ni kenna.Ragoonni guyyaa dhimmichi dhagahamu dhiyaachuuf dirqama ni seenu.

Keewwata 173.Guddisaa nama dargaggoo gaa'ila hin geenyee gara Mana Murtii waamuu.

Ijoolleen gaa'ela hin geenye gara Mana Murtii yeroo dhiyeeffaman;maatiin,guddisaan yookiin namni biraa firri yoo hin dhiyaanne,Manni Murtichaa namootni kunniin jiraachuu gaafatee battalumatti Mana Murtii akka dhiyaatan xalayaan waamichaa akka dhaqqabu ajaja ni kenna.

Keewwata 174.Dargaggoo gaa'ela hin geenye abukaatoo akka argatu taasisuu.

a) Ijoollee gaa'ila hin geenye maatiin isaa,guddisaan yookiin firri osoo hin dhiyaatin yoo hafan;yookiin

b) Ijoollee gaa'ila hin geenye yakka hidhaa cimaa waggaa kudhan ol yookiin du'aan adabsiisuun yeroo himatame;Manni Murtichaa abukaatoo ijoolleen gaa'ila hin geenye gargaaru ni ajajaaf.

Keewwata 175.Dargaggoo gaa'ila hin geenne kutaa dhaddachaatii akka bahu gochuu.

Waan ijoolleen gaa'ila hin geenye dhagahuu hin qabne jecha ragummaaf yoo dhiyaate yookiin yaadni(ceephoon) yeroo dhagahamu wanta ijoolleen akkanaa dhagahuu hin qabne yoo ta'e;yeroo ragaan yookiin yaadni sun dhagahamu dhaddachaa ala akka bahu ni taasifama.

Keewwata 176.Dhimmicha dhagahuu.

(1) Ijoollee gaa'ela hin geenye Mana Murtii yeroo dhiyaate dhimmichi hunduu kan dhagahamu dhaddacha cufaa keessattiidha.Yeroo dhimmichi dhagahamu ragoonni jecha ragummaa kennan,beekaa beekumsa addaa qaban(experts) fi maatii yookiin guddisaa yookiin miseensa dhaabbata tola ooltummaa yoo ta'an malee namni kamiyyuu argamuu hin qabu.Dhimma kamiyyuu Manni Murtii Ol'aanaa yeroo dhagahu abbaan alangaa argamuu qaba.
(2) Dhaddachi dhimma ijoollee gaa'ila hin geenye ittiin himatame ilaalu,dhimma biraatiin moggaafamee haalaa fi akkaataa dubbisuu irraa adda ta'uu qaba.
(3) Himannaa yookiin iyyata bu'uura keewwata 172(2) tiin dhiyaate yookiin iyyata himannaa bu'uura keewwata 172(3) tiin dhiyaate ijoolleen gaa'ila hin geenyeef erga dubbifameen booda himannaa yookiin iyyata irratti deebii kennu qabaachuu ni gaafatama.
(4) Deebii himatamaan kennu himannaa yookiin iyyannoo dhiyaate guutumaan guutuutti beekee/hubatee kan amane ta'uu ifa ta'ee Mana Murtiitiif yeroo mul'ate,deebii ijoollee gaa'ela hin geenye kennan galmee keessatti barreessee battalumatti murtii balleessummaa kennuu ni danda'a.
(5) Himatamaan yakka ittiin himatame hunda erga hubateen booda himannaa yookiin iyyannoo kan hin amanne yoo ta'e,himannaa yookiin iyyannoo dhiyaate rageessuuf ragoota waamaman Manni Murtichaa ni gaafata.Ijoollee gaa'ila hin geenye yookiin bakka bu'aan isaa yookiin abukaatoon ragaa kamiyyuu akka waamamu gochuu ni danda'a.
(6) Manni Murtii ragoota hunda gaaffiin qorateen booda gareen himatamaa gaaffii qaxxaamuraa gaafachuu ni danda'a.Jechi kennamu hunduu galmee irratti barraa'uu qaba.
(7) Ragaan dhagahamee xumuramee fi gareen himatamaa waa'ee dhimmichaa haala waliigalaan yaada kenneen booda,Manni Murtichaa murtii ni kenna.

Keewwata 177.Murtii.

(1) Murtiin bu'uura seera kamiitiin akka kenname murtii keessatti ni tuqama.Ijoolleen gaa'ila hin geenye balleessaa ta'ee yoo hin argamne battalumatti bilisaan gadi lakkifama.Yeroo balleessaa ta'ee argame,adabbii malu yookiin bu'uura seera adaba yakkaa keewwata 162 fi itti aananii jiraniin of eeggannoo barbaachisu yookiin adabbiin ni murtaa'a.
(2) Murtii ijoollee gaa'ila hin geenye fayyadu kennuuf dandeessisu waa'ee amala ijoollee sanaa fi waa'ee balleessaa duraa gaafachuuf bakka bu'aa dhaabbata kamiyyuu yookiin nama kamiyyuuManni Murtichaa waamuu ni danda'a.

(3) Jecha namoonni kunniin kennan erga dhagahameen booda,gareen himatame deebii akka kennuu fi waa'ee amalaa ilaalchisee ragaa waamuu ni danda'a.Ragoota kanniinis Manni Murtii erga gaafateen booda gareen himatame waa'ee adabbii jechaan(afaaniin) iyyachuu ni danda'a.
(4) Murtiin kan kennamu akka himannaa idilee kamiyyuttiidha.Manni Murtii murticha ijoollee gaa'ila hin geenyeef erga hubachiiseen booda amala isaa akka sirreeffatu ni akeekkachiisa.

Keewwata 178.Ajaja maatii fi guddisaa irratti kennamu.

Manni Murtichaa ijoollee gaa'ila hin geenye ilaalchisee maatiin yookiin namoota seeraan itti gaafatamaa ta'an hojiiakkaataa maluun eegumsa gochuu dhabuu fi qabuu dhabuu isaanii yoo hubate(where it appears that they have failed to carry out their duties),maatii yookiin namoota seeraan itti gaafatamaa ta'an akeekkachiisuu,dheekkamuu(admonish) yookiin qeequu ni danda'a.

Keewwata 179.Yeroo tokko tokko iddoo dargaggoo gaa'ela hin geenye guddatu Manni Murtii yoo murteesse maatiin/namoonni itti gaafatamoo ta'an durgoo/baasii danda'uu.

(1) Maatiin yookiin namootni seeraan itti gaafatamoo ta'an ijoollee gaa'ila hin geenye sababa akkaataa maluun eegumsa gochuu dhabuu fi qabuu dhabuu Manni Murtichaa yoo hubate,ijoolleen harka nama biraa akka guddatu yookiin iddoo amanu yookiin dhaabbata fooyyee qabutti yeroo ergu,baasii guddinaa fi jireenyaaf taasifamu guutuu yookiin gamisa maatiin yookiin namoonni seeraan itti gaafatamoo ta'an akka kanfalan Manni Murtichaa ajajuu ni danda'a.
(2) Hamma dirqama kanaa fi yeroo murtii keessatti murteessuu qaba.

Keewwata 180.Ajaja dargaggoo gaa'ela hin geenye irratti kenname jijjiiruu yookiin fooyyeessuu.

Manni Murtii ajaja dargaggoo gaa'ela hin geenye irratti kenne kamiyyuu kaka'umsa mataa isaatiin yookiin iyyata itti gaafatamaa ijoollee gaa'ila hin geenyeen yookiin nama adaraan kennameetiin yookiin dhaabbanni yeroo iyyatu bu'uura ijoollee kanaaf fayyaduutiin ajaja jijjiiruu yookiin fooyyeessuu ni danda'a.

KITAABA SHANAFFAA

Ol'iyyannoo fi Himatamaan Murtii Bakka Inni Hin Jirretti Kenname Diigsisuuf Iyyata Dhiheessu

MATA DUREE TOKKO

Ol'iyyannoo

Keewwata 181.Qajeeltoo.

(1) Dhaddachi yakkaa himatamaan balleessaa ta'uu yoo murteesse,yeroof too'annaa jalaa gadi lakkifamuu yookiin bilisaan gaggeessuun yoo ta'es murtii akkanaa kennu irratti ol'iyyannoon dhiyaatu hundi bu'uura kitaaba kana jalatti ibsameen ni raawwatama.
(2) Ol'iyyannoon lammaffaa bu'uura tumaa keewwata 182 tiin dhiyaata.

Keewwata 182.Mana Murtii ol'iyyannoo dhagahuuf aangoo qabu.

(1) Murtiin kennamu ol'iyyannoo sadarkaa itti aanan kanaan ni dhiyaata:
    a) Mana Murtii Aanaa irraa bulchiinsi Aanaa argamu keessatti Manni Murtii Awuraajjaa aangoo qabutti;
    b) Mana Murtii Awuraajjaa irraagara Mana Murtii Ol'aanaatti;
    c) Mana Murtii Ol'aanaa irraa gara Mana Murtii Waliigalaa Mootichaatti.
(2) Murtiin kenname ol'iyyannoon lammaffaasadarkaa itti aanu kanaan ni dhiyaata:
    a) Manni Murtii Awuraajjaa dhimma ol'iyyannoo dhagahuun ilaale ol'iyyannoon gara Mana Murtii Ol'aanaatti;
    b) Manni Murtii Ol'aanaa ol'iyyannoon ilaale ol'iyyannoon gara Mana Murtii Waliigalaa Mootichaatti.

Keewwata 183.Iyyannoo dhaddacha Mootii Impaayeraa biratti dhiyaatu.

(1) Bu'uura keewwata 182 tiin ol'iyyataan mirga ol'iyyannoo duguugee fayyadame dhimmicha irra deebi'amee akka ilaalamuuf Mootii Impaayeraatti ol'iyyachuuf tumaan keewwata 182 jalatti ibsame isa hin daangeessu.
(2) Ol'iyyannoo dhaddacha Mootii Impaayeraatti dhiyeessu waliin:
    a) Ol'iyyataan garagalcha murtii yookiin murtiiwwaniisababa hin quufneef komii qabu irratti;
    b) Ol'iyyataan sababa dhimmichi irra deebi'amee akka ilaalamuuf barbaadu ol'iyyannoo irratti gabaabsee ibsee wal qabsiisee dhiyeessuu qaba.

Keewwata 184.Ajaja irratti ol'iyyannoon kan hin jirre ta'uu.

Haalota armaan gaditti jiraniin ajaja Manni Murtii kennu irratti ol'iyyannoo gaafachuun hin danda'amu:

a) Bu'uura keewwata 94 tiin beellama kennuu yookiin kennuu dhabuu;yookiin
b) Bu'uura keewwata 131 tiin mormii dhiyaatu;yookiin
c) Bu'uura keewwata 146tiin ragaa fudhachuu yookiin fudhachuu dhabuu.
   Garuu,murtii balleessummaa kenname,yeroof gadi lakkisuu yookiin bilisa gadi lakkisuun murtiin kennamee ol'iyyannoon yeroo gaafatamu ajajoonni akkanatti kennaman ol'iyyannoo dhiyeessuuf sababoota ta'uu danda'u.

Keewwata 185.Murtii balleessummaa kenname yookiin adabbii irratti ol'iyyannoo gaafachuu.

(1) Namni itti murtaa'e murtii balleessummaa kennamee fi adabbii irratti ol'iyyannoo gaafachuu ni danda'a.
   Garuu,himatamaan yakka ittiin himatame kan amane ta'ee bu'uura amantaa isaatiin murtiin balleessummaa erga kennameen booda hamma adabbii yookiin adabbiin seerawaa ta'uu dhabuu

ibsuun ol'iyyannoo gaafachuu danda'a malee murtii balleessummaa kenname irratti ol'iyyannoo gaafachuu hin danda'u.

(2) Abbaan alangaa yookiin himataan dhuunfaa Manni Murtii ajaja yeroof gadi lakkisuun kennu yookiin bilisaan gadi lakkisuun murtii kennu irratti yookiin adabbiin gahaa miti jechuun ol'iyyannoo gaafachuu ni danda'a.

(3) Ijoolleen gaa'ila hin geenye yookiin namni dandeettii hin qabne ol'iyyannoo yeroo gaafatu ol'iyyannoo kan dhiyeessuuf bakka bu'aa seeraa isaatiini.

Keewwata 186.Miidhamaan beenyaa gaafate irratti ol'iyyannoo dhiyeessuu.

(1) Bu'uura seera adaba yakkaa keewwata 100 tiin beenyaa argachuun hin maluufi jedhee kan murteesse yoo ta'e,gareen miidhame murtii kana irratti ol'iyyannoo gaafachuu ni danda'a.

(2) Manni Murtichaa namni miidhame beenyaa argachuu qaba jedhee yeroo murteesse himatamaan murtii irratti ol'iyyannoo gaafachuu ni danda'a.

(3) Hamma beenyaa murtaa'e bu'uura seera hariiroo hawaasaa keewwata 2153 tiin ol'iyyannoo dhiyeeffachuun ni danda'ama.

(4) Bu'uura keewwata kanaatiin ol'iyyannoon yeroo gaafatamu murtii balleessummaa kenname yookiin adabbiin murtaa'e ol'iyyannoon yoo dhiyaate ol'iyyannoo kan dhagahu Mana Murtii dhaddacha yakkaa ol'iyyannooti.Garuu,murtii balleessummaa kenname yookiin adabbii irratti yeroo ol'iyyannoon hin gaafatamne yookiin ol'iyyannoo yeroo dhiise ol'iyyannoo murtii beenyaa kan dhagahu Mana Murtii dhaddacha hariiroo hawaasaa ol'iyyannooti.

Keewwata 187.Ol'iyyannoo beeksisuu fi iyyata ol'iyyannoo.

(1) Ol'iyyannoo gaafachuu beeksisuuf iyyanni raawwatamu ol'iyyataan yookiin abukaatoon waan ol'iyyannoo jedhu murtiin kennamee guyyaa kudha shan keessatti dhiyeeffachuu qaba.Iyyata ol'iyyannoo barreeffamaan beeksifame kutaa ofisara seeraa(registrar) tiif dhaqqabeeti,ofisarri seeraa murtii ol'iyyannoo irratti gaafatame garagalchee ol'iyyataaf yookiin abukaatoo isaatiin ni kenna.Ol'iyyataan Mana hidhaa jira yoo ta'e ofisarri seeraa garagalchi murtii ol'iyyannoon irratti gaafatame ol'iyyataaf akka dhaqqabu hoogganaa Mana sirreessaatiif ni erga.Guyyaa garagalchi murtii garagalfamee xumurame,guyyaa ol'iyyataaf yookiin abukaatoof yookiin hoogganaa Mana Sirreessaatiif dhaqqabe ofisarri seeraa mallattoon ni mirkaneessa.

(2) Iyyanni ol'iyyanno bu'uura keewwata 189 tiin dhiyaatu garagalchi murtii dhaqqabee guyyaa soddoma keessatti kutaa ofisara seeraa Mana Murtii murtii kennetti dhiyaachuu qaba.

(3) Himatamaan mana hidhaa kan jiru yoo ta'e hoogganaan Mana Sirreessaa utuu hin turin iyyata ol'iyyannoo Mana Murtii murtii ol'iyyannoon irratti gaafatame kennetti erguu qaba.

(4) Garagalchi iyyata ol'iyyannoo deebii kennaaf akka kennamu gochuu qaba.

Keewwata 188.Murtiin akka hin raawwatamne dhoorkuu.

(1) Ol'iyyataan balleessaa ta'ee irratti murtaa'e beeksisa ol'iyyannoo kenne yoo ta'e,ol'iyyannoon osoo hin dhagahamin yookiin ol'iyyataan ol'iyyannoo yoo dhiise malee adabbiin murtaa'e hin raawwatamu.
(2) Himatamaan hanga ol'iyyannoon murtaa'u wabiin yoo gadi lakkifame,adabbiin hidhaa hanga Manni Murtii Ol'iyyannoo dhagahu murtii kennutti hin jalqabu.
(3) Manni Murtii ol'iyyannoon irraa gaafatame ajajoonni akka raawwataman of eeggannoof kennaman ol'iyyannoon gaafatame ta'us raawwachuu qabu.
(4) Murtii waa'ee beenyaa yookiin baasiif kisaaraa irratti kenname raawwachuu hin daangeessu.
(5) Ol'iyyanni dhagahamuun dura yeroo kamiyyuu yookiin yeroo ol'iyyannoon dhagahamu kamiyyuu murtiin dhoorkamee akka turu Mana Murtii Ol'iyyannoo dhagahutti iyyachuun ni danda'ama.

Keewwata 189.Qabiyyee iyyata ol'iyyannoo.

(1) Iyyatni ol'iyyannoo sababoota mormii(komii) murtii ol'iyyannoon irratti gaafatame gabaabsee adda baasee dhimmoota ijoo ijoo bifa falmiitiin osoo hin ceepha'in ibsa tarreetiin barreessuu qabu.Iyyata ol'iyyannoo waliin garagalchi murtii ol'iyyannoon gaafatame dhiyaachuu qaba.Iyyanni ol'iyyannoo ol'iyyataan waan seerummaa akka murtaa'uuf gaafatu kan ibsu ta'uu qaba.
(2) Iyyata ol'iyyannoo irratti ol'iyyataan mataa isaatiin fi abukaatoo qaba yoo ta'e abukaatoon mallatteessuu qaba.

Keewwata 190.Mana Murtii ol'iyyannoo dhagahuuf Galmee iyyata ol'iyyannoo,odeeffannoo fi ciraaergamu.

(1) Manni Murtii murtii ol'iyyannoon irratti gaafatame kenne garagalchi iyyata ol'iyyannoo akkuma dhaqqabeen yeroo guyyaa kudha shan hin caalle keessatti garagalcha galmee fi galmee ol'iyyannoo(yoo jiraate),ol'iyyata gaafadha jedhee iyyata ol'iyyannoo beeksise waliin odeeffannoowwan dabalatee Mana Murtiii Ol'iyyannoo dhagahutti ni erga.
(2) Galmee garagalchuun dhimmicha ol'iyyannoon ilaaluu kan tursiisu yoo ta'e,Manni Murtii Ol'iyyannoo dhagahu galmee garagalchuun akka hafuu fi galmeen haadhooakka dhiyaatuuf gochuu ni danda'a.

Keewwata 191.Yeroon ol'iyyannoo darbeen booda ol'iyyannoo dhiyeessuuf eeyyama argachuuf iyyata dhiyaatu.

(1) Manni Murtii murtii ol'iyyannoon irratti gaafatame kenne beeksisni ol'iyyannoo yookiin iyyata yeroon erga darbeen booda kan dhiyaateef yoo ta'e hin fudhadhu jechuu ni danda'a.Yeroo kana namni iyyata ol'iyyannoo yookiin iyyata dhiyeessu yeroon ol'iyyannoo darbe booda ol'iyyannoo dhiyeessuuf akka hayyamamuuf iyyata barreeffatee Mana Murtii Ol'iyyannoo dhagahutti akka dhiyeessu ni godha.
(2) Iyyannis yeroon ol'iyyannoo darbee booda dhimmichi dhagahamuu qaba sababa jedhamu fi sababa tureef ibsee hubachiisuu qaba.

(3) Manni Murtii Ol'iyyannoo dhagahu yeroon ol'iyyannoo kan darbe sababa balleessaa ol'iyyataa hin taaneen ta'uu yoo hubate malee,ol'iyyanni yeroon irra darbe akka ilaalamu hin eeyyamu.
(4) Yeroon erga darbeen booda ol'iyyannoon akka ilaalamu Manni Murtii Ol'iyyannoo dhagahu kan murteesse yoo ta'e,guyyaa iyyanni ol'iyyannoo dhiyaatu ni muteessa.

Keewwata 192.Dhimmicha dhagahuu.

Mana Murtii Ol'iyyannoo dhagahutti walitti qabaan abbaa seeraa guyyaa ol'iyyanni dhagahamu murteessee falmitootaaf itti hima.Ol'iyyataan ol'iyyannoo hubachiisuu ni jalqaba.Deebii kennaanis deebii ni kenna.Ol'iyyataan deebii deebii kennuuf mirga qaba.

Keewwata 193.Yeroo ol'iyyannoon dhagahamu falmitoota keessaa gareen tokko osoo hin dhiyaatin yoo hafe.

(1) Ol'iyyataan yookiin abukaatoon guyyaa ol'iyyannoon dhagahamu itti himamee guyyaa murtaa'e osoo hin dhiyaatin yoo hafe ol'iyyannoon ni haqama.
Garuu,ol'iyyataan yookiin abukaatoon sababa humnaa oliitiin osoo hin dhiyaatin hafuu kan mirkaneesse yoo ta'e,ol'iyyanni akka dhagahamu gochuun ni danda'ama.
(2) Deebii kennaan yookiin abukaatoon yoo hin dhiyaanne ta'e bakka isaan hin jirretti dhimmichi itti fufa.

Keewwata 194.Ragaa dabalataa.

(1) Manni Murtii Ol'iyyannoo dhagahu yeroo ol'iyyannoo dhagahu ragaan dabalataa kan barbaachisu ta'uu yoo hubate,sababa ragaan dabalataa barbaachiseef galmee irratti barreessee ragaa fuudhuu ni danda'a.
(2) Ragaan bu'uura keewwata muraa (1) tiin fuudhamu ragaa dhiyaate akka Manni Murtii sadarkaa jalqabaa dhimmicha yeroo dhagahu fuudhetti lakkaa'ama.

Keewwata 195.Aangoo Mana Murtii Ol'iyyannoo dhagahu.

(1) Yeroo ol'iyyannoon dhagahamu dhimmicha keessa seenuuf sababni gahaan kan hin jirre ta'uu yoo hubate,Manni Murtii Ol'iyyannoo dhagahu ol'iyyannoo haquun qaba.
(2) Dhimmicha keessa seenuuf sababni gahaan kan jiru ta'uu yoo hubate,Manni Murtii Ol'iyyannoo ilaalu kanneen armaan gadii ni raawwata:
    a) Himatamaa bilisa gadi lakkisuun yookiin yeroof gadi lakkisuun ajaja kenname irratti ol'iyyannoon gaafatame yoo ta'e,ajaja haqee Mana Murtii aangoo qabutti dhimmichi irra deebi'amee akka ilaalamu ajajuu yookiin balleessaadha yoo jedhe akkaataa seeraatiin Manni Murtichaa adabbii murteessuu ni danda'a;yookiin
    b) Murtii balleessummaa kennamee fi adabbii irratti ol'iyyannoon yoo gaafatame:
        1) Murtii balleessummaa kennamee fi adabbii haqee himatamaa bilisaan gaggeessuu ni danda'a yookiin

2) Murtii jijjiiree yookiin osoo hin jijjiirin adabbii cimsuu,dabaluu yookiin hir'isuun.

(c) Murtii balleessummaa kenname qofa irratti yeroo ol'iyyannoon gaafatame,murtii fi adabbii haqee himatamaa bilisaan gaggeessuu ni danda'a.

(d) Adabbii qofa irratti ol'iyyannoon yeroo gaafatame adabbii ni cimsa,ni ida'a yookiin ni hir'isa.

(3) Manni Murtii ol'iyyannoo dhagahu murtii balleessummaa kenname cimsee adabbii yoo jijjiire yookiin adabbii cimsee murtii balleessummaa yoo jijjiire,murtii balleessummaa yookiin adabbii akka jijjiiru jedhamee murtaa'e irratti qofa yeroo lammaffaaf ol'iyyachuun ni danda'ama.

Keewwata 196.Namoota murtiin irratti kenname keessaa namni tokko ol'iyyannoo yoo dhiyeesse.

(1) Ol'iyyannoon Mana Murtii ol'iyyata dhagahuuf dhiyaate namoota murtiin irratti kenname baay'ee kan ilaallatu ta'ee,garuu isaan keessaa namni tokko qofa ol'iyyannoo yeroo dhiyeesse akka armaan gaditti ibsameen yoo ta'u,murtiin Mana Murtii ol'iyyata dhagahuun kennamu namootni ol'iyyannoo hin gaafanne akka ol'iyyannoo gaafatanitti lakkaa'amee ni raawwatamaafi jechuun kan danda'amu:
   a) Murtiin ol'iyyannoon kenname ol'iyyataaf kan fayyadu yeroo ta'ee fi
   b) Himatamtoonni osoo ol'iyyataniiru ta'e isaanis murtiidhaan fayyadamuu danda'u ture kan jechisiisu yoo ta'eedha.

(2) Murtiin ol'iyyataa irratti miidhaa kan fidu yoo ta'e,namoota ol'iyyannoo hin gaafanne irratti raawwatiinsa hin qabu.

MATA DUREE LAMA

Murtii Bakka Himatamaan Hin Jirretti Kenname Kuffisuuf Iyyata Dhiyaatu

Keewwata 197.Mana Murtii aangoo qabu.

Namni tokko bakka inni hin jirretti murtiin yoo irratti kenname,Manni Murtii murticha kenne murtii sana akka kuffisuuf(irra deebi'ee akka ilaaluuf) iyyata dhiyeeffachuu ni danda'a.

Keewwata 198.Akkaataa fi yeroo iyyanni dhiyaatu.

Iyyanni bu'uura mata duree kanaatiin dhiyaatu namni bakka inni hin jirretti murtiin irratti kenname,guyyaa murtiin kenname beeke irraa kaasee guyyaa soddoma keessatti dhiyaachuu qaba.Akkasumas waan iyyata dhiyeeffachuuf sababa ta'an ibsuu qaba.

Keewwata 199.Sababoota iyyata fudhachuuf hayyamamu.

Akka armaan gaditti ibsaman hubachiisuun kan danda'amu yoo ta'e,bu'uura mata duree kanaatiin iyyanni dhiyaatu hayyamuun ni danda'ama:

a) Akka dhiyaatuuf waraqaan waamichaa kan hin dhaqqabne yoo ta'e;yookiin
b) Inni yookiin abukaatoon isaa sababa humnaa ol ta'een dhiyaachuu hin dandeenye ta'uu yoo hubachiiseedha.

Keewwata 200.Iyyanni yoo dhiyaatu adeemsa raawwatamu.

(1) Iyyatni yeroo dhiyaatu garagalchi isaa abbaa alangaatiif ergama.Iyyataa fi abbaa alangaatiif guyyaan beellamaa itti himama.
(2) Iyyataan waamichi sirnaan dhaqqabee utuu jiru guyyaa beellamametti osoo hin dhiyaatin yoo hafe,iyyanni kufaa akka ta'u/akka haqamu ni murtaa'a.

Keewwata 201.Dhimmicha dhagahuu.

(1) Iyyataan yookiin abukaatoon iyyata deeggaruun ni dubbata.Abbaan alangaas deebii ni kenna.Iyyataan deebii deebii kennuuf mirga qaba.
(2) Kanaan booda Manni Murtichaa iyyata irratti murtii ni kenna.

Keewwata 202.Murtii.

(1) Manni Murtichaa iyyata bu'uura keewwata 199 jalatti ibsameen eeyyamee kan fudhate yoo ta'e,Manni Murtii biraa aangoo qabu dhimmicha irra deebi'ee akka ilaalu ajaja ni kenna.Abbaan alangaas himannaa Mana Murtii aangoo qabutti ni dhiyeessa.
(2) Manni Murtichaa iyyaticha osoo hin fudhatin yoo hafe(kufaa yoo taasise),akka haala dhimmichaatti ajaja barbaachisaa dabalataan ni kenna.
(3) Manni Murtii iyyata osoo hin fudhatin hafee kufaa akka ta'u yoo murteesse,ol'iyyannoo gaafachuun hin danda'amu.Garuu,waa'ee adabbii murtaa'e qofa iyyanni kufaa akka ta'u jedhamee guyyaa murtaa'ee kaasee guyyaa kudha shan keessatti ol'iyyannoo yoo gaafate hin dhoorkamu.

KITAABA JAHAFFAA

Adabbii Raawwachiisuu

Boqonnaa Tokko

Tumaalee Waliigalaa

Keewwata 203.Qajeeltoo.

(1) Manni Murtii kamiyyuu dhimma yakkaa irratti murtii adabbii erga kenneen booda,bu'uura kitaaba kanaatiin adabbiin murtaa'u akka raawwatamu yookiin too'annoon akka taasifamu abbaa aangoo ilaallatuuf ajaja barbaachisu yookiin ajaja kamiyyuu ni kenna.
(2) Keewwata 188 jalatti kan ibsame sana,tumaan keewwata kanaa hin jijjiiru.

Keewwata 204.Nama murtii du'aa irratti kenname ajaja kennamu.

(1) Namni kamiyyuu murtiin du'aa yoo irratti murtaa'e,walitti qabaan abbaa seeraa ajaja akkaataa Gabatee sadaffaa bifa foormii 13ffaa jalatti ibsameen qophaa'e irratti mallatteessee mootiin Impaayeraa hanga murticha cimsutti hidhaa akka turu ajaja ni kenna.
(2) Adabbiin yoo cime,haalota ajajni adabbiin akka cimuuf taasifame irratti barraa'eetiin raawwatama.
(3) Adabbiin yoo hir'ifame,ajajni adabbii hir'isuun kenname gahaa ta'ee akkaataa ajajaatiin raawwatama.

Keewwata 205.Nama murtii bilisummaa dhuunfaa akka dhabuuf kenname ajaja kennamu.

(1) Namni kamiyyuu akka qabamu(arrest),akka hidhamu(imprisonment) yookiin bakka tokko akka hidhamu(internment) yeroo murtaa'u,walitti qabaa abbaa seeraa ajaja bu'uura kitaaba kana akkaataa Gabatee sadaffaa jalatti ibsameen barreessee mallatteesseetiin adabbiin akka raawwatamu ajaja ni kenna.
(2) Ajajni kun gahaa ta'ee hoogganaan Mana hidhaa fi namoonni biroo hundi ajaja irratti adabbii himame raawwachiisuuf aangoo qabu.

Keewwata 206.Wantoota tokko tokko yeroon adabbii akka darbu gochuu kan danda'amu ta'uu.

Namni akka qabamuuf murtaa'e yookiin namni hidhaa waggaa tokko hin caalleen akka adabamu itti murtaa'e:

a) Dubartii ulfa taate yoo ta'e;yookiin
b) Namni maatii gargaaru nama adabame sana qofa yoo ta'e fi namni kunis nageenya ummataatiif sodaachisaa kan hin taane yoo ta'e,Manni Murtichaa amala gaariitiif wabii waamsisee yeroo ji'a jaha hin caalleef adabbiin akka hin raawwatamneef dabarsuufi danda'a.

Keewwata 207.Nama murtii tumaa/flogging/ kenname irratti ajaja kennamu.

Bu'uura seera adaba yakkaa keewwata 635(3) yookiin 637(1) tiin namni tumaa(flogged) irratti murtaa'e kamiyyuu walitti qabaa abbaa seeraa ajaja bu'uura kitaaba kana akkaataa Gabatee sadaffaa foormii 16ffaa jalatti ibsameen barraa'e irratti mallatteesseetiin bu'uura seera adaba yakkaa keewwata 120(A) tiin adabbiin raawwatamuu fi iddoo raawwatamu adda baasee ajaja ni kenna.

Keewwata 208.Namoota yakkichaaf itti gaafatamoo hin taaneef ajaja kennamu.

Namni gochichaaf guutumaan itti gaafatamaa hin taane seera adaba yakkaa keewwata 134 yookiin 135 tiin yaalli(wal'aansi) akka taasifamu yookiin iddoo of eeggannoo tokkotti akka eegamu Manni Murtichaa yoo murteesse,walitti qabaan abbaa seeraa seera kana Gabatee sadaffaa foormii 15ffaa jalatti ibsameen ajaja barraa'ee mallatteesseen himatamaan Dhaabbata mijataa ta'e keessatti akka eegamu yookiin yaalii sammuu akka taasifamuufi ajaja ni kenna.

Keewwata 209.Adabbii maallaqaa galchuu.

(1) Akkaataa ajaja Mana Murtiitiin adabbii raawwachiisaan bu'uura seera adaba yakkaa keewwata 91,171(1),703 fi 710 tiin adabbii maallaqaa galii ni taasisa.
(2) Adabbii maallaqaa guutumaan guutuutti yookiin gamisaan adabbii raawwachiisaan galii gochuu yoo hin dandeenye dhimmicha Mana Murtiitiin ni beeksisa.Manni Murtichaa raawwiif yookiin seera adaba yakkaa keewwata 92,94,96,171(2),fi 709 tiin adabbii maallaqaa hojii dirqamaa yookiin adabbii mana hidhaa yookiin hidhaa gadi aanaatti akka jijjiiramu ajaja barbaachisaa ni kenna.
(3) Bakka namichi hin jirretti adabbii maallaqaa akka kanfalu yoo murtaa'e,Manni Murtichaa qabeenya nama adabbiin irratti murtaa'e irratti ajajni akka raawwatamu ni godha malee muraa (1) raawwatiinsa hin qabu.Manni Murtii battalumatti qabeenya nama balleessaa ta'ee adabbiin murtaa'e irratti raawwachiisa.

Keewwata 210.Akkaataa baasiif kisaaraa fi beenyaan kanfalamu.

Dhimma yakkaa irratti murtii Manni Murtii murteesse baasii,kisaaraa fi beenyaa akka kanfalu kan ajaju yoo ta'e,kutaan murtii ajajni baasii,kisaaraa fi beenyaa kenname akka dhimma seera hariiroo hawaasaatti raawwatama.

Keewwata 211.Qabeenya dhaaluu.

(1) Akkaataa seera adaba yakkaa keewwata 272 tiin qabeenyi akka dhaalamu jedhamee ajajni yoo kenname,Manni Murtichaa bu'uura seera adaba yakkaa keewwata 97 tiin qabeenya qabamu adda baasee ibsuun murtii raawwachiisaan qabeenyuma kana akka qabu ajaja ni kenna.
(2) Murtii raawwachiisaan qabeenya erga qabeen booda,abbaan aangoo waan kana irratti aangoo qabu qabeenya murtii raawwachiisaan qabe sana nama/namoota biroof harkaan akka gahu jedhamee hanga ajajaan ibsamutti qabee ni tura.Murtii raawwachiisaan qabeenya yeroo kennu nagahee qabeenya tokko tokkoon ibsu nama/namoota qabeenya sana dabarsee kenne irraa ni fudhata.
(3) Maatiin nama itti murtaa'e qabeenya dogoggoraan dhaalame akka gadi lakkifamuuf Mana Murtii gaafachuu ni danda'u.

Keewwata 212.Qabeenya qabsiisuu.

(1) Namni tokko bakka hin jirretti akkaataa seera adaba yakkaa keewwata 272 tiin yakkoota ibsaman qabeenyi akka qabamu yoo murtaa'e,Manni Murtichaa bifa akka itti aanuutiin ajaja ni kenna:
    a) Murtii raawwachiisaan bu'uura seera adaba yakkaa keewwata 98 tiin qabeenya qabamuu qabu akka qabuu fi qabeenya ajajus adda baasee ibsuu qaba;
    b) Qabeenya kan bulchu(eegu) muuduu fi bulchaanis yeroo muudame murtii raawwachiisaan nagahee ibsa tarree qabeenyaa fudhatee qabeenya bulchaa harkaan ni gaha.
(2) Qabeenyi seera adaba yakkaa keewwata 97(3) jalatti ibsaman kamiyyuu akka hin qabamne gochuuf dirqamni murtii raawwachiisaati.Maatiin nama itti murtaa'ee qabeenya dogongoraan qabame kamiyyuu akka gadi lakkifamuuf bulchaa qabeenyaatiif iyyachuu ni danda'u.
(3) Ajajni qabiinsaa bu'uura (1) tiin kenname abbaa aangoo dhimma kanaaf aangoo qabu akka ka'uuf Mana Murtii hanga gaafatutti ajajni raawwatiinsa qaba.Garuu,abbaan aangoo kun ajajni akka

ka'uuf yoo iyyate qabeenyi akka qabamu jedhamee ajajni kenname ka'ee bulchaan qabeenyaa herrega sirrii dhiyeessee dirqama irraa bilisa akka ta'u Manni Murtichaa ajaja ni kenna.

Keewwata 213.Dargaggoo gaa'ela hin geenye ilaalchisee ajaja kennamu.

(1) Manni Murtichaa seera adaba yakkaa keewwata 162,165,166,173,yookiin 703 tiin ijoollee gaa'ela hin geenye ilaalchisee ajaja yoo kenne,walitti qabaa abbaa seeraa mallatteessee akka haala isaatti itti gaafatamaa kutaatiif,hoji-gaggeessaaf,daayireektara mana barumsaatiif yookiin gonfaa itti gaafatamaa(officer in charge) tiif ajajicha ni erga.Ajajicha irratti bu'uura ibsameen ijoollee gaa'ela hin geenye irratti waan barbaachisu raawwachuuf aangoo gahaadha.
(2) Ijoollee gaa'ila hin geenye akkaataa seera adaba yakkaa keewwata 163 tiin ajajni yeroo kennamu,walitti qabaan abbaa seeraa namoota seera adaba yakkaa keewwata 163 jalatti ibsaman keessaa tokkoof mallatteessee ajaja ni erga.Bu'uura ajaja irratti ibsameen ijoolleen gaa'ila hin geenye irratti waan barbaachisu raawwachuuf aangoo gahaa qaba.
(3) Ijoollee gaa'ela hin geenye adabbii harcummee(caning) bu'uura seera adaba yakkaa keewwata 172 yoo murtaa'e,adabbii harcummee namummaan(qaamni) isaa kan danda'u yoo ta'e haakimaan qoratamee akka mirkanaa'u walitti qabaan abbaa seeraa ni ajaja.Qaamni isaa kan danda'u ta'uu erga mirkanaa'een booda adabbii harcummee(corporal punishment) iddoo bilisaa maatii keessaa umrii hangafaan(family elder) yookiin nama biraa abbaan seeraa fileen haakima qoratee fi maatii firri ijoollee gaa'ila hin geenye bakka jiranitti yookiin guddisaan bakka jirutti ni raawwatama.

Keewwata 214.Waa'ee hojii dirqamaa,adabbii dabalataa fi of eeggannoo fudhatamu.

Seera adaba yakkaa keewwata 102,103,122,144,146,147,149-154,158-160,178,179,715,716 yookiin 718-720 tiin ajajni yoo kenname garagalchi firiin dubbii murtichaa abbootii aangoo rogummaa qabanitti akka dhaqqabu fi waan barbaachisu akka godhan Manni Murtichaa ajaja ni kenna.

Keewwata 215.Ajaja murtii raawwachiisuu galmee keessatti barreessuu.

Manni Murtii ajaja wa'ee raawwii adabbiitiif kennu kamiyyuu galmee irratti ni barreessa.Guyyaa ajajni raawwatame ibsu galmee irratti ni barreessa.Barbaachisaa yoo ta'es sababa ajajni raawwatamuu hin dandeenyeef galmee irratti ni barreessa.

Boqonnaa Lama

Waa'ee Ajajoota Adabbii Kennaman Jijjiiruu

Keewwata 216.Qajeeltoo.

(1) Ajaja bu'uura keewwata muraa xiqqaa(2) tiin kennuun yeroo barbaachisaa ta'e,Manni Murtii adabbii murteesse mataan isaa ajaja ni kenna.
(2) Haalonni armaan gaditti ibsaman yeroo mudatan:

a) Akkaataa seera adaba yakkaa keewwata 132 tiin bulchiinsa cimaa dirqamsiisuun(enforcement of internment);
b) Bu'uura seera adaba yakkaa keewwata 136 fi 137 tiin balleessitoota guutumaan guutuutti itti gaafatamummaa hin qabne ajaja kenne jijjiiruun;
c) Akkaataa seera adaba yakkaa keewwata 140(2) yeroo hidhaa dheereessuun;
d) Bu'uura seera adaba yakkaa keewwata 198,202(3) fi 204 tiin yeroo balleessichaaf kenname hambisuun yookiin dambii balleessicha irratti murtaa'u jijjiiruun;
e) Bu'uura seera adaba yakkaa keewwata 131,207,209-212 tiin daangaa korooraan gadi lakkisuun;
f) Bu'uura seera adaba yakkaa keewwata 124(2) fi 156 tiin ajaja kennuuf muraan tokko raawwatiinsa qaba.

(3) Ijoollee gaa'ela hin geenye ilaalchisee ajajni kennamu seera kana keewwata 108 tiin jijjiiruun ni danda'ama.

Keewwata 217.Adeemsaa fi murtii.

(1) Namni itti murtaa'e mataan isaa yookiin bakka bu'aa seeraa isaa,abbaan alangaa yookiin adabbii murtaa'e akka raawwachiisuuf yookiin raawwatiinsa akka too'atu kan hayyamame namni kamiyyuu yookiin abbaan aangoo kamiyyuu iyyata dhiyeeffatanii yoo iyyatan malee Manni Murtichaa bu'uura Boqonnaa kanaatiin ajaja hin kennu.
(2) Manni Murtichaa ajaja kennuun dura ajajicha nama ilaallatuu fi waan Manni Murtii beekuu barbaadu namni ibsuu danda'u akka dhiyaatu waraqaan waamichaa ni ergaaf.Kunis murtiin dura qorannoon akka qulqullaa'uuf barbaachisaa yeroo ta'etti Manni Murtichaa ajaja ni kenna.
(3) Manni Murtichaa namoota waaman afaaniin gaafatee fi waan barbaachisu erga ibsameefi booda murtii ni kenna.Namni murtiin kennamu osoo hin dhiyaatin kan hafe yoo ta'e,bakka hin jirretti murtiin kennama.
(4) Jechi Mana Murtiitti kenname kamiyyuu jechaan fi murtiin galmee irratti ni barraa'a.
(5) Bu'uura keewwata kanaatiin murtiin kennamu ol'iyyannoo gaafachuun hin danda'amu.Murtiinis kitaaba kana boqonnaa tokkoffaa tiin ni raawwatama.

Boqonnaa Sadi

Waa'ee Moggaasuu

Keewwata 218.Iyyata moggaafamuuf dhiyeeffatamu.

(1) Namni itti murtaa'e yookiin bakka bu'aa seeraa isaa seera adaba yakkaa keewwata 243 fi 244 jalatti ibsaman kan raawwatame ta'uu yoo hubate,adabbiin dursa kenname haqamee akka moggaafamu Mana Murtii adabbii murteessetti iyyachuu ni danda'a.

(2) Iyyatni barreeffamaan ta'ee sababeeffamee ibsamuu qaba.Seera adaba yakkaa keewwata 243 fi 244 jalatti ibsaman kan raawwatame ta'uu odeeffannoon Manni Murtichaa akka hubatuuf barbaachisan waliin dhiyaata.

Keewwata 219.Adeemsaa fi murtii.

(1) Manni Murtichaa dhaddacha cufaatiin iyyata irratti murtii ni kenna.Manni Murtii murtii kennuun dura barbaachisaa yoo ta'e dhimmichi akka qulqullaa'u yookiin ragaa dabalataa akka dhiyeessu ajajuu ni danda'a.
(2) Manni Murtii iyyata hayyamee kan fudhate yoo ta'e,akkaataa seera adaba yakkaa keewwata 245 tiin akka raawwatamuu fi adabbii murtaa'e haqee maqaa moggaafamaa galmee poolisii keessatti balleessaadha jedhamee galmaa'ee ture akka haqamu ajaja ni kenna.
(3) Manni Murtichaa iyyata eeyyamee yoo hin fudhanne/iyyata kufaa yoo taasise seera adaba yakkaa keewwata 246 jalatti ibsame raawwatiinsa qaba.
(4) Murtiin bu'uura keewwata kanaatiin kenname barreeffamaan ta'ee sababni dabalamee ibsamuu qaba.Murtiinis dhaddacha ifaa ummata fuulduratti dubbifamuu fi Gaazeexaan bahuu/maxxanfamuu qaba.
(5) Bu'uura keewwata kanaatiin murtii Manni Murtii kamiyyuu kennu ol'iyyannoo hin qabu.

KITAABA TORBAFFAA

Dhimma Yakkaa Irratti Baasiif Kisaaraa Kanfalamu

Keewwata 220.Himannaa yakkaa abbaan alangaa dhiyeessuuf baasiif kisaaraa.

(1) Himannaa gama abbaa alangaatiin dhiyaatu baasiif kisaaraa hunda ol'iyyannoo dabalatee mootummaatu itti gaafatama/danda'a.
(2) Sababa nama irratti murtaa'eetiin himannaa abbaan alangaa dhiyeesse baasiif kisaaraa addaa baasise yoo ta'ee fi namni itti murtaa'e qabeenya qaba yoo ta'e adabbii seeraan murtaa'e dabalataan baasiif kisaaraa hunda yookiin gamisa karaa kutaa ofisara seeraatiin akka kanfalu Manni Murtii ajajuu ni danda'a.
(3) Himannaa iyyannoo dhuunfaan dhiyaate karaa abbaa alangaatiin himanni idilee dhiyaateen booda,namni miidhame iyyata kan dhiise yoo ta'e bu'uura seera adaba yakkaa keewwata 221 tiin himannaa yakkaatiif baasiif kisaaraa bahe hunda itti gaafatamaa ta'a.

Keewwata 221.Himannaa iyyannoo dhuunfaaf baasiif kisaaraa.

(1) Baasiif kisaaraa dhimmoota himannaa iyyannoo dhuunfaan dhiyaatan hunda bu'uura keewwata 46 tiin himataan dhuunfaa itti gaafatama.
(2) Himanni iyyannoo dhuunfaa dhiyaatee himatamaan bilisaan kan gadi lakkifame yoo ta'e fi himannaa kan dhiyeesse ilaalcha gaariin kan hin taane(bad faith) ta'uu Manni Murtii yoo

hubate,baasiif kisaaraa himatamaan baase hunda yookiin gamisa himataan dhuunfaa akka kanfalu Manni Murtichaa ajajuu ni danda'a.

(3) Himanni dhuunfaa bu'uura keewwata 48 tiin kan dhoorkame yoo ta'e baasiif kisaaraa himannaa dhuunfaa hundaaf mootummaan gaafatamaadha.

Keewwata 222.Garee miidhame.

(1) Gareen miidhame dhimma yakkaa keessatti beenyaan akka kanfalamuuf kan gaafate yoo ta'e,kanneen itti aanan raawwatamuu qaba.
   a) Ragootaa fi beekaa beekumsa addaa jecha ragummaa kennan waamuuf baasii barbaachisaa ni kanfala.

(2) Gareen miidhame beenyaa akka argatu yoo murtaa'eefi abbaa mirgaa ta'e,bu'uura keewwata kana muraa tokkootiin baasiif kisaaraa fi kanfaltii abbaa seerummaa himatamaan akka kanfalu Manni Murtii ni ajaja.

KITAABA SADDEETAFFAA

Abbootiin Seeraa Axibiyaa(Iddoo) Aangoo Abbaa Seerummaa Sirna Gabaabaan Ilaalan

Keewwata 223.Aangoo Abbaa Seerummaa.

(1) Atbia dagniadhimmoota iddoo aangoo isaa keessatti argaman yakkoota xixiqqoo ta'an kan akka arrabsoo,harka darbuu,miidhaa xiqqaa qabeenya namaa irratti dhaqqabsiisuu yookiin hanna tilmaamni qabeenyaa qarshii shan ol hin taane dhimmichi araaraan akka xumuramu yaalii waan danda'u ni taasisa.

(2) Atbia dagniadhimmicha araaraan xumursiisuu yoo hin dandeenye gargaartota lamaan waliin taa'ee(sitting with two assessors) yakkoota xixiqqoo akkanaa falmisiisee murtii kennuu ni danda'a.Adabbii qarshii kudha shan hin caalle murteessuu hin danda'u.Gargaartonnii fi Atbia dagnia murtii kennan jecha tokkoon yoo walii hin galle murtiin Atbia dagniaraawwatiinsa qaba.

(3) Atbia dagniagalmee murtii keessatti kanneen armaan gaditti ibsaman akka barraa'u ni godha:
   b) Maqaa himatamaa;
   c) Yakka himanni dhiyaate;
   d) Ragaa gabaabinaan;
   e) Yaada gargaartonni/assessors/ kennan;
   f) Himatamaa irratti yoo murtaa'e adabbii murtaa'e.

